

**QAACCESSA ERGAA FAARUU HAADHAA GODINA
WALLAGGAA LIXAA**

BIJIGAA KABBADAATIIN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN GUUTTACHUF
QOPHAAYEE YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUUMANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

**FULBAANA 2013/2021
JIMMAA, OROMIYA**

QAACCESSA ERGAA FAARUU HAADHAA GODINA

WALLAGGAA LIXAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN UUTTACHUUF
QOPHAAYEE YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUUMANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

QORATAAN: BIJIGAA KABBADAA

GORSAAN: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GORBITUU AANTEEN :ALAMITUU OLI (PhD)

**FULBAANA, 2013/2021
JIMMAA, OROMIYAA**

YUUNIVARSITII JIMMAA

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu ittiin guuttachuuf Bijigaa Kabbadaatiin Mata duree“Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadhaa Godina Wallagga Lixaa”jedhurratti qophaa’e adeemsa barbaachisu guutee dhiyaateera

Qorataa

Maqaa-----mallattoo-----guyyaa-----

Koree Qormaataa

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsituu Aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa alaa-----mallattoo-----guyyaa-----

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffa (MA)

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyyaa armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii kiyyaa ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhihaatiin ta'uusaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa. .

Maqaa _____

Malltoo _____

Guyyaa _____

Galata

Hunda dura isa addunyaa kana uumee harkaa qabu bu'a bahii jireenyaa koo dandeettiifi obsa naafkennee tola isaatiin kan keessa nadabarsee asiin nagahe Waaqa uumaaf galanni koo guddaadha. Kanatti aansuun kaayyoo qorannoo kootii akkan galmaan gahuuf dadhabbii tokko malee jalqabarraa hanga dhuma qorannoo kanaatti nabira dhaabbachuun kan nawaliin dhama'ee najajjabeessuun gorsa ogummaafi yaada bilchaataa ta'e qorannoo koo kana keessatti gumachaa guddaa naafkennaa kan turan gorsaa koo Dr. Taayyee Guddataaf galanni kiyya guddaa yoo tahu umrii dheeraa Rabbi isiniif haakennun jedhaan. Akkasumas, gorsituu gargaagaartuu koo kan ta'an Dr. Alomituu Olee yaada gama isaaniin eegamu naaf gumaachuun qorannoo kana akkan fiixaan baafadhuuf tumsa isaan naafgodhaniif hedduun isaan galateeffadha.

Itti aansuun hojjetoota waajjira Aadaafi Turzimii godina wallaggaa lixaa keessaa hojjetan hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo barbaachisuu hunda naafkennuun kan nagargaaran galata argadhaan jedhan. Itti dabaluu deeggarsa gama odeeffannoo barbaachisu naafgumaachuun qorannoon kun haala barbaadamuun akka adeemsifamuuf eyyamamoo ta'anii yaada qabaniin nabira kanneen dhaabbatan jaarsolii, beerranifi barsiisotaaf galanni kiyyaa daangaa hinqabu.

Bifuma walfakkaatuun jalqaba mana barumsatti na erguun haawwiin bakka gudda akkan gahuuf jajjabinaafi gorsaa naafkennuun, bakkan amma irratti argamu kanaan deeggarsa barbaachisu gama hundaan naaftaasisuun asiin kan nagahe obboleessakoo Bari Kabbadaa Sadiitiif galanni ani qabu olaanaadha. Akkasumas, haadhakoo deessee naguddistee dabalataanis hanga dandeettii ishii kallattii barbaachisuun gorsaan nacina dhaabbachaa turte haadha koo Dasituu Qixxeessaa Dilbuuf galanni aniqabu daran cimaadha. Dhumarratti waangaarummaa koo malee kan rakkina koo keessi ishee hinjaalanne yeroon qorannoo koo kana hojjedhu deeggarsa barbaachisuu gama yaadaafi barreeffamaan naaftaasisuun kan naa wajjin rakkachaa turte haadha warraakoo Xaayituu Abarraaf galatan qabaaf.

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Galata.....	i
Baafata.....	ii
Jibsoo.....	v
Axeereraa.....	vi
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa qorannichaa.....	4
Gaaffilee Qorannichaa.....	7
1.3. Kaayyoo qorannichaa.....	7
1.3.1. Kaayyoo gooroo.....	7
1.3.2. Kaayyoo gooree.....	7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa qorannichaa.....	8
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	9
1.7. Qindoomina qorannichaa.....	9
1.8. Ibsa bakka qorannichaa.....	10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKII.....	13
2.1. Maalummaa Fookiloorii.....	13
2.2. Faayidaa Fookiloorii.....	14
2.3. Ogafaan.....	15
2.4. Faaruu.....	18
2.5. Faaruu Haadhaa.....	20
2.6. Sakatta'a Qorannoo Walfakii.....	21
2.7. Yaadxina Qorannichaa.....	25
2.7.1. Yaadxina Galumsaa(Contextual theory).....	25
2.7.2. Yaadxina Ijaarsaa.....	25
2.7.3. Yaadxina Tajaajilaa.....	26
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA.....	27

3.1. Saxaxa qorannichaa.....	27
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.....	27
3.3. Madda Ragaalee.....	27
3.3.1. Madda Ragaalee tokkoffaa.....	27
3.3.2. Madda Ragaalee lammaffaa.....	28
3.4. Iddattoo fi Mala iddatteessuu.....	28
3.5. Meeshaalee funaansa ragaa.....	29
3.5.1. Sakatta’a Dookumentii.....	29
3.5.2. Afgaaffii.....	29
3.5.3. Marii Garee.....	30
3.6. Mala Ragaan Ittiin Qaacceffamu, Hiikamuufi Dhiyaatu.....	30
3.7. Naamusa Qorannichaa.....	31
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE QORANNICHAA.....	33
4.1. Ergaa faaruu haadhaa.....	33
4.1.1. Jaalala haadhaaf qaban.....	35
4.1.2. Gara laafina haadhaa.....	37
4.1.3. Jabina ykn cimina haadhaa ibsuuf.....	39
4.1.4. Haadha Jajjabeessuu.....	41
4.2. Faaruu haadhaa namoota akkamiitu dhimma itti baha.....	42
4.2.1. Faayidaa Faaruun haadhaa.....	44
4.2.1.1. Yaaddoo qaban ibsachuuf.....	44
4.2.1.2. Nagaa dhaammachuuf.....	45
4.2.1.3. Haadha duute ittiin yaadachuuf.....	50
4.3. Yoomessa faaruu haadhaa.....	51
4.3.1. Yeroo Hiyyummaaf biyyaa deeman.....	54
4.3.2. Dhiibbaa/cunqursaa baqaaf yammuu biyyaa deeman.....	56
4.3.3. Yeroo Dirree waraanaa jiraatan.....	57
4.3.4. Yammuu Haadha duute yaadatan.....	58
BOQONNAA SHAN: CUUNFA, GUDUUNFAAFI YABOO.....	62
5.1. Cuunfaa(Summary).....	63

5.2.Guduunfaa.....	65
5.3. Yaboo.....	66
WABIILEE.....	69
DABALEEWWAN.....	I
Dabalee A afgaaffii jaarsoliifi beerranii.....	I
Dabalee B qabxiilee marii garee jaarsolii.....	II
Dabalee C afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate.....	III
Dabalee D .guca odeefkennitootaa.....	IV
Dabalee E.suuraa odeefkennitootaa.....	VI
Dabalee F afwalaloowwan faaruu haadhaa qaacefaman.....	vi

Jibsoo

Jechooni tokko tokko haala galumsa isaaniitiin hiika gara garaa qabaachuu danda’u. Jechoo ni armaan gadii qorannoo kana keessatti hiika laatameef kana akka qaban dubbistoonni qorataa kanaaf haahubatan.

Ruurra’uu	garaan guddachuu/garaatti baachuu
Maxxaarra’uu	mixixxa’uu/miixachuu
Cookuu	jala qabuu/irra deddeebii
Gocoo	furdoo/lafa biree
Guuboo	meeshaa midhaan itti naqan/daagujjaa kan itti muran
Habuubbii	meeshaa aannan itti raafamu/ro’oo
Xuwwee	meeshaa nyaata itti bilcheessan
Qumxaa	uffata gabaabduu dhiirri uffatu
Geeshee	gosa mukaa/kan araqeefi farsootti dabalamu
Heennaa	gosa biqilaa
Buttoo	meeshaa ittiin lafa qotan/daggala ciran
Kaabii	awwaala/tuullaa
Didhaa	booree/dirqii
Kootaa	korma/dura deemaa

Axeereraa

Hanga ammaatti qorannoon faarulee dhimma haadhaan walqabatanii jiran irratti gadfageenya gaggeeffame bal'inaan hinjiru. Qorataan kun ergaa faaruu haadhaa godina Wallaggaa Lixaa xiinxaluuf murteesse. Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa qaaccessa ergaa faaruu haadhaa ta'ee akkaataa itti fayyadama afwalaloo faaruu kanaa ilaaluun ergaa akkamii dabarfachuufi yoomessa hawaasichi keessatti dhimma itti bahu haala hawaasa godina kana keessatti argamuun qaaccessuun kaa'ame. Qorannoo kana galmaan gahuu kan danda'u mala qorannoo qulqulleeffataa waanta'eef mala kanaan gadi fageenyaan ragaan deeggaramuun ibsa barbaachisaa waliin odeeffannoon argame qaaceffamee jira. Maddi ragaawwan qorannoo kanaaf ta'us kan qindaa'e hawaasa keessatti odeefkeennitoota jaarsolii, beerranfi barsiisota hubannoo afwalaloo faaruu haadhaa kana beekan 25 irraa odeeffannoo funaanuun mala iddatteessuu akkayyooitti fayyadamuun mala qorannoo akkamtaatti (qualitative) dhimma baheera. Argannoon qorannoo kanaa ergaan faaruu kanaa jaalala haadhaa, gara laafina haadhaa, jabina haadhaafi haadha jajjabeessuu kan ofkeessaa qabu yammuu ta'u, kan namoonni dhimma itti bahaniif ammoo yaaddoo qaban ittiin ibsachuuf, nagaa ittiin dhaammachuuf, haadha duute ittiin yaadachuuf akka oolu bira gahameera. Gama yoomessaan ammoo hiyyummaaf yeroo haadharraa fagaatan, dhiibbaaf yommuu haadharraa fagaatan, yeroo dirree waraanaa jiraatanfi haadha duute yeroo yaadatan akka itti dhimma bahan hubatameera. Yaboon qorannichaas qorannoon faaruu kana irratti dabalataan geggeeffamuu akka qabu, namoonni baratan faaruu kana walitti qabuun bareeffamaan kaa'uu akka qaban, haalli itti fayyadama isaa qoratamee dhalootaaf dabarfamuu akka qabu, namni hunduu akka faaruun kun lafarraa hinbadneef gumaacha irraa eegamu bahuu akka qabuudha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sabni tokko saba biroorraa kan ittiin adda ba’u daangaa biyya keessa jiraatu qabaachuu isaafi fookiloorii isaa kan ittiin beekamu kan mataa isaa niqaba.Fookilooriin isaa kunis dameelee kan akka ogafaani,wanta aadaafi duudhaa hawaasaa kan ofkeessaa qabudha.Isaan kunneenis hawaasichaaf akkaataa barbaachisummaa isaaniitti faayidaa barbaadameef kan oolaniidha.Yaada kana ilaalchisee Hayiluu (1997) yoo ibsu,”Uummanni Oromoo aadaafi duudhaa mataa isaa qaba’’jedha(f.4).Kun kan agarsiisu sabni Oromoo saba biraa irraa addatti bahee kan ittiin beekamu kan mataa isaa qaba.Aadaa uummata Oromoo keessaa aadaan walgargaarsaa,waliin jireenya,fuudhaafi heeruma,uffanna,nyaata,sirbaafi faaruleen yaada ibsachuu isaan beekamaa ta’aniidha.

Kanarraa kan ka’e akkaataafi haalli inni ittiin aadaa isaa kana calaqqisiisu garaagarummaa qaba.Haaluma kanaan Uummanni Oromoo Godina Wallagga Lixaa keessa jiraatus aadaafi duudhaa mataa isaa kan ittiin beekamu qaba.Aadaa naannoo kanaa keessaa aadaan faaruu haadhaan miira ofii ibsachuu isa tokko yommuu ta’u qorataan kunis qorannoo isaa keessatti ibsuuf kallattii qabatee jira.Dabalees uummanni Oromoo rakkoo isa mudatuufi haala jiruuf jireenya isaa keessatti mala dhahaa adeema.Bu’uuruma kanaan hawaasni Oromoo ogafaan isaa jalatti wantoota argaman irratti hundaa’uun jiruuf jireenya isaa gama hundaan geggeeffataa tureera geggeeffataas jira(Madda Waajjira Bulchiinsaa Godina Wallagga Lixaa 2013).

Kanarraa ka’uudhaanis maalummaa aadaa yoo ilaallee aadaan wanta guddaa bal’inaafi hanga isaa safaruun ulfaatu kan waan hedduu ofjalaa qabu ta’uu hubanna.Kana ilaalchisee Zarihun(2005) uummanni aadaa isaatti fayyadamuun naannoo isaatiin walbaruu akka

danda'ulle ibsee jira.Kanaafuu dhalli namaa ogafaan isaatti gargaaramuun mudannoo bu'aa bayii jireenyaa hundaaf furmaata argachuun akka danda'amu ni hubatama.Kanaan walqabsiisuun Aregayifi Dirres(2004) gosa ogafaanii keessaa aadaa yommuu ibsan heera namtolchee qaama naannoo hawaasummaa kan waan hunda hammatu ta'uu ibsanii jiru.Kun kan ibsu dameewwan ogafaan hawaasa tokkoo hawaasicha kallattii adda addaan ibsuu danda'uu isaa garsiisa.Kottaks(2004)itti dabaluu gama isaan aadaa akka ibsutti,"Culture is learned and is passed from one generation to the next" jedha(f.343).Kun kan ibsu,aadaan kan baratamuufi dhalootaa dhaloota dhufuttis kan darbu ta'uu isaa agarsiisa.Kanaafuu aadaan seera jiruufi jireenya gamtaafi dhuunfaa ittiin geggeeffatan kan hawaasichi waliin walirraa barachuudhaan eenyummaa isaa kan ittiin eeggatuufi tursiifatuudha.Gama biraan yaadni kun walitti dhufeenya aadaafi ogafaan waliin qaban kan ifa baasu ta'ee kunis ogafaan afaaniin akkuma dhalootaa dhalootatti haala hawaasa tokkoo dabarsaa deemu aadaanis akkasuma akka ta'e namatti agarsiisa.

Yaada kanatti dabaluu afaan haala jiruuf jireenya,sochii dinagdee hundaaf bu'uurri ogafaan hawaasichaa akka ta'e ibsee jira Zarihun(2005).Falaasamni saba Oromoo kan gama adda addaan jirus kan qilleensa guyyaafi sa'aa keessatti jijjiiramuu fi maddi isaa baay'ee gadi fagoo ta'uun isaa beekamaadha.Haala kanas,Alamaayyoo(1998) akka jedhutti,"Amantiifi falaasamni Oromoo maddisaa amantiifi falaasama kuush duriiti" jedha(f.21).Yaadni kun kan ibsu wantoonni jireenya hawaasaan walqabatani har'a jiran marti kanneen durii kaasanii jiran ta'uu isaatu hubatama.Gabaabumatti xiyyeeffannoon keeyyata kanaa ogafaan falaasamaafi amantii hawaasa tokkoo ofkeessatti kan hammatuufi durii kaasee dhuftee hawaasa tokkoo waliin kan walqabatu akka ta'e yaadi kun adda baasee ibsee jira.

Kanumarraa ka'uun sabni Oromoo aadaa isaa irratti hundaa'uudhaan hariiroo hawaasummaa kunuunfataafi cimsataa dhalootaa dhalootatti dhaalchisatee waliin jiraataa jira.Yaada kanarratti Muhaammed(1986) akka ibsutti,"Hariiroon nama gidduu jiru hariiroo waliin gaarii irratti walgargaaruu kan dantaa wajjin bultii isaanii irratti waliin tumsuu ta'uu qaba" jedha(f.187).Waraabbii armaan oliirraa akka hubatamutti,hariiroo namoota gidduutti uumamuu qabu dantaa gartokkee qofa osoo hintaanee dantaa garlamee kan mirkaneessuu ta'uu qaba.Kun yoo jiraate waliin jireenya hawaasumaafi gamtaa saba Oromoos daran cimaa ta'a.Sabni kunis jiruuf jireenya isaa kallattii hundaan kanneen akka amanti,siyaasaa,

dinagdee,hawaasummaa bifa guutuu ta'een geggeessuuf bu'aa kalaqa mataasaa akka qabu nama hubachiisa.Kanaafuu haala jireenya sabichaa keessatti waliin jireenyi kallattii adda addaan akka jiru yaadichi kan namatti agarsiisuudha.

Haaluma kanaan sabni Oromoo osoo barnoonni ammayyaa hindhufin dura haala jiruufi jireenya isaa sirna Gadaan walqabatee jiru dhalootaa dhalootatti ogafaaniin dabarfataa ture ammas dabarfataa kan jiruufi gara fuulduraattis ogafaan isaan dabarfataa deema jechuudha. Kana jechuun uummanni oromoo osoo sirni barreeffamaa hin eegalin seenaa,aadaafi eenyummaa isaa ibsachaa ture(Alamaayyoo 2009).

Yaada kana hayyoota ragaa bahan keessaa muraasa yoo ilaalle ogafaan osoo sirna barreeffamaatti dhimma bahuun hinjalqabin dura kan tureefi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf kan bu'aa qabuudha.Sababni isaas,ogafaan qabeenya hawaasaa ta'utti dabalee haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisiisuudha.Yaada kana Beekan (2015)falaasamniifi ergaan walfakkaataan ogafaan hunda keessa jiran duudhaawwan nama tokko irraa nama birootti barreeffamaan osoo hintaane gochaafi yaada sammun kan hawaasa tokkoo isa birootti darbaa asgahaniidha jechuun ibseera(f.9).Yaada kanarraa kan hubannu ogafaan hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta'ee kan osoo qaroominni har'aa hindhufin dura yeroo dheeraaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjin ture ta'uu isaati.Barreeffamaafis bu'uurri dubbii afaaniiti.Haala kanaan uummanni Oromoo baroota dheeraaf wantoota barreeffamaan jiran hinqabu ture.Haata'u malee ogafaan isaa dhimmoota jiruufi jireenya isaa keessatti itti gargaaramaa turee jira.

Haaluma walfakkaatuun Bukenyan(1994) akka ibsutti haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasni fuulduratti fuudhee deemuudha.Hawaasni ogafaan isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa,duudhaafi rakkoo jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata.Kana malees,muuxannoo hawaasni durii keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu ogafaaniini.Ogafaan aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa.Ogafaan Oromoo kunis muuxannoofi duudhaa ittiin bulmaata saba Oromoo waan calaqqisiisuuf irra caalmaatti hawaasa hinbaratin(alidilee) fayyaduu irra darbee barattoonni ogummaa afaanii akka gabbifataniif gahee guddaa taphata.

Kanumaan walqabatee ogafaan kunis haala hawaasa tokkoo yeroo ibsu gochaan kan dhiyaatuufi jijjiiramaa kan ta'eedha.Kunis dhaamsi ogafaanii guutummaan guutuutti haala

barbaadameen darbuu akka danda’u,akkasumas,bareedina qabaachuu kan danda’u gochaan kan dhiyaatu yoo ta’eedha.Yaaada kana ilaalchisuun Zarihun(1992) yoo ibsu”**ስነ ቃል ሙሉ ህሊወናወን የሚያገኘው ከነጥበባዊ ሞገሱን እሚገናፀፈውና የተሳታፈዎች ልብነቱ ግብን የሚመታው በፊታቸው ሲከወን ነው።**”jedha(f.25).Yaadni haayyuu kanaas kan ibsu ogafaan gocha malee dhiyaatu ittoo soogidda malee dhiyaatu ykn qophaa’u waliin tokko waanta’eef ogafaan gocha malee kan dhiyaatu yoo ta’e midhagina hinqabaatu.Akkasumas miiraafi qalbii dhaggeeffattootaa harkisuus ta’ee booji’uu hindanda’u.Kanaafuu ergaan barbaadame tokko haalaan akka galma gahuuf yeedaloofi sochii qaamaan dabaalamee yoo hordoftootaaf dhiyaate irra bu’aa qabaachuu nama hubachiisa.

Haaluma kanaan afwalaloowwan hawaasaaf faayidaa kennan keessaa faaruun tokko kan ta’eefi uummata Oromoo biratti bakka guddaa kan qabuudha.Innis yeroo dhimma itti bahamu damee adda addaa ofjalatti kan hammatu ta’ee isaanis faaruu gootaa,faaruu loonii,faaruu ateetee,faaruu haadhaa,faaruu Waaqaa,faaruu dachee isaan muraasadha. Kanneen keessaa kan qorataan irraatti xiyyeeffate faaruu haadhaati.Faaruu kunis dhimmoota waa’ee haadhaan walqabatanii jiraniin walqabsiisuun kan faayidaa irra oolaniidha.Faaruu haadhaa kanas uummatni Oromoo caljedhee kan faarsu osoo hinta’in dhimma faarsuufi yoomessa akkamii keessatti akka faarsu niqaba.Kanaaf Uummanni Oromoo aadaa isaa keessatti rakkoo jireenya hawaasummaa isa mudate kan ittiin ibsatu keessaa tokko faaruu haadhaati.Kunis sababoota jaalala haadhaa,rakkoo adda addaaf yoo ishii irraa fagaatan,yoo ishiin nama jalaa boqotteefi kkf.ittiin yaadaachuuf kan dhimma itt bahaniidha.Haaluma kanaan uummanni Oromoo aadaa isaa keessaa tokko kanta’e kanatti fayyadamuudhaan haala jiruufi jireenya isaa geggeeffataa kan tureefi ammas geggeeffataa kan jiruudha. Kanuma irraa ka’uun qorataan kun faaruu Oromoo keessaa faaruu haadhaa walitti qabuun ergaa isaa qaaccessuun dhiyeessee jira.

1.2.Ka’umsa qorannichaa

Gosoonni faaruu uummanni Oromoo dhimma itti bahu hedduun kan jiran yammuu ta’u,isaan kanneen irrattis qorannoon gama adda addaan adeemsifamee jira.Keessattuu kan akka faaruu loonii,faaruu waaqaa,faaruu gootota adda addaa,faaruu dachee,faaruu ateetee fa’a irratti kan adeemsifamee jiruudha.Kanas gama ergaa,yoomessaafi qabiyyee isaan ilaalamuun qorannoon yeroo adda addaatti irratti adeemsifamee kan jiruudha.Kanaan kan

walqabatu afwalaloon faaruu haadhaa damee faaruu hawaasaaf faayidaa kennu ta'ee innis faayidaa adda addaa kan qabuudha.Haata'u malee akka faaruwwan kanneen biroo qorannoon sadarkaa digirii lammafaatti irratti waanhinadeemsifaminiif jedhamee mata duree kana qabatamee kan ka'ameedha.Faaruu kunis immoo uummata Oromoo biratti bakka guddaa kan qabu yammuu ta'u ummanni kunis faaruu kanatti dhimma bahee waa'ee haadha isaa kaasa.

Kunis kan ta'eef ummati Oromoo yeroo baay'ee haadhaaf iddoo guddaa kennuun beekama. Sababa kanarraa kan ka'e jaalala ykn marartee haadhaaf qabu faaruudhaan ibsachaa tureera ammas ibsachaa jiraachuun isaa beekamaadha.Yaaduma kana ilaalchisuun hayyuun Dirribii(2007) waa'ee haadhaa yoo ibsuu,“Haati daa'ima deessee, nyaachiftee obaafttee, balaa irraa eegdee, dadhabe osoo hinjenne qomaafi dugdatti baattee kan nama guddiftu waan taateef haawasa oromoo biratti jaalalaafi ulfina qabdi”jedha(f.7).Yaadni hayyuu kanaa gaheen haati guddisa daa'imaa irratti qabdu guddaa akka ta'eefi gahee ishee kanaaf ammoo abbaa caalmaatti leellifamuu akka qabdu lafa kaa'a.

Gama biraatiin immoo Okpewhu(1992)waa'ee haadhaa yoo ibsu,“Mather is seen as the source and the seat of all sympathy and support.So, strong is this feeling”(f.159)jedha.Kunis kan ibsu,haati madda waan hundumaa kan taatee fi gargaarsa kan kennitu waan taateef waa'een ishee baay'ee namatti dhaga'ama yaada jedhuudha.Kanaaf waa'een haadhaa kun ammoo yammuu namatti dhagahamu miira ofii kanas faaruu haadhaatiin ibsama.Faaruu haadhaa dhimmoota garagaraatiif kan faarfatuudha.Dhimmoonni kunniinis,yammuu biyyaa fagaatan,yommuu haati nama irraa duute seenaa ishee ittiin yaadachuuf,jaalala haadhaaf qaban ittiin ibsachuuf,akkasumas shamarran yeroo heerumaaf ka'an bifa mararootiin haadha isaaniif seenaa dhaamuuf ta'uu danda'a.

Haata'u malee,uummata Oromoo hedduun isaa yeroo ammaa kana keessaa faaruu haadhaa kanatti waangargaaramaa hinjirreef faaruun kun dhimma maaliif akka faarfamu,ergaa akkami gama siyaasaan,dinagdeefi hawaasumman akka qabu gadi fageenyaan hubachuun dhimma itti bahaa kan hinjirreedha.Sababa kana bu'uura godhachuun qorataan kunis faaruu haadhaa kana gama inni akka dameewwan ogafaan birootti dhimma itti bahamuu danda'utti ergaa isaa qaaccessuun akka dhimma itti bahamu gochuuf jedhee yaadee kan qorannoo kana geggeesseedha.Dabalees,qorannoon adda addaa gosoota faaruu adda addaa irraatti

geggeeffamee kan jiru yommuu ta’u mata duree kanarratti garuu sadarkaa digirii lammaffaatti akka qorataan kun ilaaluuf yaaletti qorannoon gadi fageenyaa waan irratti hingeggeeffaminiif jedhameeti.

Gama biraan qorannoon mata duree kana irratti kallattiin geggeeffames sadarkaa digirii jalqabaa irratti yommuu ta’u innis faaruu haadhaa irratti xiinxala gadi fagoo kan adeemsise miti. Mata duree kanarratti dura sadarkaa digirii jalqabaatti qorannoo adeemsisuuf kan yaale Addunyaa Kabaa yuunivarsiitii Ambootti bara 2003 yommuu ta’uu qorannoo isaa keessatti irra caalaa waa’ee haadhaa ibsuufi afwalaloo faauu haadhaa walitti guuree kaa’uu irratti kan xiyyeeffate ture. Itti dabaluunis sadarkaa digirii lammaffaatti ammoo mata duree kannan walitti hidhata kan qabu kan qorattuun Wubaayyoo Olaanii yuunivarsiitii Addis Ababaatti mata duree Qaaccessa ergaa faaruu haadha deessuu mul’isan kan Aanaa Ada’aa Bargaa irratti adeemsifedha. Qorannoon kunis hanga tokko mata duree kanaan walitti dhufeenya qabaatus garaa garummaan mul’atu hedduu ta’ee argama. Kanaafuu qorataan kunis qorannoowwan ilaale kana qaawwaa inni qabuun fooyyessuuf jedhee gama ergaa, yoomessa, mala qorannoo, saxaxa isaa, madda ragaalee, akkaataa iddatteessuun ilaalee faaruu kana qorannoo kana keessatti gadi fageenyaan xiinxalee kaa’uuf jedhee qorannoo kana adeemsise.

Itti dabaluunis faaruu haadhaa kana ergaan isaa yoomessa akkamii keessatti akka dhimma itti bahamuufi eenyuufi maaliif akka faarfatumu addaan baasuun kaa’uun addummaa qorannoon kun kan kanaan dura qoratame irraa qabu adda baasee kan kaa’eedha. Itti dabalees, ka’umsi qorannoo kanaa faaruun haadhaa godina wallagga lixaa keessatti sababa qaroominaafi amantii irraa ka’uun dagatamaa dhufuu isaa irraa kan ka’e mata duree kanarrattii akkan qorannoo adeemsisuuf nakakaasee jira. Kanuma irraa ka’uun qorataan kun faaruu Oromoo keessaa faaruu haadhaa walitti qabuun qaaccessuun yoomessaafi ergaa faaruu haadhaa akka godina wallagga lixaatti gadi fageenyaan ibsuufi gahee inni gama adda addaan qabu xiinxaluuf qorannoon kun kan adeemsifameedha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii kennuuf yaalee jira. Gaaffileen kunneenis kanneen armaan gadiiti.

Gaaffilee Qorannichaa

- Faaruun haadhaa ergaawwan akkamii qaba?
- Qabiyyeewwan faaruu haadhaa ergaa akkamii dabarsu?
- Faaruun haadhaa namoota akkamiin dhimma itti bahama?
- Faaruun haadhaa yoomessa akkamii keessatti ergaa dabarsuuf faarfama?

1.3. Kaayyoo qorannichaa

Qorannoon kamuu yommuu adeemsifamu kaayyoo mataa isaa qabatee kangegeeffamu yommuu ta'uu qorannoon kunis kaayyoo mataa isaa qabatee kan geggeeffameedha. Kaayyoon qorannoo kanaas kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree jedhamuun kan qoodamee kaa'amee jiruudha.

1.3.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoon gooroo qorannichaa ergaa faaruu haadhaa akka godina wallagga lixaatti Qaaccessuudha.

1.3.2. Kaayyoo gooree

Kaayyoon gooree qorannoon kun qabatee ka'es kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Faaruun haadhaa akka godinichaatti ergaa inni dabarsu adda baasuuf,
- ❖ Qabiyyeewwan faaruu haadhaa akka godina wallagga lixaatti ergaa inni dabarsu adda baasuu,
- ❖ Faaruun haadhaa akka godina wallagga lixaatti namoota akkamiin akka itti dhimma bahamu eeruu,
- ❖ Yoomessa faaruun haadhaa akka godina wallagga lixaa keessatti itti faarfamu adda baasuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Ogafaan kan hawaasni tokko haala jiruufi jireenya isaa, muuxannoofi beekumsa qabu kan ittiin dhalootaaf dabarsu hambaa seenaa ta'ee ammas taanaan gara fuulduraatti darbee jiraachuu kan danda'uudha. Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaas kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Firii qorannoo kanaa muummee barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu yuunivarsiitii Jimmaatiifi waajjira aadaafi tuurizimii godina wallaggaa lixaaf kennuun faaruun haadhaa kun akka hindagatamneef olkaa'uu ykn dokumenti gochuun namoonni biroon akka waa irraa baratan gochuuf nitajaajila.
- ❖ Yeroo ammaa kana addunyaan guyyaa haadhotaa(mother's day) jedhee akka kabaju uummanni oromoos kanaan walqabsiisee itti fayyadama faaru haadhaa haalaan akka hubataniif qorataan kun koppii qorannoo isaa kana barreeffamaan kaa'uun akka namoonni irraa waahubatan gochuuf.
- ❖ Waajjirri Aadaafi Tuurizimii godinichaa ka'umsa godhachuun ogafaan Oromoo godinichaa gadi fageenyaan akka qoratuuf gargaaruu danda'a.
- ❖ Namoonni biroon toora qorannoo kanaa ka'umsa godhatanii qarannoo gadi fageenyaa akka geggeessaniif odeeffannoo dabalataa kennuun gumaacha godha.
- ❖ Guddina qorannoo ogafaan Oromoof gumaacha nigodha.
- ❖ Faaru haadhaa kana gama siyaasaa, dinagdee, seenaafi hawaasummaan xiinxalanii haala uummanni Oromoo keessa turefi keessa jiru agarsiisuuf gahee guddaa qaba.
- ❖ Qorannoon kun qorannoo oguma Oromootiif kallattii fuulduraa kan kaa'uudha.
- ❖ Qorannoon kun aadaafi duudhaan sabichaa akka tursiifamuuf gumaacha godha.
- ❖ Qorannoon kun barnoonni Afaan Oromoo yeroo barsiifamutti afwalaloon keessatti qaaceffame ittiin deeggaranii barnoota akka adeemsifamuuf gumaacha ni qaba.

1.5.Daangaa qorannichaa

Qorannoon kun daangaa mataasaa kan qabu yommuu ta'uu dhimmi qorannoon kun adeemsifameef inni guddaan afwalaloo Oromoo keessaa ergaa faaru haadhaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Sababni faaruun haadhaa irratti daangaheef ammo faaru haadhaa kana irratti qorannoon kallattiin sadarkaa digirii lammaffaati irratti adeemsifame akka qorataan sakkatta'etti waanhinargaminiifi sadarkaa digirii jalqabaatti kan adeemsifames qaawwaa gama adda addaan waanqabuuf isa kana fooyyessuuf yaadameeti. Dabalees gama bakkaan ammoo naannolee Itoophiyaa keessa jiran keessaa naannoo Oromiyaa irratti yoo ta'ee naannoo Oromiyaa keessaa ammoo godinaalee jiran keessaa Godina Wallagga Lixaa qofarratti kan daanga'e ta'a. Itti dabaluunis, malli qorannichaa ibsa akkamtaa waanbu'uureffatuuf ibsaa ta'a. Sababni isaas mala qulqulleeffataa gargaaramuun ragaan namoota irraa sassaabame jechaan kaa'ame waanta'eefi.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu rakkooleen adda addaa gama garagaraan qorataa mudachuun isa hinoolu. Haaluma kanaan qorannoon kun yeroo gaggeefamettis rakkooleen garaagaraa qorataa mudatan jiru. Isaanis: tokkoffaa qorannoo mata duree kanarratti adeemsifaman muraasa ta'uufi lammaffaan ammoo haala yeroon walqabatee naannicha keessa jiruun kan ka'e akka garaatti oliif gadi deemuun odeeffannoo funaanuuf rakkisaa ta'aa ture. Waan kana ta'eef qorataan karaa mana barumsaa isaa haalli akka mijatuuf gafachuun yeroo adda addaatti eyyama fudhachuun fiixa bahiinsa qorannoo kanaaf carraaqqii taasisee jira. Akkasumas yaadrimeewwan gama qorannoo kanaan walqabatanii jiran haala barbaachisummaa isaanii waan hinargaminiif rakkoon gama kanaan jirus qorannoo kana irratti hanqina ta'ee mul'ateera.

Gama biraan ammoo yaadxina qorannoo kanaaf kallattii addaan bahee tajaajilu addaan baafachuun rakkisaa ta'uufi kanneen jiranis hanga muraasa qofa kan tajaajilan ta'anii isaan kanneenis qorataan akkaataa itti siqeenya isaan dhimma bahamee jira. Kanumaan kan walqabatu malleen qorannoo hojii irra oolanis dhiibbaa gama argannoo argatamu irratti dhiibbaa kan uumeedha. Ta'us akkaataa danda'ameen itti adeemuun qorataan qorannoo isaa kan galmaan gahatee jira.

Dabalataanis, gama dhukkuba koroona (COVID-19) wajjin walqabateen akka barbaachisutti socho'ee namootarraa odeeffannoo barbaachisu walitti qabachuuf rakkisaa ta'uun isaa gama biraan mul'atee jira. Gama biraan ugguramuun interneetii bara darbe keessa ture qorannoowwan biroo hojjetamanii qilleensarra (online) jiran sakatta'ee ilaalee hubannoo adda addaa irraa argachuuf gufuu qoratichatti ta'ee argameera. Ta'us qoratichi qorannowwan Afaan Oromootiin hojjetaman muraasa sakatta'uun kanneen mata duree isaan walitti dhufeenya qaban haalaafi adeemsa isaanii ilaaluun ragaalee irraa argaman gargaaramuun qorannicha adeemsisee jira.

1.7. Qindoomina qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee garagaraa kan ofkeessatti hammateedha. Innis qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Godina wallaggaa Lixaa irratti xiyyeeffachuun boqonnaawwan shanitti qoodamuun yaadoleen barbaachisa kan kaa'amanii jiraniidha. Boqonnaa jalqabaa seenduubee, ka'umsa, barbaachisummaa, kaayyoo, daangaa, hanqinafi ibsa bakka qorannichaa

ofkeessatti qabata.Boqonnaa lammaffaa keessatti sakkata'a barruulee,fooklooriifi faayidaasaa,ogafaan,faaru,faaru,faaru haadhaafi yaadxina qorannichaa kan ofkeessatti hammateedha.Boqonnaa sadaffaa keessatti ammoo gosa qorannichaa,iddattoofi mala iddatteessuu,meeshaalee funaansa odeeffannoo(afgaaffii,marii garee,sakatta'a dokumentii), qindaa'ina qorannichaa,qorannichaafaa kan ofkeessaa qabudha.Boqonnaa araffaa keessatti ammoo akkaataa qabiyyeefi ergaan akkasumas akkaataa yoomessa qabatamaarraatti hundaa'een ergaan faaru haadhaan walqabatee darbu,faaruun kun eenyuun akka faarfamu dhiyaatanii jiru.Boqonnaa shanaffaa keessatti yaada cuunfaa,guduunfaafi yaadi furmaataatu kaa'ame.

1.8. Ibsa bakka qorannichaa

Itoophiyaan naannolee kudhan kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u,naannoon Oromiyaa ishee tokko.Argamni ishees 2⁰_12⁰ Kaabaafi 34⁰_44⁰ Bahatti ka argamtuudha.Naannoon kunis godinaalee 18 kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u,godinni wallagga Lixaa isaa keessaa isa tokkodha.Kunis godinaalee wallaggaa keessaa jiran arfan keessaa tokko taatee aanaalee 21 kan ofjalaa qabduudha.Aanaalee kanneen keessaa 19 aanaalee baadiyaa yommuu ta'an 2 ammoo bulchiinsa magaalaa jala kan jiraniidha.Aanaaleen kunneenis gandoota 533 ofjalaa qabu(Waajjira Bulchiinsaa Godina Wallaggaa Lixaa 2008)

Godinni kun bara 1974 Gimbii Awuraajjaa kan jedhamtuufi aanaa 11 tti kan qoodamtee jirtu turte.Itti dabalees godinni kun Oromiyaa lixaatti kan argamtuufi magaalaa guddoo ishii Gimbii kan jedhamtu yeroo ta'u magaalaa guddoo biyyattii Finfinnee irraa kiilomeetira 441 fagaattee kan argamtuudha.Gama daangaa ammoo karaa Kaaba Lixaan naannoo Benishaangul Gumuz, Kibbaan naannoo Gambeellaafi godina Iluu Abbaa Boor, Dhihaan godina Qellem wallaggaan daangofttee kan argamtuudha.

Gama bal'ina lafaatiin immoo bal'inni lafa ishee iskuweer kiilomeetira 13436.5(13436.5 km²) yammuu ta'uu,kana keessaa ammoo %46.57 lafa qonnaa,%80 bosonaan kan uwwifame fi yeroo ammaa kana bosonni kun sababa lafa qonna babal'ifannaaf jedhamee manca'aa kan jiru.Dabalees midhaan gosa adda addaa kan akka boqqolloo,xaafii,qamadii, boobe,ancootee,qoccoofi wkf.achi keessatti bali'naan kan oomishamaniidha.Gama horsiisa horiitiin ammoo horiin kan akka sa'aa,ree,hoollaa,harreefi fardaa duraa duubaan sadarkaa

tokkoo hanga shanii qabatani kan argamaniidha.Haala teessuma lafaan ammoo olka'iinsa sirrii galaanaan meetira 500 olka'iinsa sirrii gaaraan immoo kiilomeetira 2576 gaara Jorgoo Waatoo irraa kan qabdudha.

Dabalees daangaa bishaaniin yammuu ilaalamtu immoo qaama bishaanii lamaan marfamtee kan argamtuudha.Kunis karaa Kaabaan laga Naayil (blue Nile) fi karaa Kibbaan ammo laga Baarootiin marfamtee kan argamtuudha.Laggeen naannoo sanaa gara laga Baarooti yaa'anis laga Birbiriifi laga Hiddaati.

Haaluma kanaan haalli qilleensaa godinni kun keessatti argamtus Baddaa,Badda Dareefi Gammoojjii ta'ee %78.1 haala qilleensaa badda daree,%19.4 haala qilleensaa gammoojiifi %2.5 haala qilleensaa baddaa keessatti kan argamtuudha.Sababa kanaafif haalli ho'iinsa qilleensa ishii giddu galeessaan 15⁰c_25⁰c gudduu kan jiruudha.

Gama baay'ina uummataan immoo baay'ina walii gala godinichaa 1351979 yommuu ta'u, kunis baay'ina uummata naannoo Oromiyaa keessaa %5 kan ta'u kan qabate jechuudha .Kana keessaa dhiirri %49.54 yummuu ta'u,dhalaan ammoo %50.46 ta'anii argamu. Baay'ina uummataa kana keessaa %89.3 baadiyyaa keessa kan jiraatan yammuu ta'an %10.7 ammoo bulchiinsa magaalaa keessa kan jiraataniidha.Kutaaleen hawaasaa sadii godina kana keessatti kan argaman yammuu ta'u isaan kunis Oromoon %76.07,Amaarri %22.4fi maa'oon ammoo %0.86 yammuu ta'an %0.67saboota kanneen biroodha (Waajjira Bulchiinsaa Godina Wallagga Lixaa 2008).

Karaa birran ammo uummanni Oromoo yeroo heddummataa deemetti Oromoon maccaas gosa adda addaa kan akka leeqaa,sibuu,tummee,amuruu,guduruu,noonnoo,jimmaafi wallaggaa jechuun qoodame.Yeroo kana maccaan laga gibe ce'uudhaan gara dhihaa qabatee bal'achuu eegale.Yeroo kana leeqaan karaa kibbaa hanga laga Dhidheessaatti qabate.Sibuun ammoo iddoo yeroo ammaa gara dhiha wallaggaa qabate.Macca keessaa sibuu naanolee akka Najjoo,Boojii,Jaarsoo,Gimbii,Ayiraafi wkf.naannoo dhiha wallaggaa keessa qabate. Gama biraan hawaasni godina kana keessa jiraatan saba bal'aa kan ta'e hundeen isaa saba Oromoo ta'us bara weerara sirna nafxanyaa keessa saboonni biroo kanneen akka Tigiree, Amaaraa,Guraagee muraasnifi kanneen biroon godinicha keessa qabatani jiru.Gaa'elaafi michooma garagaraadhaan saba oromoo waliin makamanii hanga har'aatti jiraataa jiru.

Itti dabaluuinis hawaasni naannoo kana keessa jiraatus gama amantiin dura osoo amantiin kiristaanaa ykn isilaamaa hinfudhatin dura amanti haala achii as dhufa(aadaan) amanti mataasaa qaba ture. Amantiin isaa kunis humna qabeessa kan ta'e Waaqaa ykn Waaqayyoo jedhee amanata ture. Yeroo ammaa garuuhawaasni godina kanaa amanti isaan hordofan akka ragaan waajjira aadaafi tuurizimii ibsutti, %37.28 pirooteestaantii, %44.03 Ortodoksii, %1.1 kaatolikifi %16.88 muusiliima jechuun ibsamee jira (Waajjira bulchiinsaa Godina Wallaggaa Lixaa 2013).

Haaluma kanaan qorannoon kunis kan adeemsifame Godina wallagga Lixaa kana irrattidha. Akkuma hawaasa naannoo Oromiyaa kamiyyuu hawaasni Godina kanaa haalli jireenya hawaasummaa isaa yeroo gaddaas ta'ee yeroo gammachuu waliif birmachuufi waliin hirmaachuun aadaa isaa yeroo dheeraati. Aadaa ummata kanaa keessaa kan akka aadaa walgargaarsaa, aadaa nyaataaf uffataafi kanneen biroo kan qabuudha. Kanatti dabaluuinis duudhaa mataa isaa kan qabu yommuu ta'uu kanneen keessaa yeroo namni tokko boqotu boo'anii walawwaaluufi achi keessattis nama gadde sana jajjabeessuu akka naannichaatti isa beekamaadha.

Haaluma kanaan ogafaan isaa keessaas afwalaloo faaruu haadhaatti dhimma bahuun ergaa barbaade dabarfataa kan tureefi yeroo ammaas namoonni muraasni kan ittiin dabarfataa jiranidha. Bu'uuruma kanaan qorataan kunis faaruu dhimma haadhaa ilaalchisuun godina kana keessa jiran gama ergaa isaan xiinxaluuf qorannoo kana adeemsisee jira.



Kaartaa 1.kaartaa godina wallaggaa lixaa toora intarneetii irraa fudhatame.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKII

Boqonnaa kana jalattimaalummaa fookiloorii,faayidaa isaa,gosoota isaa,ogafaaniifi gosoota isaa,faaruufi gosoota isaa keessaa faaruu haadhaa ilaalchisee kitaabilee adda addaafi qorannoon dhimma kana irratti hojjetaman iddoottisakatta’amanii dhiyaataniidha.

2.1. Maalummaa Fookiloorii

Ummanni kamiyyuu achii as dhufa isaa keessatti haala jiruuf jireenyaa isaa akkaataa itti adeemsifatuufi dhaloota boodaaf dabarsaa deemu kan mataasaa kan qabuudha.Kana keessaa ammoo fookilooriin isa tokkoofi bu'aa olaanaa saba tokkoof kan buusuudha.Haaluma kanaan fookilooriin oromoo saba oromoof faayidaa hedduu kan qabu yommuu ta'u ummatichis fookiloorii isaa keessaan goree haala jiruufi jireennyaa dura keessa ture ibsataa asgahe.

Kanuumaan walqabsiisuun maalummaa fookiloorii kanaas hayyoonni yeroo adda addaatti qoratani kaa'an ibsa garagaraa itti kennanii jiru.Ta'us yaanni isaanii hedduu kan walirra fagaatu miti.Isaan keessaa akka fakkeenyaatti yoo ilaalle,Mangasha(1992) fookiloorii yoo ibsu,“The Oromo folklore oral tradition,music art and particularly proverbs and sayings has given this notion a sense of identity and common heritage.It becomes the way they see, understand,interpret the world,express their belief and values about it”jedha(f.11-12).

Akka yaada kanaatti fookilooriin Oromoo ilaalcha hawaasafi hubannaa isaanii,akkaataa Oromoon addunyaa itti ibsu,sonaafi amantii qaban ittiin ibsatan mara hammata.Fookilooriin wantoota afaaniin darban,muuziqaa,oguma,keessumattuu mammaaksaafi jechamootni yaada,miira,eenyummaafi hambaa seenaa akka ibsaniidha.Salphumatti kanarraa kan hubatamu,jiruuf jireenya hawaasaan kanneen walqabatan hundaafi ilaalcha hawaasni addunyaaf qabu ibsuuf guutuu ta'uu isaatu hubatama.

Karaa birootiinis,duudhaa hawaasaa Melakneh(2006)yoo ibsu,“Social folk custom is a group interaction,observences,birth,rtuals initiations,marriage and burial ceremonies,secular and religious festival”jedha(f.8).Kana jechuun fookilooriin duudhaa hawaasaa,walitti dhufeenya garee hawaasaa,guyyaa dhalootaa,sirna raawwii fuudhaaf heerumaafi raawwii sirna awwaalchaafi kabaja ayyaanota amantii of keessatti qabata.Dhalli namaa barreeffamaan

ofibsuu osoo hinjalqabin dura ogafaan ykn fookilooriin ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture (Asaffaa 2009).Kun kan nama hubachiisu osoo qaroominni har'aa kun hindhufiniyyuu dhalli namaa yaada/miira isaa fookiloorii isaan qixa sirriin akka dabarfataa ture addeessa.

Kana malees fookilooriin sabni tokko haala jiruufi jireenya isaa maraa fi ilaalcha addunyaa keessa jiruuf qabu ogafaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha.Karaa biraatiin, fookilooriin calaqqee aadaati(Dundes,1965).Kanarraa wanti hubatamu hiika fookiloorii ilaalchisee hayyootaan irratti kan waliigalamee fi dirree qorannoo jiran hunda kan hammachiisuufi tokko taasisu akka hinjirreedha.Kanarraa ka'uun qorattoonni dirree qorannoo kanaa hiika fookilooriif kennuu caalaa wantoota fookilooriin of keessatti hammatu tarreessu.Hayyoota fookiloorii kanneen keessaa Simsfi Stephens(2005) fookiloorii yoo ibsan, fookilooriin karaa alidileetiin waa'ee addunyaa mataa ofii,hawaasichaa,amantii,aadaa, duudhaa ofii jechuun muuziqaan,gochaan,barsiifataan beekumsa waliin baratamu akka ta'e addeessanii jiru.Ibsa isaanii kanarraa wanta hubatamuu danda'u duudhaa karaa hawaasni dhalootaa dhalootatti bararraa baratti kan afaaniin daddarbee fi barsiifata amantii aadaa kamiyyuu fookiloorii ta'uu isaati.

2.2. Faayidaa Fookiloorii

Faayidaa fookilooriin hawaasa tokko keessatti kennu hedduudha.Dhuftee jireenya hawaasa tokkoo keessatti wantoota jireenya hawaasichaan walqabatani turaniifi ammas jiran hammatee dhalootatti kan darbuudha.Haaluma kanaan kan walqabatu fookilooriin akka Dorsan(1972)ibsutti ummata madda seenaa barreefamaa qabu birattis akka meeshaa sirna siyaasaa,artii,barnootaa,diinagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila.Akkasumas gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba jechuun ibsa.Yaadni isaa kunis jiruufi jireenyi hawaasa kamiyyuu fookiloorii isaa irraa addaan bahee ibsamuu akka hindandeenyeefi faayidaan fookiloorii haala salphaan ibsamee bira darbamuu akka hindandeenye hubachiisa.

Haaluma kanaan Dundes(1965) faayidaa fookiloorii yoo ibsu,fookilooriin kallattii afuriin faayidaa qaba.Kunis gama bashannansiisuun,aadaa dhugoomsuun,barsiisuufi aadaa dhaloota dhufuuf eeganii dabarsuuf faayidaa qaba jedha.Yaada kanarraas kan hubatamu faayidaan fookiloorii walqabataa akka ta'eefi jireenya hawaasaa keessatti fookilooriin osoo

bashannansiisuu barsiisa,waan aadaa keessa jiru tokko dhugoomsaa aadaa sana ammoo dhaloota itti aanuuf dabarsuu kan danda’u ta’uu isaatu addatti hubatama.

Gabaabumatti,yaadota armaan olii irraa wanti hubatamu fookilooriin wantoota jireenya hawaasaatiin walqabatani jiraniif tumsa guddaa kenna.Kana jechuun fookilooriin jiruuf jireenya hawaasa aadaa tokko qaban biratti falaasamaafi haala jireenya hawaasa ibsuurratti humna guddaa kan qabuufi bu’uura jireenya hawaasichaa kan ta’eedha.

Gama biraan ammo fookilooriin qabeenya hawaasaa ta’ee tajaajilu kunis namoota adda addaan qoratamee gosa garagaraa akka ofjalaa qabutti kaa’amu.Isaan keessaa hayyuun Dorsan(1972)gosoota fookiloorii yoo ibsu,fookilooriin dameewwan adda addaa kan ofjalaa qabuufi isaan keessaa ogafaan tokko ta’uu lafa kaa’a.Ogafaan kunis gama isaan afwalaloowwan garagaraa kan ofjalatti hammatee jiruudha.Afwalaloowwan hawaasaa kanneen keessaa ammoo faaruleen dhimma haadhaa irratti jaalalaafi miira gama isheen namatti dhagahame kan ittiin baasanii ibsataniidha.Kanaafuu faaruwwan keessaa faaruun haadhaa gosoota ogafaanii jiran keessaa afwalaloo keessatti kan ilalamuudha.Sababni isaas faaruun haadhaa bifa walaloon kan qindaa’ee dhiyaatuu fi afaaniin kan darbu waanta’eefi.

Haaluma walfakkaatuun fookilooriin haala jireenya hawaasaan kanneen walqabatan kanneen akka hawaasummaa,meeshaalee aadaa,kalaqaafi akkaataa itti amantii ibsatan kan hawaasa hinbaratinii ibsuuf bu’aa qabaachuu isaa beekamaadha.Walumaa galatti,faayidaan fookiloorii hedduu yommuu ta’u dameelee isaa keessaa afwalaloon faaru haadhaa ogafaan jalatti waanilalaamuuf ogafaan armaan gaditti hamma muraasa ta’e ibsamuuf yaalamee jira.

2.3. Ogafaan

Ogafaan damee fookiloorii keessaa tokko kan ta’eefi kalaqa dhala namaa keessaa tokko kan ta’eedha.HayyuunWaterman(1949) fookilooriin ogafaan ofkeessatti akka hammatu yoo ibsuu,“Aform of art comprising different types of stories,proverbs,sayingsspells,songs, incantations and other formulas which employ spoken language as their medium” jedha(f.1).Akka yaada waraabbii kanaatti ogafaan akaakuwwan aartii kanneen akka durdurii,mammaaksaa,sirbaa,jechoota humna cimaa qabaniifi afaan dubbii adda addaatti fayyadamuuti.Akkasumas,ogummaa dubbii afaaniitiin yeedaloon kennamee yookaan otoo hinkennamin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaarratti kan

xiyyeeffatuudha. Jechoota bu'uura godhatee, afseenaan, afwalaloon, hibboon, dubbii haalawaa, mammaaksafi k.k.f dhalootaa dhalootatti kan darbu damee fookiloorii keessaa ogafaan isa tokkoodha

Gama biraatiin Finnegan(1976) waa'ee ogafaanii yoo ibsitu, "Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product" jetti(f.24). Yaada kanarraa kan hubannu ogafaan aadaafi haala jireenya saba tokkoo kan ibsu ta'uu isaati. Kunis ogafaan haala jiruuf jireenya hawaasaa guyya guyyaa keessatti iddoo guddaa kan qabuufi aadaa hawaasichaatti lubbuu kan horu ta'uu isaa nuhubachiisa.

Itti dabaluunis Okpewho(1992) gama isaatiin ogafaan yoo hiiku, "It is simply means literature delivered by a word of mouth" jechuun ibsa(f.3). Ibsa kanarraa gabaabumatti ogafaan ogbarruu afaanii dhalootaa dhalootatti darbu ta'uu hubanna. Kana malees ogafaan qabeenya hawaasaa waa'ee hawaasa tokkoo afaaniin dhaloota itti aanuuf dabarsuudha. Haala walfakkaatuun Fiqaadeen(1991) Ogafaan afaaniin kan darbu ta'ee wantoota akka makmaaksaa, afseena, raagoo, afwalaloo, hiiiboo, durdurii faaruuwaniifi kankanafakkaatu akka ofkeessatti hammatu ta'uu ibsee jira. Bu'uura kanaan ogafaan miidhagina gonfatee jechootaan qindaa'ee afaaniin kan dhiyaatu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Kana malees ogafaan afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf jijjiiramni irratti mul'achuu danda'a. Yaada kana ilaalchisuun Finnegan (1976) yoo ibsitu "There are also the cases when the performer introduce variation an older pieces of even totally new forms in terms of the detailed word in structure or the content" jetti (f.7). Kunis kan ibsu ogafaan dhalootaa dhalootatti kan darbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e jijjiiramni irratti mul'achuu danda'a. Jijjiiramni irratti mul'atus hawaasni tokko qarooma isaa keessatti aadaa, amantiifi siyaasa isaa dagaagfachuuf ogafaaniin dhimma bahaa ture ammas sanumaan dhimma bahaa jira.

Gama biraan ogafaan akka Melakneh (2006) ibsutti "Oral literature refers to verbal heritage of mankind transmitted from generation to generation by word of mouth" jedha(f.3). Kana jechuun ogafaan meeshaa dhalli namaa dhaamsa yookaan seenaa dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsu ta'uu isaa hubachiisa.

Dabalees,faayidaa isaa Geetaachoo(2009)yoo ibsu,“Ogafaan faayidaalee heddu qaba.Isaan keessaa:aara itti galfachuuf,ittiin bashannanuuf,akkasumas aadaa,duudhaa,seena,amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa.Kanamalees,ogbarruufis madda”jedha(f.141).Akkuma yaada armaan oliirraa hubatamutti ogafaan bashannansiisuufis,seenaafi duudhaa hawaasa barsiisuufis akkasuma immoo darbee ogbarruu ammayyaatiifis bu’uura yookaan ka’umsa ta’uusaa ifatti mul’ata.Ogafaan kunis akkaataa dhimma itti bahamuufi qorachuun danda'amuun qooduun barbaachisaadha.

Qoqqooddii isaa kanarratti hayyoonni yaada adda addaa dhiyeessu.Ta’us,ogafaan qoqqooduuf hayyoonni adda addaa ulaagaa unkaa,ulaagaa haala raawwii,ulaagaa qabiyyeefi ulaagaa faayidaatti dhimma bahu.Kunis haala salphaan ogafaan qoodanii qorachuuf bu’aa waan qabuufi.Finnegan(1970) gama isheetiin waa’ee gosoota ogafaanii yeroo ibsitu,Ogafaan dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda’amu yoota’u,inni tokko kan hawwatan ta’anii dubbiidhaan yookan hololaan kan darban,inni lammataa immoo bifa walaloofi yedaloodhaan dhiyaachuu kan danda’uudha jetti(f.12).Akka yaada kanaatti,ogafaan bifa dubbii guyya guyyaan dhiyaatanii dhimma itti bahaman kan jiranii fi bifa walaloo muuziqaa qabuun ykn sagalee bareedaan qindaa'uun dhimma barbaadamaniif kanneen oolan akka jiran nama hubachiisa.

Gama biraatiin Okpewho (1992) ogafaan afriikaa qorachuun akka qoodetti.Ogafaan afriikaa bifa muuziqaafi do’iin gosoota fookilorii raawwii jala galan jechuun bakka saditti kan hiru yoota’u, sirbootaafi jechamoota, raagoofi kanneen cimina sammuu mul’isan jechuun qooda. Bu’uura kanaan ogafaan bakka saditti qooduun isaanis:afseena,qareeyyiifi afwalaloo jechuun qoodee kaa’ee jira(f.127-290).Qareeyyiin gosa ogafaanii haala gabaabaa ta’een qophaa’ee sammuu namaa qaruuf fayyaduudha.Dabalees waan walxaxaa ta’e haala salphaan dabarsuun sammuu namaa bal’isee akka yaadu kan godhuudha.Qareeyyiin kunneenis kanneen akka mammaaksaa,hibboo,jechamaa,ciigoofi arrabqareeyyii fa’a hammata. Afseenaan ammoo seenaa namootaa, bineensotaa,waa’ee uumama adda addaa seenessuu ilaallata.Akka Finnegan(1970) jettutti afseena qoqqooduuf haalaa fi ilaalcha hawaasichaa bu’uureffachuun mala baay’ee murteessaa akka ta’etti keessi.Haata’u malee qabiyyee giddu galeeffachuun qooduun waan fooyya’aadha.Qabiyyee kunis:oduu durii,raagamtaa,sheekkoo, himiinsa gootota,himiinsa ijoolleefi qoosaadha.

Afwalaloon ammoo gosa ogafaanii keessaa tokko ta'ee bifa walaloon qindeeffamee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbuufi qabeenyummaan isaa kan hawaasaati. Afwalaloon kunis yoomessa isaafi tajaajila isaa irratti hundaa'uun dameewwan garagaraa ofjalaa qaba. Dameewwan isaa kunis kan akka geerarsa, faaruu, eebbaa/abaarsaa, weedduu, tapha ijoollee fikkf. ofjalaa qaba. Dalataanis, maalummaa afwalaloo kana ilaalchisee Feqaade (1991) yoo ibsu, afwalaloo jechuun yeroo baay'ee bifa muuziqaa qabaatee bareedina gonfachuun haala duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu jechuun hiika. Yaada armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu afwalaloon bifa miidhagina qabuun duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu qabeenya hawaasaa akka ta'eedha. Kana jechuun immoo afwalaloon aadaafi safuu hawaasaa haala nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu isaati. Afwalaloonakkuma seenaffamootaa aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha (Fedhasaa 2013)

Gama biraan Finnegan (1977) afwalalooyoo ibsitee jirti (f.17). Afwalaloon osoo bashannansiisuu barsiisuu ykn ergaa tokko utuu dabarsuu ergaa kan biraa duukaa dabarsuu danda'a jechuudha. Afwalaloon daawwitii beekumsiifi falaasamni hawaasa tokkoo keessatti mul'atuufi kan dhaloota irraa dhalootatti ittiin darbu qabeenya uummataati. Walumaagalatti, uummanni Oromoo afwalaloo isaatti dhimma bahuun waan keessa isaatti dhagahame yookiin keessa darbe dhageessifachuuf yookiin aarii garaa isaa baafachuuf kan itti gargaaramuudha.

2.4. Faaruu

Faaruu gosoota afwalaloo keessaa uummanni haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatuudha. Faaruun kunis nama dhuunfaatiin yookaan gareen kan faarfamu ta'ee, haala gara garaa keessatti kan namoonni waan keessa isaaniitti dhaga'ame ittiin ibsataniidha. Kanuma ilaalchisuun Okpewhu (1992) waa'ee faaruu yoo ibsu, "Praise is performed in variety of circumstances either by the subject of the praise or by someone else attached to the subject who may enjoy some patronage or employment by the subject" jedha (f.142). Yaadni hayyuu kanaas kan ibsu faaruun kan raawwatu haala ta'e keessatti abbaa faaruu sanaatiin yookaan nama biraatiin nama gadde tokko jajjabeessuuf faarfatamuu danda'a. Kana jechuun faaruun abbumti gaddi itti dhagahame mataa isaatiin kan ittiin ofjajjabeessuuf faarsu ykn namni biraan nama gadde jajjabeessuuf kan faarsuudha yaada jedhu qaba. Jechuun bifa walaloon

waan qindaa'ee dhiyaatuuf filannoo jechootaafi kuufama yaadaa ofkeessaa qabuun hedduu nama kan hawwatu ta'uu ibsa. Yaada kanaan kan walqabatu Zarihun (2000) faaruun durii kaasee kan tureefi haala jiruuf jireenya hawaasaa keessattuu gaddaafi gammachuu, Amantii, hawwiifi fedhiin, mudannoo isaanii haala adda addaan faaruun ibsachaa akka turan addeessa (f.73).

Dabalataanis, Okpewhu (1992) waa'ee faaruu yoo ibsu, "The theme of praise is to certain extent similar to that of love for both sentiments are fundamentally based on feeling of admiration for a person or an object" jedha (f.142). Yaada kana irraa wanti hubatamu ergaan faaruu tokkoo qabiyyee faaruu sanaa irratti hundaa'ee kan akka jaalalaa waan keessa namaatti dhaga'ame irratti kan hundaa'uudha. Dabalataan kanarraa kan hubatamu miira namaarratti kan hundaa'u ta'ee, ergaan isaas qabiyyeesaarratti hundaa'ee kan hubatamu ta'uusaa ibsa. Yaaduma kana deeggaruun Eshete (2007) faaruu yoo ibsu "praise where often repeated by bards with little change from one occasion to the next and there seems to have been a conscious effort to preserve the exact words of the text" jedha (f.89). Yaada armaan olii kanarraas wanti hubatamu faaruun irra deddebi'amee kan jedhamu haala ta'e keessatti kan jijjiramu jechoota ciccimmoo ta'aniin kan ibsamuudha. Jechuun bifa walaloon qindaa'ee waan dhiyaatuuf filannoo jechootaafi kuufama yaadaa of keessaa qabuun hedduu kan nama hawwatu ta'uu ibsa.

Faayidaan faaruu kanaas hawaasni tokko waan keessa isaatti dhaga'ame gaddaf gammachu, ariifi kkf. ittiin ibsaachuuf kan gargaaruudha. Yaaduma kana ilaalchisuun Misgaanuun (2011) yoo ibsu, "Faaruun karaalee nuyi ittiin waan keessa keenyatti kuufame futtaaffannuudha" jedha (f.72). Kana jechuun miira keessa keenyatti wanta dhagahame karaa ittiin baasnee ibsinu keessaa tokko ta'uusaa ibsa. Gama ishiin Finnegan (1970) faayidaa faaruu yoo ibsitu, "songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion" jedha (f.270). Yaadni armaan olii kunis kan ibsu faaruun waan haala yeroo keessatti ta'u gabaasuufi yaada irratti kennuuf, dhiibbaa siyaasaa namarra gahe ittiin ibsachuuf, akkasumas, yaada hawaasaa ittiin calaqqisiisuuf yookaan ibsuuf kan gargaaruudha. Gabaabumatti yaadi kun faaruun karaa ittiin yaada hawaasaa ta'ee kan nama dhuunfaa gama barbaadameen ittiin baasanii mul'isan ta'uusaa hubachiisa.

Kunis waanfaarfatumu sana miira ofiitti waandhagahame kan baasanii ittiin ibsan ta'uu ibsa. Haaluma walfakkaatuun faaruun tajaajila kennu kunis gosoota hedduu kan qabu yoota'u isaan keessaa kan akka faaruu waaqaa, ateetee, faaruu amantii, faaruu haadhaa, faaruu jaalalaa, faaruu urursa daa'immanii, faaruu asmaarii, faaruu mootota darbanii, faaruu goototaa, faaruu l oonii fa'a (Misgaanuu 2011). Marti isaanituu yoomessaafi hirmaattota mataa isaanii qabu. Kanneen keessaa faaruun haadhaa bakka waa'een haadhaa itti faarfamuu danda'uufi dhimm a itti bahamuu barbaadame kamittuu kan faarfamuudha. Xiyyeeffannoon waraqaa qorannoo kanaa ergaa faaruu haadhaa qaaccessuu waan ta'eef waa'een faaruu haadhaa armaan gaditti hanga tokko ibsamuuf yaalame jira.

2.5. Faaruu Haadhaa

Faaruu haadhaa gosa faaruu oromoo keessaa tokko ta'ee hawaasa oromoo biratti beekamaafi jaallatamaa kan ta'eedha. Ummatni oromoo kabajaafi jaalala haadha isaatiif qabu faaruudhaan ibsachaa kantureefi ammas ittiin ibsataa kan jiruudha. Kanuma irraa ka'uun faaruu haadhaa jechuun waa'ee haadhaa ilaalchisee waan keessa ofiitti dhaga'ame akkasumas jalaala haadhaaf qaban karaa ittiin ibsatan keessaa tokko jechuudha.

Yaada kanaan walqabsiisuun hayyuun Sumner (1997) waa'ee jaalala haadhaa yommuu ibsu, "The girls departure from her mother for marriage is the occasion for many songs lamenting this event usually the girls herself screams her complaint for lineage" jedha (f.34). Yaadni armaan olii kunis kan ibsu durboonni oromoo yeroo heerumaaf ka'an boohaa haadhasaaniif seenaan dhaaman sababii haadhasaaniifi qomoosaaniirraa adda bahaniif.

Gama biraan, uummata Oromoo keessatti ilaalcha gama haadhaafi abbaatiin jiru irratti garaagarummaan ni mul'ata. Keessumattuu yeroo baay'ee ijoolleen abbaa isaanii irra haadha isaanii caalchifatu. Yaaduma kana ilaalchisuun Okpewho (1992) yoo ibsu, "for whom there is a much deeper feeling of attachment mother than father" jedha (158). Yaanni armaan olii kunis kan ibsu enyu iyyuu abbaasaarra haadha isaa caalchifata. Akkasumas waa'ee haadha isaatu caalmaatti itti dhaga'ama. Yaada kana kan jabeessu Maammoo (2002) waa'ee haadha yemmuu ibsu, "Sanyiin tokko ofii baddee sanyii ishee haaraa uumuuf akka of dabarsitu haati garaatti baattee ciniinsifattee da'uun qaama ishee kan ta'e harma hoosisuun itti fufiinsa ilmaan namaaf dirqama uumamaan irraa eegamu ba'uu dandeessi" jedha (f.159). Kana keessattis kan ifee jiru gaheen haadhaa hanga lubbuu kennuutti akka ta'eedha. Faaruun

haadhaa kunis caljedhamee kan faarfamu osoo hinta'in haalaafi yeroo murta'ee keessatti kan faarfatamuudha. Yaada kana ilaalchisuun Eshete(2007)waa'ee faaruu haadhaa yommuu ibsu, "Mother praise performance can occur nor merely by certain action is unique to the context of a particular situation" jedha(f.37). Yaadni hayyuu kanaas kan ibsu faaruun haadhaa kan raawwatamu gochaan osoo hinta'in haalaafi yeroo ta'e keessatti waa'ee haadhaa ilaalchisee waan keessa namaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Dabalees, asirraa wanti hubatamu faaruun haadhaa yoomessa barbaadame keessatti waa'ee haadhaan walqabatee waankeessa namaatti dhagahame kan ittiin baasanii ibsan ta'uu agarsiisa.

Itti dabaluunis faaruun haadhaa Kun haalaafi yeroo keessatti sababa adda addaatiif namoota garagaraatiin kan faarfatamu ta'ee kallattii geerarsaafi mararootiin mul'achuu danda'a. Kaayyoo faaruu haadhaa kana ilaalchisuun Eshete(2007) yommuu ibsu, faaruun haadhaa kaayyoo gurguddaa lamaaf faarfatama jedha. Kaayyoowwan kunneenis, "Those addressed to the beloved women especially a girl in hope of marriage and to women loved and admired from a far whom to poet has seen once and wishes to see once again" jedha(f.37). Yaadni waraabbii kunis kan agarsiisu namoonni haadhasaanii kan faarsaniif shamarran yeroo heerumaaf ka'an jaalala haadhasaaniif qaban ibsachuufi akkasumas, namoonni sababa adda addaatiin biyyarraa fagaatanii yeroo jiraatan haadhasaanii yaaduu irraa kan ka'e yeroo itti faaruun jaalala haadhasaaniif qaban ibsataniidha. Gama biraan faaruleen gama adda addaan jiran kanneen irratti qorannoon yeroo adda addaatti irratti adeemsifamee jira. Kanas namoonni gama isaanii mijateen qoratani kaa'anii jiru.

Walumaagalatti yaadolee armaan oliirraa akka hubatamutti faaruun haadhaa kaayyoo mataa isaa qabatee ergaa barbaadame yoomessa adda addaa keessatti ittiin dabarsuuf kan tajaajila adda addaa irra oolu ta'uu isaatu hubatama.

2.6. Sakatta'a Qorannoo Walfakii

Barreeffamoonniifi qorannoowwan hundi mata duree kamiyyuu wajjin walitti dhufeenya qabu jechuu miti. Kanaaf, qorannoowwan mata duree ofii wajjin walitti dhufeenya qaban adda baasuun gahee qorataati. Kana jechuun ammoo qorannoon mata duree qorannoo aantee hinqabne, garuu kanaan dura qorannoon irratti hingeggeeffamne irratti qorannoo geggeessuun hindanda'amu jechuu miti jedha (Filee 2019). Yaada kanarraa akka hubannutti

mata duree qorannoo keenya wajjin walitti dhufeenya hinqabne yookaan mata duree haaraa irratti qorannoon akka geggeeffamuu danda'us nuhubachiisa..

Haaluma kanaan qorannoowwan kanaan dura mata duree kanarratti hojjetamaniifi walitti dhiyeenya qaban iddoo itti sakatta'amanii dhiyaataniidha.Dabalees qorannoowwan kanaan dura geggeeffaman cimsuuf,qaawwa inni qabu duuchuuf deemuufi daangaa isaa mul'isanii iddoo itti kaa'amaniidha.Kunis qabxiwwan ka'an falmisiisuu,morkisiisuufi dorgomsiiisuu ilaallata.

Kanarratti hundaa'uun qorannoowwan kanaan dura mata duree kanarratti adeemsifaman keessaa yuunivarsitii Ambootti Addunyaa Kabaatiin bara 2003 digirii jalqabaa guuttachuuf qorannoo kana kan deeggaru ergaa faaruu haadhaa godina qellem wallaggaa aanaa daallee sadii irratti geggeesseen yoo ilaalamu walitti dhufeenyaafi garaagarummaas ni qabu.Kana ilaaluunis gabbinaafi amanamummaa qorannoo kanaa cimsa.Qorannoon isaa kunis irra caalaa xiyyeeffannoon isaa waa'ee garagarummaa koorniyaa,waa'ee jaalala haadhaafi faaruwwan walitti guuranii dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffatuudha.Haata'u malee,qorannoon kun yaada isaa hanga tokko of keessaa qabaatus kan inni irratti xiyyeeffatu xiinxala ergaa faaruu haadhaa yoomessa isaafi qaama ergaa ittiin dabarfatan irratti kan xiyyeeffatuudha.

Walfakkeenya Qorannoo Addunyaafi Qorannoo Kanaa

Qorannoowwan lamaanuu keessatti faaruun haadhaa ummata oromoo keessaa funaaname ibsamee jira.Qorannoowwan lamaanuu keessatti faaruwwan haadhaa funaanaman dhimmoota hawaasa oromoo biratti gama haadhaan jiraniifi xiyyeeffannoo namoota gidduu jiru kan ibsaniidha.Qorannoon lamaanuu oromoon jaalala haadhaaf qabu agarsiisa.Faaruu haadhaa maaliif akka faarfatamu ni ibsa.Lamaanuu sadarkaa guddina Afaan Oromoofi ogafaan oromoo ni tarkaanfachiisa.Qorannoowwan lamaanuu namoota mata duree kana irratti qorachuu barbaadaniif karaa saaqa.

Garaagarummaa Qorannoo Addunyaafi qorannoo Kanaa

Qorannoon Kun gadi fageenyaan ergaa faaruu haadhaa qaaccessuu irratti xiyyeeffachuun Kan ibse yoo ta'u,qorannoon Addunyaa garuu harka caalaa waa'ee haadhaa kan ibsuufi afwalaloo faaruu haadhaa tarreessuurratti kan xiyyeeffateedha.Qorannoon Kun qabiyyee faaruu haadhaa gama adda addaan ykn yoomessa adda addaa keessatti ilaaluun kan ibse yoo ta'u, qorannoon Addunyaa garuu ibsa gadi fageenyaa Kan hin kennineedha.Qorannoon Kun Godina wallagga Lixaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u qorannoon Addunyaa garuu faaruu haadhaa Ummata Oromoo Godina qellem wallagga aanaa daalle sadii irratti kan daangeffameedha.Qorannoon Addunyaa barbaachisummaa faaruu haadhaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u qorannoon kun garuu qaaccessa ergaa faaruu haadhaa irratti kan xiyyeeffate.Qorannoon isaa dhimma koorniyaaf xiyyeeffannoo kennee Kan ibse yommuu ta'u, qorannoo kana keessatti itti hinxiyyeeffatamne.

Walumaagalatti,qorannoo kana keessatti wantoonni qaacceffaman faaruu haadhaa yeroo heerumaa,faaruu haadhaa yeroo biyyaa deemanii,faaruu haadhaa yeroo cunqunsaaf biyyaa deemanii,faaruu haadhaa haadha duute ittiin yaadachuuf oolan, faaruu cimina haadhaa ibsaniifi kkf.qorannoo kana keessatti ergaan isaa kan qaaceffaman yoo ta'u,qabiyyee faaruu haadhaatiin walqabatee diinagdee,hawaasummaa,siyaasaa kan qaacefamee kan jiruudha.

Gama biraan ammo qorannoon mata duree kanaan walitti dhiyeenya qabu waraqaa qorannoo eebbaa digirii lammaffaa guuttachuuf qorattuun Wubaayyoo Olaanii yuunivarsiitii Addis Ababaatti dhiyeessiteen waa'ee Qaaccessa ergaa faaruu haadha deessuu mul'isan kan Aanaa Ada'aa Bargaa irratti dhiyeessitee jirtuudha.Qorannoon kun mata duree kanaan kan walitti dhufu yammuu ta'u,baay'inaan dhimmoota faaruu haadhaafi ergaa isaa qaaccessuu irratti xiyyeeffateedha.Hawaasni akkamitti faaruu,geerarsaan fayyadamee miirasaa akka ibsatuufi faayidaa afwalaloon kunneen hawaassichaaf qabu ibsuurratti xiyyeeffata.Dhimmi qoraannoo kanaan walfakkaataa taasisu biroon qorannoon ishee kaasu kabajni haadhaa hawaasa keessatti olaanaa ta'uufi akka aadaa Oromootti haati iddoo olaanaa qabaachuu ishiiti.Akka walii galaatti tokkummaafi gara garummaan isaanii armaan gaditti kaa'amee jira.

Walfakkeenya qorannoo kanaafi qorannoo Wubaayyoo Olaanii

Qorannoowwan lamaanuu damee ogafaanii kan ta'e afwalaloo faaruu haadhaa uummmata Oromoo irratti xiyyeeffatu. Jaalalaafi kabaja haadhi hawaasa Oromoo biratti qabdu ni agarsiisu. Afaan qorannoon kun lamaan ittiin gaggeeffame tokkodha. Mararoorfi geerarsa adda addaan dhimmoota haadha jajan, mararsiifataniifi jabina ishii ibsan ni kaa'u.

Garaagarumman qorannoo kanaafi kan Wubaayyoo Olaanii

Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa faaruu haadhaa yoomessafi qabiyyee isaa xiinxaluu yommuu ta'u, kan qorattuu kanaa ammoo faaruu haadhaa afoola, aadaafi duudhaa keessatti dhiyaatan qaaccessuudha. Kanaaf qabxiilee muraasa qorannicha keessatti ibsaman irraan kan hafe kaayyoofi qabiyyeen isaanii adda addadha. Iddoo qorannoowwan lameen itti gaggeeffame godina adda addaa keessatti ta'uu

Qorannoon qorattuu kanaa qabiyyee fi ergaa faaruu haadha deessuu daawwannaan ragaa adda addaa suuraan deeggaruun kan ibsame yammuu ta'u qorannoon kun garuu odeeff kennitoota irraa afaaffiifi maiigareen ragaa funaanuun suuraa isaanii kaa'ee jira. Qorannoon qorattuu kanaa faaruu haadha deessuu yeroo dhaqna dhiqaa deessuu, faaruu haadha sirna kabaja ayyaana ateetee loonii irratti, faaruu haadha manaa yeroo daboo hojii qonnaa irratti bifa geerarsaan haadha faarsanfi qeeqan, cidha keessatti yeroo intalli mararoo sirbitu, faaruu haadha bakka bu'an yookiin itti fakkeeffamanii kanneen dhiyaatantu qaaceffamaniirani jiru.

Garuu qorannoo kana keessatti ergaa faaruun haadhaa yoomessa adda addaa keessatti qabu kan ibsameefi faaruu haadhaa kana eenyutu maaliif akka dhimma itti bahu kan xiinxalamee kaa'ameedha. Dabalataanis akkuma wubaayyoon kaastetti Jiksaa Takilee yuunivarsiitii mattuutti mata duree qaaccessa ergaa afwalaloo haadhaafi abbaa ibsan Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo irratti adeemsiseen akka yaada qorattuun waa'ee qorannoo kanaa kaastetti hanga muraasa kan walitti dhufu yammuu ta'u garaa garummaan isaanii garuu hedduudha.

2.7. Yaadxina Qorannichaa

Yaadxinni qorannoo kana keessatti hojiirra oole yaadxina ijaarsaa, yaadxina galumsaafi yaadxina tajaajilaati.

2.7.1. Yaadxina Galumsaa (Contextual theory)

Yaaxinni galumsaa gareen ogafaan tokkoo gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kallattii namatti agarsiisuu danda'a jedhamee waan yaadamuu qorannoo kana keessatti hojii irra oolee jira. Akka Filee (2019) Bauman (2005) fi Dorson (1972) wabeeffachuun ibsetti yaadxini galumsaa irra caalaatti kan irratti xiyyeeffatu ilaalcha hawaasni tokko hiika jecha tokkoof ykn sochii tokkoof ykn halluu tokkoof qabuufi waanta sanaaf hiika itti kennu xiinxaluudhan icciitii hawaasni sun beeku adda baasuudhaan qorachuuf bu'uura akka ta'e lafa kaa'a (f.31).

Haaluma kanaan yaadxina kana fayyadamuun waa'ee faaruu haadhaa irratti hawaasichi hubannoo maalii akka qabuufi akkamittiifi yoomessa kam keessatti akka dhimma itti bahu xiinxaluun icciitii isaan gama afwalaloo kanaan beekan addaan baasuun qorachuun yaadni isaan irraa argame kaa'amee jira.

2.7.2. Yaadxina Ijaarsaa

Sababni yaadxinni kun odeeffkennitoota waliin hariiroo uumuufi haqa isaan beekan mirkaneessuu kan ilaallatu waanta'eef hojiirra ooluu mala. Akkasumas yaadxinni kun hirmaachisaafi mala qulqulleeffataa hojiirra kan oolchuu ta'ee yaada duraan jiru deebisanii jajjabeessuufi cimsanii qorachuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Dabalees wantoota hawaasa keessa duraan turanii sababootaafi dhiibbaa adda addaa irraa kan ka'e badanii turan deebi'anii lubbuu akka horataniif kan gargaaruudha. Haaluma kanaan jiruufi jireenya uummata oromoo amma jiranii keessaa faaruun haadhaa sababa amantiifi siyaasa biroon dagatamee waanjiruuf isa kana deebisanii ijaaruufi ergaa inni hawaasaaf dabarsu hubachiisuuf yaadxina bu'aa qabuudha.

2.7.3. Yaadxina Tajaajilaa

Akkaataan yaadaafi adeemsa qorannoo kanaa yammuu ilaalamu yaadxinni qorannoo kanaa gama tokkoon ammoo yaadxina tajaajilaa(functional theory) ta'uu danda'a.Sababni isaas yaadxinni tajaajilaa faayidaa wanti tokko jiruuf jireenya uummataafi biyyaa keessatti qabuufi aadaaf walitti dhufeenya hawaasichaa cimsuuf qorannoo tokko adeemsisuuf kan ooluudha.Dabalees gahee ogafaan hawaasa keessatti qaban,hirmaannaa hawaasaa,faayidaa aadaan uummata tokkoo hawaasichaaf qabu ittiin qorachuuf kan tajaajiluudha jechuun Filee(2019) Bauman(1972) wabeeffachuun ibsee jira.Kunis qorannoon kun ogafaan oromoo keessaa afwalaloon faaruu haadhaa yeroo ammaa kana haala duraan calaqqisaa waan hinjirreef isa kana ammoo qoratani haala bu'aa qabuun dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa waan ta'eef yaadxina kanaan hidhata ni qaba.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA

3.1. Saxaxa qorannichaa

Qorannoon haala waantokkoo ibsuu irratti yoo xiyyeeffate saxaxni isaas ibsaadha. Haaluma kanaan qorannoon kunis ibsa akkamtaa waanbu'ureffatuuf saxaxni isaas ibsadha. Saxaxni akkamtaa hojiirra akka ooluuf mala qulqulleeffataa gargaaramuun ragaan namoota irraa argaman jechaan ibsamani kaa'amani jiru. Yaada kanaan kan walqabatu hayyuun Creswell (2002) waa'ee qorannoo qulqulleeffataa yommuu ibsu, "The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites (documents or visual material) that will best help the researcher understand the problem and the research question" jedha (f.178). Yaanni isaa kunis qorannoo qulqulleeffataaf maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuun akka irra jiraatu kan agarsiisuu. Gabaabumatti, qorannoo kana galmaan gahuu kan danda'u mala qorannoo qulqulleeffataa waanta'eef mala kanaan gadi fageenyaan ragaan deeggaramuun ibsa barbaachisaa waliin odeeffannoon argame qaaceffamee jira.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatama qorannoo kanaa ilaalchisee kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf jecha hawaasa Oromoo jiraattota godina Wallaggaa Lixaa keessa jiraatan irraawwatama qorannichaa tahnii odeeffannoon barbaadame irraa fudhatameera.

3.3. Madda Ragaalee

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaa jechuun qoodamanii jiru. Maddi ragaa tokkoffaan namoota hawaasa keessaa filatamanii kallattiin odeeffannoon irraa fudhataman yammuu ta'an, maddi ragaa lammaffaan ammoo barreeffamoota mata duree kanaan walitti dhufeenya qabaniidha. Sababni madda ragaa tokkoffaafi lammaffaan fudhatameefis odeeffannoo gahaa argachuuf barbaachisummaa waan qabuuf jedhameeti.

3.3.1. Madda Ragaalee tokkoffaa

Akka qorannoo kanaatti madda ragaa tokkoffaa kan jedhamanis namoota mata duree kanaan walqabsiisanii hubannoo qaban mala iddatto armaan gadiitti filatamaniin adeemsa

afgaaffiifi marii gareef kan filatamaniidha.Kanneen filataman kunneenis jaarsolii,beerranifi barsiisota hubannoo mata duricharratti kennuu danda'aniifi fedha guutuu qabaniidha.Maddi ragaalee tokkoffaa iddattoowwan filataman keessaa kallattiidhaan dirree qorannootti dhiyaachuudhaan maddeen keenya irraa yaadannoofi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun odeeffannoo funaannachuudha.Kana jechuunis,maddeen ragaalee ofiitti qaamaan dhiyaachuun odeeffannoo mata duree qorannoo keenyaaf ta'u funaannachuu yookaan waraabbachuuf kan gargaaruudha.Kanaaf qorataan kunis haala kanaan odeeffannoo madda tokkoffaa kanarraa walitti qabachuun odeeffannoowwan sunneen qaaceffamanii dhiyaatanii jiru.

3.3.2. Madda Ragaalee lammaffaa

Maddi ragaa lammaffaan ammoo barreeffamoota mata duree kanaan walitti dhufeenya qabanifi waa'ee faaruu haadhaa irratti barreeffamanii jiran sakatta'uun ragaaleen argaman kanneen madda raga jalqabaa irraa argaman waliin kaa'amanii jiru.

3.4. Iddattoo fi Mala iddatteessuu

Kanuma irraa ka'uun qorataan kunis gosoota iddattoo lamaan mala carraafi miti-carraa keessaa qorannoo kana galmaan gahuuf kan mijatu mala miti-carraatti fayyadamuun qorannoon kun adeemsifameera.

Gosoota miti-carraa keessaa ammoo iddatteessuu akkayyootti(purposive sampling)fi iyyaafannoo yookiin darbaa dabarsaa(snow boll sampling) dhimma bahameera.Yaada kana deeggaruun Trochim(2015) yoo ibsu,“The sample is the group of people who you select to be in your study.”jedha(f.52).Akka yaada kanaatti qorataan tokko qorannoo isaa geggeessuuf jedhee iddattoo hawaasa keessaa filachuun adeemsa qorannoo isaa milkeeffachuu akka danda'u kan namatti agarsiisuudha.Karratti hundaa'uun qorataan kun hawaasa naannoo sanaa keessaa namoota mata duree kanarratti odeeffannoo gahaa kennuu danda'u jedhamanii yaadaman filachuun itti dhimma baheera.

Yaada kana kan deeggaru Dastaan (2013) yoo lafa kaa'u,odeeffannoo ykn ragaalee qorannoo akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e ibsa (f.10). Dabalees jaarsolii namoota saddeet (8),beerran afur(4)fi barsiisota sadii(3)walumatti namoota kudha shan(15)afgaaffii irratti hirmaachisuun yaadni irraa fudhatameera.Akkaataa

yookaan ulaagaa isaan ittiin filatamanis aadaafi seenaa Oromoo beeku kanneen jedhamaniifi gosoota ogafaanii adda addaa irratti odeeffannoo gahaa kennuu kanneen danda'aniidha.

3.5. Meeshaalee funaansa ragaa

Odeeffannoon qorannoo kanaa gaaffii akkamiifi akkamitti jedhan deebisuuf waan deemuuf meeshaalee funaansa ragaa keessaa afgaaffii, marii gareefi dookumentii adda addaa xiinxaluutti dhimma bahamee kan geggeeffameedha. Sababa meeshaaleen kunneen filatamaniifis odeeffannoo amanamaafi bu'a qabeessa ta'e argachuuf filatamoo waanta'aniifi.

3.5.1. Sakatta'a Dookumentii

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti meeshaalee ragaan ittiin funaanamu keessaa tokko dookumentii sakatta'uudha. Sababni isaas xiyyeeffannoon qorannichaa faaruun haadhaa ergaa akkamii akka dabarsuufi walitti dhufeenya inni jiruuf jireenya hawaasicha waliin qabu xiinxaluu waan ta'eef kana gochuuf ammoo kallattiidhaan waajjira aadaaf tuurizimii godinichaa deemuun mata duree kanaan walqabatani kanneen barreeffamii jiran sakatta'uun odeeffannoon argaman iddoo itti xiinxalamani jiraniidha. Kanaafuu kitaabaafi dookimentiiin adda addaa sakatta'amuun madda ragaa qorannichaa isa biraadha jechuudha.

3.5.2. Afgaaffii

Qorannoo kana keessatti meeshaan funaansa ragaa dhimma itti bahame kan biraan afgaaffiidha. Afgaaffii kanaanis faarulee dhimma haadhaan walqabatani jiraniifi ergaa isaan dabarsan maal akka ta'etu namoota gaafataman irraa walitti qabame. Gosoonni afgaaffii kunneenis afgaaffii banaafi afgaaffii cufaa yommuu ta'an qorannoo kana keessatti kan dhimma itti bahame afgaaffii banaadha. Sababni isaas odeeffannoonni haala barbaadamuun dhiibbaa tokko malee yaada barbaadamu kennuu waandanda'aniifi yaada bal'aa ta'e gadi fageenyaan kennuuf kan gargaaru waanta'eef filatame. Kunis kan ibsu kaayyoon afgaaffii wanta tokko irratti yaada gadifageenyaa namni tokko qabu hubachuufi yaadicha sana irraa fudhachuun dhimma barbaadameef oolchuu irratti barbaachisummaa waanqabuufi. Kanaafuu qorataan kunis waa'ee faaru haadhaa irratti namoota hubannoo gahaa qabu jedhamanii yaadaman hawaasa naannoo sanaa gaafachuun qaamaan biratti argamuun odeeffannoo barbaachisu irraa fudhachuun adeemsifamee jira. Kunis iddatteessuu jalatti akkuma ibsamee jiru jaarsolii saddeet, beerran afuriifi barsiisota sadii walumatti namoota kudha shan

filachuun gaaffilee dhiyeessuufiin yaada isaan kennan waraabuufi yaadannoo qabachuun kan adeemsifameedha.

3.5.3. Marii Garee

Mariin garee meeshaa funaansa ragaa keessaa isa biroo yoo ta'u afgaaffiin gaafatame caalmaatti akka ifa ta'uuf itti dhimma bahama. Mariin garee odeeffannitoonni bakka tokko taa'anii dhimmoota gaaffii keessatti kaasan irratti gaaffii walii isaanii akka walgaafachuu danda'aniif gargaara. Akkasumas yeroo marii garee tokko keessatti odeeffannoo baay'eefi namoonni walii galanii itti amanan walitti qabuuf qorataa gargaara. Yaada afgaaffii keessatti namoota tokko tokko biratti irraanfate akka walyaadachiisaniifis ni gargaara.

Haaluma kanaan meeshaa funaansa ragaa kana keessattis qorataan aanaalee filataman keessaa mariif namoota kudhan(10) hubannoo isaan mata duree kanarratti qaban giddu galeessa godhachuun kan filateedha. Haala kanaan erga filateen booda ammoo garee lama kan namoota jahaafi afur qabutti adda qoode. Sana booda aanaa tokko giddu galeessa godhachuun namoota kanneen guyyaa gabaafi guyyaa isaan walarguu danda'anitti iddoo mijatuufitti walitti fiduun yaada marii dhiyeessuufiin akka isaan yaada irratti waljijjiiran gochuun odeeffannoo irraa fudhachuun odeeffannoo sanneen ammoo walitti qabateera. Akkaataa odeeffannichi ittiin walitti qabames namoota sanneen aanaa bakka garagaraa lama giddu galeeffachuun namoota sanneen walitti fiduun kan taasifameedha.

Kanas qorataan qorannoo kanaa gaaffilee qabxii marii kanaaf ta'an saddeet(8) qopheessee duraa duubaan mareef dhiheessuun namoonni 6 iddoo tokkotti, namoonni 4 ammoo iddoo kan biraatti yaada kennuun akka mari'atan taasisuun odeeffannoo qorannoo kanaa irraa sassaabeera. Kunis yaada mareef dhiyaatan sanneen irratti deebii isaan kennan irratti yaadannoo qabachuun odeeffannoon barbaachisu kan irraa fudhatameedha.

3.6. Mala Ragaan Ittiin Qaacceffamu, Hiikamuufi Dhiyaatu

Mata duree kana jalatti ammoo tartiiba gaaffilee bu'uura qorannichaafi kaayyoo gooree qorannichaa duraa duuba isaanii eeguun ragaaleen walitti qabamanii iddoo itti qaacceffamanii jiranidha. Kunis kan ta'e ragaalee afwalaloowwan faaruu haadhaa ilaalchisee walitti qabametu ergaan isaanii xiinxalamee kaa'amee jira. Kunis ragaaleen argaman mala hiika isaanii ibsuun kan taasifameedha. Ragaaleen walitti qabamanii qaacceffaman kunis

kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa bu'uura godhachuudhaan odeeffannoo walitti qabaman waldeeggaruun mala akkamta gargaaramuun qaacceffamaniiru. Sababni mala kana gargaaramuun barbaadameef odeeffannoo jechaan walitti qabametu jechaan qaacceffamee dhiyaate waanta'eefi.

Adeemsa ragaa qaaccessuu kana keessattis ragaaleen yeroo qaacceffaman afwalaloon faaruu haadhaa gama adda addaan jaalala yookaan mararsiifannaaf, gara laafina haadhaaf, haadha jajjabeessuuf, hiyyummaaf yoo biyyaa deeman yoo haati duute cimina/jabina haadhaa, cunqursaa yoo biyyaa bahan akkaataa ittiin haadha faarsan ergaan isaanii xiinxalamee jira. Dabalees, faaruun haadhaa gama, yaaddoo ibsachuuf, nagaa dhaammachuuf, durbi heerumaaf kaate haadha duute ittiin yaadachuuf kan itti dhimma bahantu qaacceffame. Xiinxalli odeeffannoo gama afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dokumentiin argaman akkaataa walitti dhufeenya isaaniin ibsamani kaa'amanii jiru.

3.7. Naamusa Qorannichaa

Adeemsa qorannoo keessatti naamusni qorannoo shoora olaanaa qaba. Kunis qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii iddattoota eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaa akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba. Neuman (2007) kana yommuu ibsu Seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qoratichi icciitii irraa qoratu eeguufi iddattoota isaa kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta'uu qaba jechuun ibsa.

Kanaafuu, qoratichi iddattootaaf qaamni dhimmi kun ilaallatuuf xalayaa quunnamsiistuu dhaabbata qorannoo qooqilee, Gaazexeessumaafi afaaniifi Oguma Oromoo qabaachuun ni barbaachisa. Itti dabalees, milkaa'inaafi galma ga'iinsa qorannoo kanaaf aadaa, safuu, duudhaa jiruufi jireenya hawaasa naannichaa roga maraan kabajuufi eeguun dirqama qoratichaa ta'ee jira. Hojiin qorannoo kanaa yeroo adeemsifamu bifa seera qabeessaafi naamusa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwate. Fakkeenyaaf yeroo qorannoo kanaaf afgaaffiifi mariin garee taasifame keessatti bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas yeroo suuraa ayyama gaafachuun fedhii isaaniitiin suurri fudhatamee jira. Dabalees waraabii suursagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffannoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii gaafachuun waraabbiin taasifamee jira. Dhuma irratti

xalayaa seera qabeessummaa kanneen gaafataniifi osoo hingaafatin odeeffannoo warra kennan galateeffachuun xumuramee jira.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALAA QORANNICHA

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen odeeff kennitoota irraa afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dokumentiin argaman jechaan qaaceffamanii jiru. Kunis qabiyyeewwan faaruu haadha keessatti argaman, ergaa inni dabarsuufi yoomessa faaruun haadha keessatti hojiirra oolu kan ibsamaniifi haala jijjiiramaaf itti fufiinsa faaruun haadha yeroo ammaa irratti argamufi namoota akkamiitu akka dhimma itti bahantu qaaceffamee jira. Itti dabaluu nis gosoonni faaruu haadha kanneen dhimma itti bahaman kunneen namoonni yeroo dhimma itti bahan faarsaniin, qabiyyeefi ergaa akkasumas sababa farsaniif, faayidaa faarsaniifi yoomessa qabiyyeewwan faaruu haadha keessa jiran addaan baasuun ergaan isaanii xiinxalamee jira.

Faaruleen kunneenis faaruu haadha gama ergaan yaaddoo qaban ibsuuf, nagaa dhaamuuf, haadha duute ittiin yaadachuuf kan ibsamani jiran yommuu ta'u gama yoomessaan ammoo hiyyummaaf yeroo biyyaa deeman, cunqursaa baqaaf yeroo biyyaa deeman, dirree waraanaa yeroo jiraniifi waa'ee haadha duutee yeroo yaadatan faaruu haadha kanneen dhimma itti Bahaman afgaaffiifi mare gareetiin dhiyaatantu haala armaan gadiin qaaceffamanii jiru. Itti dabalees qorannoon kun yaadxina ijaarsaa, tajaajilaafi yaadxina galumsaa bu'uureffachu kan geggeeffameefi afwalaloon faaruu haadha yaadxina kanarratti hundaa'uun haala adda addaan qoqqoodamuun xiinxalamani jiru.

4.1. Ergaa faaruu haadha

Faaruu haadha waa'ee haadhaan walqabatee gama hundaan jiru hawaasaaf kan dhiyeessu ta'ee daandii hawaasni miira haadha isaaf qabu ittiin baasani ibsatani. Akkasumas faaruun haadha gosa faaruu Oromoo keessaa tokko kan ta'eefi kan namoonni waa'ee haadha isaanii ilaalchisee waan keessa isaaniitti dhagahame, jaalala haadha isaaniif qaban kallattii ittiin baasani ibsaniidha. Faaruun haadha namni kamiyyuu kan dhimma itti bahuu danda'u ta'ee afwalaloo hawaasni oromoo yeroo durii kaasee dhimma itti bahaa asgahe namoota waa'ee haadha isaaniillee ilaalcha gadi fagoo hinqabne kan barsiisuudha (jaarsolii marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan).

Maalummaafi faayidaa faaruun kun kennu ilaalchisuun akka odeeff kennitoonni ibsanitti faaruu kanaan yeroo haadha faarsan oolmaa ishii ibsan, gara laafina isheen qabdu yeroo

ibsan, jaalala ishee nama keessatti cimsuuf kan ooluudha. Faaruu kana keessattis waa'een haadhaa gama adda addaan ciminaan ibsama. Faaruu kanas qabiyyee inni qabuun adda qooduun ergaan barbaadame tokko kan ittiin darbuu danda'uudha. Kana jechuun qabiyyeen faaruu kanaas qindoomina mataasaa qabaatee ergaawwan hawaasa keessa jiran kanneen akka haala ilaalcha hawaasaa gama haadhaan walqabatee jiru kan dabarsuu danda'uudha jechuun yaada isaanii marii gareefi afgaaffii irratti ibsanii jiru.

Dabalees obbo Abarraa Ayyaanaa(8/11/2012) fi Aadde Aynataa Balaayinaa (12/11/2012) ergaan gama faaruu kanaan jiru kallattii adda addaan ilaalamuu kan danda'uudha. Kunis faaruun kun gama ergaa isaan yommuu ilaalamu dinagdeen walqabatee hawaasni yeroo oomisha oomishu waljajjabeessuuf jecha gosoota ogafaanii isaatti dhimma bahuun beekama. Kunis hamilee keessa walitti horuuf kan ooluudha. Kan laafe jajjabaachaa kan yaadaan bade abdi horachaa dalagaa isaa kana haalaan adeemsisuuf iddoo olaanaa qaba. Siyaasa keessatti ammoo ergaa walkeessa jiraa ta'e walqabsiisuun ittiin dabarfachuuf oola. Kunis kan ibsu gama lamaan ergaa dabarsuuf itti dhimma bahamaa kan turefi irra jireessi hawaasaa yeroo ammaa siyaasatti haaharkisu malee dhimmi inni itti fayyadamamuuf faarfataamaa asgahe kallattiin haadha kan ilaallatuudha.

Gama biraan ammoo qabiyyeen faaruu haadhaa gama adda addaan jiran ergaa bu'a qabeessa ta'e kan dabarsaniidha. Akkasumas faaruun kun mala bu'a qabeessa kallattii barbaadameenii fi faayidaan isaa amansiisaa ta'een miira keessa namaa haadha ilaalchisuun ibsamuu barbaadame tokko kan ittiin ibsaniifi faayidaa ogafaan hawaasa biraatti qabu kallattii ittiin baasanii ibsani jechuun barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan Boggaalee Leencaafi Yusuuf Muusaa 10/12/2012 fi 5/12/2012 yaada isaanii kannaniiru.

Itti dabalees akka obbo Dhibbisaa Tuuchoo(8/11/2012) jedhanitti hawaasa Oromoo biraatti jiruuf jireenya adeemsifachuufi rakkoo nama mudatu kallattii adda addaan ibsachuun jiraatus faarulee haadha faarsanitti dhimma bahuun beekamaadha. Faaruleen dhimma haadhaan walqabatani jiran kunneenis yoomessa mataa isaanii qabatani akkaataa barbaachisuun kan dhimma irra oolaniidha. Kunis akka odeeffannoon argame ibsutti godina kana keessatti yeroo durii haala gaariin gosoonni ogafaanii kamiyyuu dhimma barbaadamu kamiifuu oolaa turaniiru.

Akkasums faaruun dhimma haadhaan walqabsiifamanii ittiin haadha faarsan yeroofi iddoo itti barbaachisetti itti fayyadamamaa turameera.Yeroo ammaa kana garuu namoonni xiyyeeffannoo itti kennuu dhiisuu irraa kan ka'e dhaloonni ammaa maqaa isaa qofa kan beeku malee itti fayyadama isaa kan beekan baay'ee muraasa.Odeefkennitoonni kunneen yoomessa isaan walqabsiisanii haala ergaafi qabiyyee isaa yeroo ibsan faaruun kun namoonni jaalala haadhaa isaanii ibsuuf,gara laafina ishee ittiin ibsuuf,dandeessuu ta'uu ishee ibsuuf,cimina ishee ittiin ibsuuf akka dhimma itti bahamaa tureefi ammas namoonni muraasni kan dhimma itti bahaa jiran ta'uu ibsaniiru.Kanumaan walqabsiisuun ergaa faaruun haadhaa qabatee dhiyaatu irratti hundaa'uun qoqqooddii inni qabu hammi muraasni gaditti ibsamani jiru.

4.1.1.Jaalala haadhaaf qaban

Hawaasni Oromoo haadha isaa hedduu jaallachuufi faarsuun beekama.Kanarraa kan ka'e afwalaloo faaruu haadhaatti gargaaramuun jaalala isheef qabu kana gama adda addaan ibsaa tureera.Haala kana ibsuufis namoonni adda addaa yeroo garagaraatti waa'ee ishee bifa geerarsaan ergaa isheef qabu ibsata.Akka fakkeenyaatti armaan gaditti kan fudhatame haa ilaallu. 1).Anaa nyaatu yaa dayii

Yaa dayii diinqa irreessaa

Yaa harmee mucaa gameessaa

Na ulfooftee ruurooftee

Na deessee maxxarrooftee

Maafan dhiisa waammiikee

Adeemmii tabbaatillee

Kajeellii gandaatillee

2).Yaa harmee luuccaa daggalaa

Akka muujjaa balbalaa

Wayyaakee kuula maruu

Natu kuula marsiisa

Maqaakee duulli habaruu

Natu duula barsiisa

Lafa miillikoo gahee

Maqaa keetu duukaa gahe.Abarraa Ayyaanaa,marii garee waxabajji 12/2012

Ergaan qabiyyee afwalaloo faaruu haadhaa armaan olii kan lakkoofsa 1ffaa irratti dhiyaatee jiru kan ibsu namni haala kanaan geeraru kun oolmaa haati isaa dhaloota isaatii kaastee itti dadhabdee guddiste yaadatee waa'een kee eessa yoon deemeyyuu najalaa hinbadu,seenaakee hin irraanfadhu ergaa jedhu ofkeessaa qaba.Dabalees,bifakee uumamaa anaaf jettee dhabde,waan ati ana guddisuuf taate guddaadha.Kanaafuu seenaankee yoon eessa deeme illee,yoo natti toles natti toluu baatus waa'eenkee ana jalaa hinbadu.Dagachuun narraa hineegamu jedhee waa'ee haadhasaa kana kaasa.Gabaabumatti ergaan afwalaloo buufata jalqabaa irratti dhiyaatee jiru kanaa rakkoo haati dhalachuu ilmoo ishii irraa kaatee itti dadhabdee bu'aa bayii meeqa keessa dabarsitee guddistee nama taasifte yaadachuun seenaan haadhasaa yoomiyyuu akka jalaa hidagatamne yommuu ibsu mul'ata.

Afwalaloon bifa geerarsaan lakkoofsa 2ffaa irratti dhiyaatee jiru ammoo geeraraan kun rifeensa mataa haadha isaatii biqilaa muujjaa jedhamu waliin walbira qabuun bareedina ishee haala ifa ta'een ibsee jira.Akkasumas,maqaan ishee eessattuu bakka maqaan ofii isaatii itti ka'e hundattu maqaan haadha isaatii beeksifamuu qabaachuu isaa ibsa jechuudha.Qabata afwalaloo kanaan namni haadha isaa mararsiifatu kun maqaan haadha isaatii bakka kamittiyyuu,nama kamiin birattiyyuu osoo hindhahamin bira darbamuu akka hinqabne kaasa.Kunis namni ana argeefi beeke kamiyyuu waa'ee haadha kootii beekuun akka irraa eegamu jechuun ergaa jaalalaa isheef qaban faaruu kanaan baasee ibsa.Kunis kan agarsiisu namni tokko ergaa jaalalaa haadha isaaf qabu oolmaa isheen oolteefiin walqabsiisee haala kanaan ibsachuu akka danda'u kan namatti agarsiisuudha.

Haaluma walfakkaatuun jaalala/mararsiifannaa haadhaa kana ibsuuf afwalaloon hawaasa naannichaa keessaa fudhatame kan biraan ammoo ergaa inni dabarsuuf waliin xiinxalamee dhiyaatee jira.

- 1,Guyyee gaafa nadeessee
Kaarroo walbira guuttee
Bookatu itillee guuttee
Ajooftee naguddiftee
Maqaa keellee mul'iftee
- 2,Nan qotaa nan aramaa
Qottuullee nan mararaa

Nan tsaafaa nan nabbabaa

Dabtaraan nan mararaa

Jedheen kaasa maqaakee ...Shifarraa Olaanaa, marii garee Hagayya 8/2012

Ergaan jaalala haadhaa afwalaloo faaruu haadhaa bifa geerarsaan dhiyaate kun jaalala haadhaaf namni tokko qabu walitti cuunfee kan namatti mul'isuudha. Jechooni isaa akka jiranitti kuufama yaadaa kan waanhedduu namatti dhageessisuudha ofkeessaa qaba. Keessattuu buusaa tokkoffaa keessatti yoo ilaalle haati ilmoo gaafa deessu rakkoo hedduu keessa akka dabartuufi mudannoo hedduun akka ishee qaqqabu nama hubachiisa. Natti bade ykn nan miidhame osoo hinjedhin fincaaniifi bobbaa daa'ima keessa jiraachuun jaalala dhala isheef qabdu ifatti namatti mul'isa. Itti dabaluuudhaanis buusaa lammaffaan kan agarsiisu haati isaa nama gaarii akka isa deesse nama iddoo kamittuu fudhatama qabu akka ta,etti kaasa. Kunis iddoo hojii hundattuu namni kun gaarummaa haadhasaa akka kaasufi maqaan haadha isaa akka isa biraa hinhafne jaalalaafi mararteen walqabsiisee ergaa dabarfachuu barbaade sana duukaa hawaasa keessa jiru qabsiisa. Keessattuu gama hojiitiin hirmaannaa gahaa akka qabu walbira qabuun yommuu ibsu argama.

4.1.2. Gara laafina haadhaa

Uummata Oromoo biraatti haati abbaa caalaa gara jabina kan hinqabne, gara laafettii ta'uun ishee beekamaadha. Kanas ummanni kun qabeenyaa isaa keessaa afwalaloo faaruu haadhaa isaan ergaa barbaade ittiin dabarfachaa ture ammas ittiin dabarfataa kan jiruudha. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yoo fudhannee ilaalle;

1). Abbayyaa guutee danfee

Garaan daaktuu hinamanuu

Huuqqataa daga darbee

Garaan haadhaa hinaman

2). Yammuu bukoonkee danfee

Natu beela'ee tolchii

Yammuu garaankee nahee

Natu maqaa sidhahee obsi. Abarraa Ayyaanaa, marii garee Waxabajjii 8/2012

Ergaan walaloo armaan olii kan ibsu kan jalqabaa keessatti haati hammam akka ilmoo ishiif garaa akka laaftu kan namatti agarsiisuudha. Keessumattuu bo'oon walaloo “Huuqqataa daga darbee garaan haadhaa hinamanu” jedhu haati yeroo ijoolleen ishee manaa baatee miilla fageeffattu waandebitee galu itti hinfakkaatu, waanrakkoon wayii mudate itti fakkaata waanta'eef garaan ishee hedduu dhiphachuu isaa ibsa.

Dabalataan ammoo kan lakkoofsa 2ffaa keessatti dhiyaatee jiru kan agarsiisu namni tokko haadha isaa irraa fagaatee yommuu jiraatu kan ittiin haala haadha isaa ibsuun faarsuudha. Kana jechuun namni haala armaan oliin ergaa dabarfatu kun haadha isaarraa fagaatee waanjiruuf haati isaa waa'ee isaa yaadde yaaddoo addaa keessa galuu dandeessi jechuun ergaa isaa gama isheen qabu yommuu ibsu namatti agarsiisa.

Haaluma armaan oliitiin gara laafina haadhaa ibsuuf namoonni adda addaa bifa geerarsaan walqabsiisani waan hedduu jechuun haadha isaanii maqaa kaasu. Afwalaloo armaan gaditti dabalataa kaafamee jiru ergaa isaa yoo ilaallu waa'ee haadhaa ilaalchisee waan hedduu namayaadachiisa.

1) Utuu immaammaa kootiitii

Xaafii adii naaf mooqxee

Nyaadhu mucaakoo jettee

Fudhu fudhuu maraattii

Utuu lammii kootiitii

Jedhi hiriyyee jettee

Sadi sadii naa cooqxee

Jedhi jedhii maraattii....Guddataa Fufaa, afgaaffiin, Adoolessa 3/2012

Dabalataan afwalaloo faaruu haadhaa bifa geerarsaan dhiyaate kana yommuu ilaallu gara laafummaan haadhaa daangaa akka hinqabne ta'uu isaa ifa baasa. Kunis haati ofii gara laafina ishee irraa kan ka'e waan namaaf gootu yeroo itti dhabdee ilmoo ishii waliin rakkattuufi kan isheen gootuuf garaa dhala ishee akka hingenye garaan ishee dhala isheef akka raafamu agarsiisa.

4.1.3. Jabina ykn cimina haadhaa

Namoota darban keessa yaadotni boodatti hafoon dubartiin akka waanlaaftuu taateetti,hojii humnaa hojjechuu akka dhiiraatti dandeettii waayaaduu akka hinqabnetti fudhatamaa turte.Haata'u malee akka ragaan adda addaa ibsutti dubartiin akkuma dhiira hojii cimaa hojjechuu akka dandeessufi akkuma dhiiraa yaaduu kan dandeessudha.Dandeettii isaan gama hundaan qaban dhiiraan qixxee yoota'u,ilaalchi boodatti hafaan dur ture garuu dandeettiin dubartootaa gadaanaa akka ta'etti ibsu turani.Kana faallessuuf garuu afwalaloo faaruu haadhaatiin ragaa bahaa turaniiru.Fakkeenya yaada kana kan ibsan keessaa fudhannee yoo ilaalle;

1).Yaa harmee yaadeesseekoo

Yaa deessuu diinqa ateetee

Jaartii miila gogorrii

Haadha ijoollee korommii

Harmeen an jedhu kunii

Gabaabduu gocoo tokkoo

Yaadni ishee guuboo tokkoo.Dhibbisaa Tuuchoo,marii gareeWaxabajjii 8/2012

Ergaan afwalaloo armaan olii dubartiin qaamaanis taanaan yaadaan cimtuu akka taatee kan agarsiisu.Kanas aadaa dura ture kan dubartiin golaa ol jedhanii himan irraa ka'uun.Kunis haati yaadni ishee bal'aa akka ta'e hamma nama tokkoo yaaduu ishee kan addaan baasee ibsuudha.Keessumattuu bo'oon walaloo 'gabaabduu gocoo tokko'yaadni ishee guuboo tokko'jedhu dubartiin bal'iftee yaaduu akka dandeessu,sammuu bal'aa kan qabduufi waa'ee jiruuf jireenya kan yaaddu ta'uu ishee ibsa.Yeroo hedduu dubartiin dhiira olitti mala ykn tooftaa cimaa kan beektu ta'uun ishee walnama hingaafachiisu.Kanuma keessaan namni kun gaarummaa haadha isaa kaasa.Namni kun haati isaa ijoollee dhiira hedduu kan qabdu ta'uu isheefi jiruuf jireenya addunyaa kanaa geggeeffachuu keessatti jabduu akka taate lafa kaa'a.

Qorannaan qeensa toltee

Qorraan akaakuu toltee

Dhuftee abbaa kootii toltee

Dabartee naafuu toltee

Yaa obboleettii eessumaa

Giiftii gaafa keessummaa

Yaa dura deemtuu jaarii

Yaa ulfaattuu akka taabotaa

Kanke nicaala keessumaa...Moyisaa Ta'eeraa,afgaaffii Hagayya 10/2012

Yaadni walaloo faaruu haadhaa armaan olii kun ibsu jabina/cimina haati ofii qabduudha. Namni akkasitti haadhasaa faarsu kun haati isaa gama kamiinuu fudhatama akka qabdu gama bareedina isheetiin dabalees haala amalaafi hojii isheen hojjettuunfi dhuftee sanyii isheen walqabsiisee maqaa ishee kaasa.Dabalees walaloo kana keessatti haati ofii yeroo kamittu eenyuun iyyuu akka caaltu ifatti mul'isee jira.Iddoo kamittu jabduu akka taateefi namni kamuu hamma haadha ofii kan namaaf hingenye akka ta'e adda baasee kan ibsuudha.

Kiiloleen halkan wayyaa

Kiraarri Guyyaa wayyaa

Kiraan harkatti wayyaa

Harmee mucaa kiilolee

Fuullee kanteessu wayyaa(2)

Allaattii baalleen kuulaa

Kuula baalleen sararaa

Utuun kana sararuu injiraan nasararee

Injiraan bonni hinfixuu yoo dhadhaan fixe malee

Gadadoo boonni hinfixuu

Dhibee rakkoon hinfixuu yoo qaniin fixe malee

Kaarroo hincaaltii haatikoo(2)

Yaa mirga teessuu daadhii

Yaa dura deemtuu jaarii

Kaarroo hincaaltii haatikoo

Habuubbiin ilka qabaa

Xuween saaphana qabaa..Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffii Adoolessa 16/2012

Haaluma walfakkaatuun afwalaloo faaruu haadhaa armaan olii irraa wanti hubatamu namni kamuu haadha isaa akka caalchifatuufi yeroo hundumaa waa'een ishee akka kaafamu kan agarsiisuudha.Dabalees kanumti haadha koo gitu hinjiru kan ishee addumadha jechuun maqaa ishee yammuu kaasuu argama.Keessattuu bo'oowwan dhumaa lamaan armaan olii

yammuu ilaallu jireenyi ishii kanneen biraa irraa akka adda taatetti fakkeessee baay'ee dhaadhessee yammuu ishee faarsu yaadicharraa ni mul'ata. Gabaabumatti jabinni dubartoota kallattii garagaraan mul'achuu akka danda'u afwalaloo bifa geerarsaan waa'ee hadhaa kaasu kanarraa hubachuun ni danda'ama.

4.1.4. Haadha Jajjabeessuu

Hawaasni Oromoo yeroo sababa adda addaa irraa ka'uun biyyarraa fagaatee jiraatu haadha isaa irraa fagaate faaruudhaan jajjabeessaa tureera. Keessumattuu yeroo fedhaanis ta'ee dirqamaan qabsoof dirree waraanaa deemaa ture achi taa'ee haadha isaa kana yammuu yaadu/yaaddu bifa geerarsaafi mararoon jajjabeessu. Kunis miira jajjabinaa hawwaafii obsa ishee horachiisuuf jedhamee dhimma itti bahama. Yeroo kanas abbaan haadha isaa faarsu sun ofii isaatiis obsa ittiin horacha oolmaa haadha isaa ittiin dubbata.

1) Qumxaa naannessan hidhaa

Hindhuraa hin yaadda'inii

Tulluu naanna'een gala

Hindu'aa hin yaadda'ini.

2). Harmeekoo yaa harmushee

Jaartii garaa qamadii

An siingalaa gammadii

Jaartii diinqa dildilaa

Yaa harmee mucaa mirmiraa..Abarraa, marii garee Waxabajji 8/2012

Ergaan faaruu bifa walaloon armaan olitti dhiyaatee jiru kun kan agarsiisu geeraraan kun yeroo dirree waraanaa ykn bakka biraa ishii irraa fagaatee jirutti haati isaa kun ni du'a moo nigala jettee waan yaadduuf yeroo itti nangala hin yaadda'in jedhee yeroo itti haadha isaa kana jajjabeessuudha. kana keessatti yoon sibiraa deemee fagaadhellee guyyaa tokko galuunkoo hinooluti obsaan na eegi. Abdii hin kutatin, jajjabaadhu, garaakee hidhadhu, kakuu du'aa hiqabuutii gaafa guyyaan gahe siifnan gala jedhee haadha isaa kana jajjabeessuuf yeroo inni faaruu kanatti dhimma bahu agarsiisa. Gabaabumatti kan inni dabarsu yooman hammam rakkadhe hammam jooree sidhiisee adeemeyyuu hindu'uutii jajjabadhu garaa hidhadhu guyyaa tokko naanna'e siifan galaati jedhee hadhasaa biraa deeme bifa faaruun jajjabeessa.

4.2. Faaruu haadhaa namoota akkamiitu dhimma itti baha

Faaruu haadhaa gama adda addaan namoota adda addaatiin faarfafamuun beekama. Kunis namoonni haala ergaa ittiin dabarfachuu barbaadaniin qooduun dhimma itti kan bahaniifi haala jiru mara ittiin kan ibsataniidha. Kunis namni kamiyyuu ergaa barbaade ittiin dabarfachuuf akka dhimma itti bahuu danda'u ragaan namoota irraa argame ibsee jira.

Haaluma kanaan odeefkennitoonni kan akka obbo Shifarraa Olaanaafi Abarraa Ayyaanaa marii garee gaafa waxabajjii 8/2012 yaada isaanii yammuu kennan kana jedhamee wanti qoodamee jiru hinjiru jechuun ibsani. Kana jechuun namni kamiyyuu kallattii kamiinuu utuu hindaanga'in waa'ee haadha isaa ilaalchisee kan keessa isaa itti dhagahame, jaalala haadha isaafqabu, miirahaadha isaaf jedhee keessa isaatti dhagahame mara faaruulee gama kanaan jiran kamittuu dhimma bahuu danda'a jechuun ragaa bahanii jiruItti dabaluuinis kan isaan dubbatan garuu irra caalaatti gama saalaatiin yeroo ilaalamu warreen dhiiraatu dhalaa caalmaatti dhimma itti bahuun beekama. Sababni isaas yeroo hedduu dhiironni haadha isaanii irraa fagaatanii deemuun kanneen shamarranii caalaatti beekamoodha. Kanaaf dhimmoota kanneen akka waraanaan, siyaasaan, rakkoo dinagdee ykn hiyyummaan walqabatani jiran irratti irra caalaa dhiratu haadha isaa dhiisee deema. Kanaafuu irra caalaatti warra dhiiraatu dhalaa caalaa dhimma itti bahuun beekama jechuun fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsaniiru.

Dabalees, gama umriitiin garaagarummaan muraasi jiraachuumala. Garaagarummaan jiru kunis namoonni umriin isaanii sadarkaa ijoollummaa keessaa bahanii jiran kanneen umrii ijoollummaa keessa jiran caalmaatti dhimma itti bahu jechuudha. Itti dabalees kanneen isaanii bilchina keessa galche irra jireessaan afwalaloo faaruu haadhaa kanatti dhimma bahanii argamu. Sababni isaas namoonni kunneen faayidaa ogafaan oromoo gama adda addaan qabu sirriitti hubatanii waan beekaniifi dhaamsi inni dabarsu miira hawaasaa tuquu irratti iddoo guddaa qabaachu isaa sirriitti kan beekan waanta'aniifi. Gama sadarkaa barnootaan ammoo hagana wanti walcaalu akka hinjirretti kaafama. Ta'us, namoonni baratan haala barnootaa keessatti hubannoo argataniif walqabsiisuun yeroo hedduu dhimma itti bahaa kan jiraniidha. Haaluma walfakkaatuun namoonni akkaataa durii kaasanii hawaasni

isaan keessa jiraatan itti fayyadamaa turaniin beekumsa duraan qabaniin irra caalaatti dhimma itti bahaa asgahanii jiru.

Kanaafuu sadarkaan barnootaa itti fayyadama faaruu kanaa irratti dhiibbaa kan hinumneefi adda addummaa hawaasa itti fayyadamaa ta'e sana gidduutti kan hinfidneedha. Akka odeeffannitoota irraa odeeffannoon argametti namni kamiyyuu akka dhimma itti bahuu danda'utu hubatame. Kanas akka armaan gadiitti fakkeenyaan ibsaniiru;

Godoon godeettii hinqabduu hundumatu aarfataa

Haati ofii yartuu hinqabduu hundumatu faarfataa. Abarraa Ayyaana, marii garee Waxabajji 8/2012

Yaadni armaan olii kun kan ibsu yeroofi bakka brbaadetti namni kamiyyuu miira keessa isaatti haadhaan walqabatee itti dhagahame baasee ibsachuu akka danda'u lafa kaa'a. Kunis namni kamuu haati isaa bareeddusfokkiftus haadha isa deesse waantaateef faarfamuu qabdi. Kunis akkuma haati ilmoon ishii yoo fokkiftesbareeddes ilmoo ishii kana gatuu hindandeenyeefi hedduu mararsiifattu akkasuma jechuu akka ta'e namatti addeessa.

Haaluma walfakkaatuun faaruun haadhaa kun haala gara garaan yeroo hojiirra oolu nimul'ata. Kunis faaruun haadhaa kun bifa geerarsaafi mararootiin kan faarfatamu ta'ee yeroofi haala adda addaa keessatti jaalala haadha ofiif qaban kan ittiin dabarfataniidha. Faaruun kunis gareefi dhuunfaan kan dhimma itti bahamuu danda'amu akka ta'etu himama. Yeroo baay'ee kan mul'atu ammoo dhuunfaan tajaajilarra oolee argama. Fakkeenyaaf namoonni haala weedduun dhuunfaa isaaniin yaada/jaalala haadha isaaniif qaban ittiin yeroo ibsatan argamu. Dabalees gama geerarsaafi mararoon waljalaa qabuun yeroon itti haadha ofii faarsanis nimul'ata. Gabaabumatti, faaruun haadhaa haala bareedaa miira harkisuun garaa haadhaafi namoota biroo raasuu danda'uun kan qindaa'ee dhuunfaanis ta'ee gareen kan faarfatamu ta'uu ibsanii jiru.

4.2.1. Faayidaa Faaruun haadhaa

Namoonni haadha isaanii sababa adda addaa irraa ka'uun faarsuu danda'u. Kunis miira nama faaruu sana faarsu keessatti waa'ee haadhaan walqabatee waan itti dhagahame ibsachuuf faarsu. Ergaan afwalaloo kana keessa jiru dhaamsa isaan dabarfachuu barbaadan kallattii ifa ta'een dabarsuufii waandanda'uufi. Ergaan isaan dabarfachuuf faarsanis seenaa haadhaa kan yeroo darbee ittiin yaadachuuf, yaaddoo qaban ibsuuf, oolmaa isheen abbaa caalmaatti qabdu ittiin ibsuuf, jajjabina gama barbaachisuun isheef hawwuuf, nagaa ittiin itti dhaamuuf, haala keessa jiran ittiin itti beeksifachuufi kkf irraa ka'uun haadha isaanii faarsuu danda'u. Kanaafuu faaruun haadhaa kun sababa inni dhimma itti bahamuuf muraasni isaanii gaditti kaa'amanii jiru.

4.2.1.1. Yaaddoo qaban ibsachuuf

Afwalaloon faaruu haadhaa kunis durboonni yookaan shamarran yeroo heerumaaf ka'an sababa maatii isaaniirraa adda bahanii jireenya haaraa eegalaniif keessa isaaniitti yaaddoo dhagahame faaruudhaan baasanii ibsatu. Kunis jireenyi ofdanda'anii mana dhaabbatanii qofaa jiraachuu kan dura haadhaafi abbaa waliin jiraatan caalaa ulfaachuun waanbeekamuuf sodaan keessa isaaniitti uumamuu danda'a. Kana ammoo akkaataa aadaa hawaasichaatti afwalaloo bifa mararoon qindaa'ee dhiyaatuun namoota yeroo sana jiraniifi haadha isheef keessoon ibsiti. Kanas akka fakkeenyaatti kan armaan gaditti fudhatamee ergaan isaa xiinxalame ilaaluu dandeenya.

1). Kuluu kuluu iyya indaaqqoo

Yaa ummusheekoo

Kankoo citeera garaanoo

2). Sinbirroo yaa barii shaashaa

Obboleettankoo ammusheekoo

Lafti har'aa maaf barii kaataa

Bariinaan waldhabnaa laata?

3) Kaleessa guyyaa baanee

Haadhakoo dharraa hinbaane

Jaartii Ijoollee korommii

Yaa ishee akka dhiiraa bultuu

Yaa ishee dhiiraaf foon murtuu

Haadhakoo dharraa hinbaane

Kaleessa guyyaa kaane..Ayinataa Balaayinaa,Afgaaffii Adoolessa 12/2012

Dhaamsi afwalaloo armaan olii sadan kan agarsiisu durbi heerumaaf kaate kun haadha isheef jaalala guddaa osoo qabduu,garuu osoo isheen hinyaadin guyyaan heeruma ishee waanjala gaheef maatiifi haadha isheerraa adda baatee deemuun itti dhagahamnaan waankeessa ishee jiru baasuuf yommuu yaaltu mul'ata.Keessumattuu bo'oon walaloo''kan koo citeera garaanoo''jedhuufi''lafti har'aa maaf barii kaata' bariinaan walldhabnaa laata'kan jedhu intalli kun yeroo itti halkannikee itti gabaabbatee haadha isheerraa gargar bahuun yaaddoo itti ta'ee argame adda baasee kan agarsiisuudha.

Dabalees buusaa sadaffaa irratti kan argamus yaaddoo qabdu kan miira isheetti dhagahame utuun dharraa sihinbahin yookaan sinquufinan sirraa adda bahaa jira yaada cimaatu natti dhufe.Ati silaa haadha ijoollee dhiira jabduu namaa akka taateefi jireenyi kee dhiira waliin kan walqixxaatu arjaa namaa kan taatedha.Falan dhabe dirqamatu sirraa addaan nabaasaa jira.Jettee haadha isheetti yaaddoo fuula ishee duraa yeroo faaruu kanaan ibsitu agarsiisa.

4.2.1.2.Nagaa dhaammachuuf

Asjalatti ammoo durboonni oromoo yeroo heerumaaf ka'an guyyaan heerumasani torbanitti yeroo galuu jalqabani maatii keessumattuu haadhasaaniif nagaa dhaamuu jalqabu.Nagaa dhaaman kanas miira mararsiifannaa keessa galuun ergaa haadhaaf qaban ibsatu.Addaan bahuun silaa murtaa'eera jajjabina ofiifis siifis nanhawwa yaada jedhuun guyyaa rabbi jedhe walarguu akka danda'an ittiin dhaamuuf kan gargaaruudha.Kunis afwalaloo faaruu haadhaa akkaataa tajaajila isaan addaan baasuun dhimma itti bahu.Isaan kanneen keessaa akka fakkeenyaatti armaan gaditti kan fudhatamee ergaan isaa xiinxalame haa ilaallu.

1).Sinbirroo koo yaagobbaa baarii

Harmeekoo nagumaan taa'i

Walargaan keenya guyyaa waaqi.

Baala geeshee maraa daadhii

Yaa haadha deessee

Egaa hingeesssee nagaan taa'i. Ayinataa Balaayinaa, Afgaaffiin Adoolessa 12/2012

Afwalaloowwan faaruu armaan olii kunneen kan agarsiisan durbi heerumaaf kaate kun haadha ishee dhiiftee deemuuf waanjettuuf haadha ishee kanaan egaa adda baaneerraa guyyaan gargar bahuu keenyaa osoo hinbeekamin waandhufeef gaaf tokko walarguu dandeenya jettee yeroo itti nagaan dhaammattu namatti agarsiisa. Keessattuu buufanni tokkoffaan kan ibsu haadhakoo ishee nadeessee rakkoon sirra hingahin nageenya qabaadhu naafjiraadhu. Amma gargar bahuun gaheera waanta'eef guyyaa waaqi jedhe walarginaati jettee bifa mararoon deessee ishiif nagaayeroo dhaammattu argama.

Haaluma walfakkaatuun afwalaloon haadha faarsuuf yeroo nagaan dhaammatan dhimma itti bahama kan biraa dabalataan yoo fudhannee ilaalle ergaa isaan dabarsan kallattii kan ta'eefi bu'a qabeessumaan isaa hawaasaan itti amanameeti. Afwalaloowwan faaruu haadhaa kanneen keessaa seenaa haadhaan walqabsiisee jiru haalaallu.

1) Hennaan haama yaa mukkee

Hinaftaa hin ijeerrattuu

Seenaan dhaama yaa ammushee

Hinraftaa hindhaggeeffattuu

Henna busaasee laganaa

Seena mucaa keetu ammanaa

Hinrafin dhaameetan galaa

Hennaan haama yaa haroo

Henna ishee mataa dhanquu

Seenaan dhaama yaa haadhakoo

Seena ishee imimmaan duwwaa

Hinrafin dhaggeeffadhuu

Rafnaan hindhaggeeffattuu.. Baftaayee Bulchaa, Afgaaffiin Hagayya 11/2012

Dabalataanis afwalaloo faaruu haadhaa armaan olii kan bifa mararoon dhiyaate kana irraa kan hubatamu shamarran yeroo heerumaaf ka'an seenaa yeroo dhaaman agarsiisa. Kunis shamarrin sun boohaa haadha isheef seenaa imimmaaniin guute haadha ishee biraa deema jirtuuf sibiraa deemaan jira waanta'eef nadhaggeeffadhu turtii aniifi ati walbiraa qabnu

kanumaati.Jajjabaadhu nagaan taa'i utuun sijaalladhuun sidhiisee sibiraa deemaa jiraa jettee mararamaa yaada ishee yommuu ibsattun namatti agrsiisa.

Gama biraan shamarran yeroo heerumaaf ka'an seenaa haadha isaaniif yommuu dhaaman faaruu dhimma haadhaan walqabatee jirutti dhimma bahu.Faaruleen kunneenis hedduu yommuu ta'an isaan keessaa kan armaan gaditti dhiyaate ergaan isaa xiinxalame.haalaallu.

1) Yaa leensituu birraa

Margoo labbeessa'ee

Yaa guddiftuu Ijoollee

Shittoon fixeensa'ee

Sittoon hinqilleensa'ee

2,Qamadiidhaa mannaa

Garbuu jiidhaa wayyaa

Kan qolasheetti haftu

Nu durbeedhaa mannaa

Yartuu dhiira wayyaa

Kan haadha isheetti haftu..Baftaayee Bulchaa,Afgaaffii Hagayya 11/2012

Haaluma walfakkaatuun mararoon durbi heerumaaf kaate haala kanaan haadha ishee faarsaa ergaa haala ishee yeroo sanaan walqabatu dabarfattus naannoo kanatti beekamaadha.Egaan afwalaloo faaruu bifa armaan oliitiin dhiyaate kun kan ibsu shamarran heerumaaf kaate tokko haadha ishee guddifte qophaatti dhiiftee yeroo deemuuf jettutti seenaa isheen dhaamtu kan agarsiisuudha.Kallattii kootiin sitti qaawweeraa beeki.Naguddiftee nadhabaa jirta jettee haala kanaan ibsitiif.

Dabalees buufata itti aanu keessattis isa oliin walqabsiisuun gaafa durba godhatte sitti bade,utuu iddookoo dhiira godhatteetta ta'ee siifgaarii ture.Ilmoon dhiira sibiratti hafee rakkoo keessatti sigargaara ture.Nuti shamarran meeqa taanee jiraannuyyuu hamma dhiira tokkoollee siifgahuu hindandeenyu.Homaa miti jajjabaachuu malee falli hinjiru,kennaadha. Obsii nagaan naaftaa'i jajjabinan siifhawwa jettee mararoo kanaan nagaa dhaammatti.

Haaluma walfakkaatuun akka odeefkennituun aadde Ayinataa Balaayinaa afgaaffii Adoolessa 12/2012 isaaniif taasifameen himanitti shamarran yeroo durii haadha isaaniif

gama faaruu kanaatii haadha isaaniif ergaa barbaadan dabarsuu akka danda'an fakkeenya armaan gadii kennuun yaada gama kanaan jiru irratti hubannaa jiru qorataaf qoodanii jiru.

Yaa harmee yaa haadhakoo
Siinmulladhuuree gaafa gabaallee,aara manaallee
Utubaa golaa muki hirkoo cabee
Yaa harmee yaahaadhakoo
Ormillee hinsobaa situ hirkoo dhabee
Ati hirkoo hindhabne yaa haadhakoo
Natu iddoo dhabee mana ormaa dhaqee
Haadha ormaatti hafe
Goorrookee duubaa har'aaf nandhiitaa
Jabboota yaasee durba dachaasee
Bor ittan dhiisaa orma fakkaadhee
Karaa mana kee hindhufuun dharaa
Hinbuluun galaa
Karaa manakee qoraattiin cufii goraan danqarii
Qoraattiin mukaa goraan nabutaa
Wayyaakoo kutee garaa nakutaa
Muka jaarii yaa ambabbeessaa
Dargaggoo jaarii yaa dargaggeessaa
Meerre imimmaanni kan nageggeessaa
Naafidi harmeekoo maxinoo silaa
Durbeefan hira
Durbeen hanyaattu
Kan bor nayaadduu.. Ayinataa Balaayinaa,Afgaaffii Adoolessa 12/2012

Yaada kanarraa kan hubatamu durbi heerumaaf kaate tokko seenaa duraa kaasuudhaan haadha isheetiif haala maararsiifannaan yeroo ergaa ishee dabarfattu ni mul'ata.Kana keessattis gocha duraan haadha isheef gochaa turte kaasuudhaan haadha ishee garaa raafti.Dabaltees ati nadhabuuf deemta anis akkasuma sidhiiseen gara ormaa deema jira.Ani kanaan booddeen kan alagaati.Har'umaafan manakee ho'isaa malee har'aan booda sirraa addaan baheera mana kee kana dhufuunuu rakkoo natti ta'uu mala jettee bifa mararteen

nagaa itti dhaammatti.Karaan mana kee kana booda akka durii hinho'u yoon dhufe illee buluun hinjiru deebi'anii galuu malee kanaafuu ammuman nagaakoo sitti dhaammadhee sirraa addaan baha yaada jedhu of keessaa qaba.Kanumaan walqabsiistee hiyyoota ishiittillee yammuu nagaa dhaammattu adda bahee namatti mul'ata.Keessattuu boossanii nan geggeessitanii jettee yeroo garaa isaanii raafu nimul'ata.

Gabaabumatti haala kanaan ergaa walkeessaa yaada ishii keessa jiru mara haadha isheef gama faaruu kanaafi kan ergaa akkasii qabuun jaalala haadha ishee mul'isaa nagaa dhaammachuun akka danda'amu ifa bahee kan mul'atuudha.Haaluma walfakkaatuun kan odeeffannoo warri qorataa kanaaf kennan dabalataan kaasa yammuu ilaalamu yaaduma kana dabalee kan jajjabeessuudha.

Birriidhaa jettee Birriituu gattee

Birriinoo dhagaadhaa shaggarii bituu

Ana birriituu eessumaa fiduu.. Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffii Adoolessa 16/2012

Yaada kanarraa kan hubatamu durbi heerumaaf kaate tokko maatii isheetti nagaa dhaammachuuf yeroo barbaaddetti bifa mararoon yeroo itti dhimma baatu namattu mul'isa.Kunis ana dhala keessan maaliif birriif jettanii nadhabdu ana isiniif hinwayyuu jechuun bifa mararsiifannaa qabuu kan dhaammattuudha.Gabaabumatti waraabbiin kun haadhatti kallattii ittiin durbi heerumaaf kaate tokko nagaa ishee dhaammatee gargar irraa baatu ifoomsa.

Dayeekoo yaa tolchituu qarree waanaammaltuu jennaan

Karra dhaalaa naawwaalaa dhaqi iddookee jettee

Abbaakoo waanaammaltuu jennaan

Karra dhaalaa na awwaalaa dhaqi iddookee jedhee

Fidi irbaata koo ijibbaata koo

Fidi daadhiikoo kanaan daariikoo

Ormaaf daadhiidhaa

Anaaf daariidhaa...Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffii Adoolessa 16/2012

Gama afwalaloo faaruu kanaatiin ammoo ani adeemuuf waanan jedhuuf fala yoo qabaattee naafali.Ani gama kootiin malan maladhu waanan dhabeef ati ammoo mala hindhabduutii jechuun keessa keessa nagaa dhaammatti.Nagaa dhaammachuu kana keessattis erga

deemuun koo hinoolllee gaheekoo naafkennii nageggeessi deebi'ee dhufee sihinrakkisuuti jechuudhaan ergaa nagaa dhaammachuuf ishee barbaachisu dabarfatti.

Kanumaan kan walqabatu weellistoonni tokko tokko kan akka Hawwii H/Qananiifi kanneen biroon bifa ammayyeessuutiin yeroo nagaa dhaammachuu ibsan ni mul'ata.

4.2.1.3. Haadha duute ittiin yaadachuuf

Ogafaan hundumtuu akkaataa tajajila isaaniin yoomessa mataasaanii eeggachuun dhimma barbaadameef ooluun isaanii beekamaa akka ta'e,faaruun dhimma haadhaan walqabatani dhiyaatan kunis haaluma oliin qoqqooddii isaa qabatee hojiirra oola.Akkuma yeroo jireenyaan jirtu haadha ishee faarsitu erga haati ishee duutes haala jiru keessa taa'uun yaadannoo haadha isheef qabdu ibsuu nidandeessi.Kunis kanneen haadha qaban yeroo akkitaa ishiin jirtuun seenaa dhaamaniif kan haati irraa duute kunis haadha dhabuu isheef garaan ishee raafamee seenaa hiyyummaan walqabate baastee faaruu kanaan ibsiti.Afwalaloowwan faaruu kana keessaa muraasa akka fakkeenyaatti armaan gaditti fudhatamuun ergaan isaa xiinxalamee jira.

1) Buttoo naafidaa

Awwaan diigaa

Kaabiin tamsaasaa

Harmeen barbaadaa

Guddisaasee cabdee

Uwwisaasee dhabdee

2).Yaa hilleettiif dhaddee

Yaa afaa boollarraa

Yaa hiyyeeyyii hinbannee

Warri haadha hiqabnee

Kanafaa boonyakaa...Burraaqaa Dhaasaa, afaaffii Adoolessa 16/2012

Ergaan walaloowwan armaan olii kan agarsiisu intalli heerumaaf kaate kun haati ishee waan irraa duuteef guyyaa heerumaa ishii kanatti haadha ishee ofbiraa dhabdee yeroo itti seenaan haadha ishee kun itti dhagahamuudha.Kanarraa kan ka'e yeroo itti faaruudhaan gadda haadhashee kana ibsattu kan agarsiisuudha.Keessumattuu bo'oo"Guddisaasee cabde" Uwwisaasee dhabde"jedhu kuufama yaadaa bal'aa qaba.Kunis yeroo itti haati ishee kan

rakkattee qomaaf dugdatti baattee rakkinashee hunda dandeessee guddiste irraa du'uu ishii irraa kan ka'e uffanni sheef qophaa'e lafatti hafnaan waa'een ishee itti dhagahame haala kanaan gadda keessa ishee yeroo ibsattu kan agarsiisuudha.

Itti dabaluuudhaanis buufanni lammaffaan ammoo garaagarumma nama haadha qabuufi hinqabne gidduu jiru walcina qabuun ergaa keessa ishee jiru yommuu dabarfattu kan agarsiisuudha. Warri haadha qabu kooree jiraata. Nuyi warri haadha hinqabne hiyyummaan miidhamaa jiraanna jechuun ibsiti. Kana irraa ka'uun boonya jechuun seenaa haadha ishee keessa isheetti dhagahame namoota ishee cinaaf haala kanaan yommuu dabarsitu namatti agrsiisa.

Dhumarrattis faaruleen dhimma haadhaan walqabatani jiran kunneen dhaloota boodaaf dabarfamuu akka qabaniifi itti fufiinsa akkanni qabaatu gochuun barbaachisaadha. Kunis keessattuu jaarsoliifi beerran beekumsa gama afwalaloo kanaan qaban dhaloota booda isaaniif afaaniin gumaachaa yoo deeman lubbuu horatee dhaloota itti aanuuf darbuu danda'a.

4.3. Yoomessa faaruu haadhaa

Ogafaan adda addaa akkuma qabiyyee, ergaafi yoomessa isaanii qabatani dhimma itti bahaman faaruleen dhimma haadhaa irratti jiran yoomessa keessatti dhimma itti bahamu kan mataasaa kan qabuudha. Kanumaan walqabsiisuun akka odeefkennaan Abarraa Ayyaanaa (8/10/12) fi Raagaa Caalii (10/03/13) duraa duubaan ibsanittifaaruun bakka gara garaafi yeroo gara garaa keessatti faarfatomuu danda'a. Isaanis bakka dabootti, bakka cidhaatti, yeroo durbi heerumaaf kaatu, namoonni adda addaa yeroo sababa cunqursaa adda addaaf biyyarraa fagaatanii jiraatan, yeroo haadha duute yaadatan, dirree waraanaa fa'aa itti faarfatomuu danda'a jechuun seenaa duriin walbira qabani ibsanii jiru.

Haata'u malee yaada gaafatamtootaa kana duukaa kan kaafame faaruleen kunneen yoomessa akkasii qofa keessatti faarfatomuu qaba jedhamee daangaan itti kaa'ame akka hinjirre dubbataniiru. Sababni isaas namni tokko yeroo waa'een haadhasaa itti dhagahametti osoo daandii irra deemuu, callisee otuu taa'aa jiru, dalagaa adda addaa osoo dalagaa jiruullee haadha isaa faarsuu danda'a jechuun yoomessa adda addaa keessatti akka hojiirra ooluu malu ibsanii jiru.

Gama biraan ammoo faaruun yoomessa garagaraa keessatti hojiirra oolu kun haala ergaa isaa qabatee dhalataa boodaaf darbuu kan qabu yommuu ta'u namni muuxannoo kana qabu kamuu dabarsuu qaba. Kunis irra caalaatti kan ilaallatu beektota Oromoo kanneen waa'ee Afaan Oromoo irratti beekumsaafi muuxannoo gahaa qabaniifi kanneen hojiilee adda addaa gama ogbarruu oromoo irratti bobba'anii jiran kallattiin kan ilaallatuudha. Sababni isaas ogafaan oromoo gara baduutti deema waanjiruuf beektonni dhimma afaaniifi ogbarruu irratti muuxannoo qaban keessumattuu barsiisonniifi hojjetoonni waajjira Aadaaf Tuurizimii ogbarruu oromoo kana hawaasa keessaa walitti qabani bifa barreeffamaatiin kaa'uun dhaloota dhufuuf dabarsuu qabu jechuun odeeffannitoonni marii gareefi afgaaffiin yeroo adda addaatti waliin taasifame kallattii kaa'aniru. Yaada isaanii kanarraa wanti hubatamu ogafaan oromoo osoo hinbadin itti fufsiisuuf hirmaannaan hayyoota ogbarruu, xiinqooqaafi qorattoota seenaa adda addaa murteessaa akka ta'etu hubatama.

Gabaabumatti qabeenya hawaasaa kana dhalootaaf dabarsuun hunduma kan ilaallatu ta'ee irra caalaatti garuu namoonni baratan kanneen dalagaan isaanii kanaan walqabataa ta'e jaarsoliifi beerran umriin deeman kanneen odeeffannoo kennuufii danda'an irraa qorachuun haala seera qabeessa ta'een barreeffamaan qindeessanii waajjira Aadaafi Tuurizimii naannoo isaanii jiru keessa olkaa'uun akka hindagatane gochuun isaanirraa eegama. Kunis kan ta'uu danda'u hojjetoonni waajjira aadaafi tuurizimii gama isaaniin irratti xiyyeeffachuun namoota addaa addaa dhimma kanarratti hubannoo qaban bira deemuun bifa isaaniif danda'ameen barreeffamaan, waraabbii sagaleenfi suur-sagaleen hubannoo hawaasichaa walitti qabani akkaataa barbaachisummaa isaatti olkaa'uun gahee isaanirraa eegamu bahuu qabu.

Itti dabaluunis barsiisonni afgaaffiin yaada kennan (Boggaalee Leencaa 10/12/2012 fi Yusuuf Muusaa (5/12/2012) qaamoleen dhimmi kun ilaallatu jaarsolii, beeraniifi beektota ogafaanii irraa walitti qabuun qaama dhimmi isaa ilaallatuuf dabarsuun keessattuu yeroo kitaabileen maxxanfaman illee qabiyyee isaa keessa galchani akka maxxansaniif kallattii kaa'uun akka qabiyyee barnootaa keessa galu taasisuun dhaloonni boodaa akka hubannoo argatan gochuun akka irraa eegamu ibsaniiru. Dabalees, yeroo barnoota daree keessatti akkaataa barbaachisummaa isaatti qabiyyeen walsimsiisuun hubannoo hanga muraasa barattootaaf kennaa demuu gumaacha buusaa deemuudha.

Gabaabumatti yeroo masammasi kitaabaa adeemsifamu mara yaada gama ogafaan oromoon jiru qeeqa jiru waliin qaammolee olaano dhimmi isaa ilaallatuuf dabarsaa adeemuun isa barbaachisaadha. Keessattuu yeroo barnoonni Sirna Gadaa kennamuuf jedhu kanatti barsiisonni Afaan Oromoofi barnoota kanaan walqabatu barsiisan marti qabeenya hawaasa isaa kan ta'e ogafaan kanaafi kannen biroo lafa qabsiisaa deemu qabu. Dabaluunis gumiiwwan ogafaan Oromoon waqabatu ijaaruun dameewwan ogafaani tokko tokko kanneen yeroo gabaabaa ta'e keessatti hawaasa mana barumsaa keessa jiran bohaarsaa ergaa kallattii adda addaan dabarsan ijaaruun dhalootaaf dabarsaa deemuun gahee barsiisotaa akka ta'e barsiisonni yaada kennan kunneen lafa kaa'nii jiru.

Sababni isaas barattoonni waa'ee faaruu haadhaa irratti hubannoo gadi fagoo akka qabaataniifi dabalataanis maatii isaanii irraas odeeffannoo gahaa akka argataniif isaan gargaara. Kun ammoo ogafaan Oromoo haala barbaadameen osoo lafa irraa hinbadin dhalootaaf akka darbuuf hedduu waan gargaaruuf jedhameeti. Akkasumas gosoota ogafaanii kanneen biroollee akkaataa barbaachisummaa isaaniitti barnoota dareen cinatti hubannoon isaa akka horatamaa deemuuf itti dabaluun osoo barsiifamaa deemanii gaarii ta'a.

Gama biraan immoo akka obbo Moyisaa Ta'eera(10/12/2012)fi obbo Taarikuu Oljirraa (8/10/2012) jedhanitti jaarsoliifi beerran gosa ogafaan Oromoo beekan kamiyyuu hamma lubbuun jiranitti qabeenyaan hawaasaa kun akka hinbadneef gumaacha irraa eegamu hanga danda'an gahee irraa eegamu akka bahuu qaban ibsanii jiru. Kunis Odeeffannoo barbaachisaa iddoo barbaachisaa ta'etti kennuun qaama akka yaada laannuuf nugaafate kamiifuu barnoota laachuuf boodatti kan hinjenneedha jechuun yaada isaanii addeessanii jiru. Gama namoota Afaan Oromoofi Ogafaan oromoo kana jajjabeessuuf tattaaffii gochuu barbaadaniif dhaamsa nuti qabnuuf kan isaan jajjabeessuudha.

Kunis namoonni afaan kana lubbuu itti horaa deeman gama adda addaan yeroo waa'ee dhimma afaan kanaa kaasaniif ittiin hojii geggeessan ogafaan oromoo kana duukaa babal'isaa akka deeman gochuu qabu. Itti dabaluudhaanis kanneen afaan kanaan kitaaba, barruuleefi kkf. barreessuu barbaadaniif yeroo afaan kanaan barreessan kamittuu barreeffama isaanii keessatti iddoo barbaachisutti gosoota ogafaanii adda addaa galchuun ergaa achi keessa jiru hubachiisaa barnoota sanaan cinatti akka ogafaan kun akka dagaagu gochuu qabu. Kana malees, haasaa adda addaa yeroo adeemsiisanillee dameelee ogafaani jiran

yaadachiisaa tursiisuuf keessa galchaa dhimmarra oolchaa deemuu akka qaban namoonni kunneen yaada isaanii dabarfataniiiru.

Walumaa galatti afwalaloon faaruu haadhaa kun akka lafarraa hinbadneef namni kamiyyuu waan isaaf danda'ameen gumaacha gochuutu isarraa eegama.Kunis kan barreessee olkaa'uu danda'u barreeffamatti jijjiiruun dhalootaaf kaa'uufi akkaataa danda'ame kamiinuu namni kamuu gumaacha irraa eegamu bahuu akka qabutu yaadicharraa hubatama.

Dhumarrattis odeefkennitoonni kunneen faaruleen dhimma haadhaan walqabatani jiran kun yeroo kamittuufi iddoo kamittuu dhimma itti bahamuun akka danda'amu kaasuun yoomessa isaafi ergaa inni achi keessatti dabarsu duukaa kaasanii jiru.Akka fakkeenyaatti lafa hojiitti,baakka cidhaatti,iddoo rakkoon nama mudatetti,quufa keessatti,beela keessatti dhimma itti bahamuu danda'ama jechuun fakka isaa waliin lafa kaa'anii jiru.Kanumarraa ka'uun qorataan kunis faarulee dhimma haadhaan walqabatani jiran hedduu keessaa muraasa fudhachuunyoomessa isaan keessatti dhimmarra oolaniin qooduun ergaan isaanii xiinxalamani kaa'amani jiru.Kunis shamarran yeroo heeruman jaalala haadhaa ibsuuf faaruun dhaaman,namoonni yeroo rakkoo adda addaaf biyyarraa fagaatan kan ittiin faarsan, kanneen yeroo haati irraa duute ittin yaadachuuf faarsanfi kkf.ittiin agarsiisan gaditti ibsamani jiru.

4.3.1.Yeroo Hiyyummaaf biyyaa deeman

Hawaasni ykn namni tokko yoo jireenyi toluufii ykn mijaahuufii didu osoo hinjaallatin rakkina sana keessaa bahuuf haadha isarraa fagaatee jiraachuu filata.Yeroo kanas rakkinuma sana keessa taa'ee haadha isaa yaadachuun faaruu haadha isaa ittiin yaadatuun haadha isaa faarfata.Yeroo faarsu kanas gama tokkoon waa'een haadhasaati kan itti dhagahamee garaa isa raasu yommuu ta'u gama biraan ammoo rakkinasaa sana itti obsuuf abdi borii isaa ittiin yaaduuf ta'uu mala.Akka fakkeenyaatti yaada kana ibsuuf afwalaaloo faaruu haadhaa jiran keessaa kan yeroo namni tokko sababa gara garaaf jedhee haadha isaa dhiisee bakka biraa jiraachuun yaada isaatti waandhgahame haadha isaaf ibsu marii gareen kan oddefkennitoota irraa fudhatamee armaan gaditti xiinxalamee jiru haa ilaallu.

1) Utuman galaa qabuu nuugii naaf galaasanii

Utuman maqaa qabu kuulii naaf moggaasanii

Kuulii jennaan owwaadhee

Fuudhi jennaanan baadhee
Waan sareen nyaattu nyaadhee
Waanharreen baattu baadhee
Amman dhufaa bartokkoo
Yoo waaqniif lafti jedhee
Yoo deemnaan milkiin tolee
Yoo ciifnaan abjuun tolee.....Dhugaasaa Lamuu, marii garee Sadaasa 10/2013

Yoomessi afwalaloo faaruu haadhaa kun kan agarsiisu namni kun sababa rakkinnaa irraa kan ka'e biyyaa bahee haadha isaa irraa fagaatee jiraachaa waanjiruufi itti dabalees namni kun biyya ormaa keessatti garba ta'ee hojjechaa jiraachuu isaa kan ibsuufi yeroo kana keessatti haala jiruuf jireenya isaa haadha isaatti faaruun ibsachuu isaa agarsiisa. Akkasumas osoo hojjetu illee tuffatamaafi hacuucamaa jiraachaa haaluma kana keessa taa'ee seenaa haadhasaa kana yaadachuun achumatti illee rakkoo kana keessaa bahuu waandadhabeef gaaf tokko gaafan rakkoo kana keessaa bahe walarguu dandeenya yaada jedhu kan ibsu ofkeessaa qaba. Rakkinni biyyaa akka nama baasuufi haadha ofii irraa akka nama fageessu kallattii ifa ta'een ibsuuf yaalee jira. Keessattuu maqaa inni qabuunillee waamuu dhiisanii yeroo akka barbaadanitti akka isaaniif ta'utti waaman illee akka jirutti cimsee kaasa. Sababa hiyyummaa irraa ka'uun kan barriifi qabeenyaan harka jiru akka barbaadetti yeroo nama ergatu jecha barbaade yeroo namaan jedhu walaloo kana keessatti ni mul'ata. Haala kanaan afwalaloo faaruu dhimma haadhaa kaasuun yaada namatti dhagahameen walqabsiisanii miira ofii kallattii barbaadaniin ibsachuun akka danda'amullee walaloo olitti kutamee fudhatame irraa hubachuun nidanda'ama.

Dabalataanis haaluma olitti ibsameen afwalaloon faaruu haadhaa ergaa kana fakkaatu hawaasaaf dabarsan kanneen biraan kan jiran keessaa yoo ilaalle;

- 1) Yaa immaammushee
Allaattiittan dhaammadha
Allaatiitu waangadhee
Raaq bira hindabarree
Qilleensattin dhaammadhaa
Qilleensatu waangadhee

Muka bira hindabarree

Harmee galaa qamadii

Amman galaa gammadii....Abarraa Ayyaana,marii garee Waxabajji 8/2012

Akka odeefkennaan kun fakkeenyaan deeggaranii yaada kana kennanitti yoomessi faaruu afwalaloo armaan olii yommuu xiinxalamu namni haala kanaan faaruun waa'ee haadha isaa kaasu kun haadha isaa irraa sababa rakkoo hiyyumaa irraa ka'een haadhasaa dhiisee adeeme yeroo bifa kanaan faarsu argina.Namni kun haalli inni ittiin haadha isaa wajjin walquunnamu waan dhibeef/rakkiseef seenaa yommuu dhaammatu nimul'ata.Kunis akka yaada walaloo kanaatti rakkoo hamaa keessa taa'ee iddoo yaada isaa gahuu kan dadhabeefi nama amanullee dhabee akka rakkataa jiru ifa baasa.Ta'us rakkina isaa kana keessa taa'ee yaada jajjabinaa qabaachaa guyyaa tokko galuu akka danda'uufi yaaddoo haadha isaa obbaafachu akka danda'u dubbata.

4.3.2.Dhiibbaa/cunqursaa baqaaf yammuu biyyaa deeman

Namni tokko sababa dhiibbaa siyaasaa yookaan dhiibbaa nama dhuunfaa irraa kan ka'e biyya isaa irraa fagaatee yookaan biyya gadi lakkisee yoo deemu haadha isaa kana yaadee faarsuu danda'a.Kanas faarulee yaada isaa kana ibsaniifitti dhimma bahuun ergaa isaa dabarfachuu danda'a.Yaada kana cimsuuf kan namoonni afgaaffiifi marii garee keessatti kaasan akka fakkeenyaatti fudhannee yammuu ilaallu kan obbo Moyisaan afgaaffii isaaniif taasifameirratti kennaan yaadicha kan cimsuudha.

1) Dhaamodhee haguuggannaan

Ni boona naan jedhanii

Didhaadhaaf manaa baanaan

Ni joore naan jedhanii

Da'iikoo yaa soorettii

Hinhafu akkan joorettii

Nan gala akkan boonetti... Moyisaa Tayeeraa, Afgaaffiin Hagayya 10/2012

Ergaan afwalaloo armaan olii kana irraa wanti hubatamu namni tokko dhiibbaa isarra gaheen yoo biyyaa deeme faaruu haala kanaan dubbatamuun yaada isaa ibsachuu akka danda'u nama hubachiisa.Yaadni afwalalichaa kan ibsu namni kun dhiibbaa siyaasaa irraa kan ka'e dirqisiifamee maatii isaa irraa adda bahee fagaatee jiraachaa waanjiruuf yeroo itti

haadhasaa kana akka yaade faaruun ibsatuufi gaaf tokko yoon cunqursaa kana jalaa bahe yookaan yoon bilisummaa argadhe walarguu dandeenya jedhee yeroo itti faaruun haadhasaa kanaaf dhaamsa darfachuu barbaade waliin walqabsiisee ergaa dabarfatu argama.

Haaluma walfakkaatuun faaruun namani dhiibbaaf biyyaa deeme itti dhimma bahu kan biraa yammuu ilaallu yaada wafakkaataa kan dabarsudha. Yaada kanas kan odeef kennitoonni marii garee keessatti kaasan keessaa kan obbo Raagaan kaasan fudhannee yeroo ilaallu yaadicha sirriitti kan ibsuudha. Kunis icciitii jiru kan ibsuufi rakkoo nama dubbatu dubbatu sanaa kan ifa baasuudha.

1) Asabiin bu'een oolee

Biyya ashaboof soogidda

Kakakii du'een oolee

Baga oolte boo'ichaa

Sabbata dheeraa fo'ii

Yoon du'eef ittiin boossaa

Yoon galeef ittiin boontaa...Raagaa Caalii, marii gareen Sadaasa 10/2013

Akka yaada walaloo faaruu kanaatti namni kun duraan rakkoo hedduu keessa darbuu isaafi du'a baqatee haadha isaa isa deesse dhiisee deemuu isaa yommuu inni ibsatu argarsiisa. Kunis dhiibbaan isarra gahe sun gama dinagde, siyaasafi kan biroon ta'uu mala. Garuu gama kamiiniyyu haata'u namni kun haadha isaan бага gadda oolte siduraa du'uufan ture garuu ooleera jechuun yaada isaa yammuu ibsatu argina. Ammas kaninni dhaamu jajjabaadhu sabbataan garaakee hidhadhu yoon du'ee naaf boossee dhiifaa yoon gale ammoo gammadde boontee jiraatta jedhee seenaa dhaamaaf. Gabaabumatti ergaan walii galaa afwalaloo faaruu haadhaa gama kanaan dhiyaate kun faaruleen dhimma haadhaan walqabatani jiran dhiibbaa adda addaa irraa ka'uun namni tokko du'aafi cunquraa baqatee haadha isaarraa fagaatee yommuu jiraatu seenaa isaa ibsaa ergaa barbaade kan ittiin dabarfachuu danda'u akka ta'e calaqqisiisa.

4.3.3. Yeroo Dirree waraanaa jiraatan

Gama biraan ammoo namoonni yeroo cunqursaa gama siyaasaan isaanirra gahe jalaa dheessuuf jedhanii gara biraa deemaniifi deemuuf jedhan haadha isaanii yeroo bifa sirbaan dhaaman illee nimul'ata. Kanas sababa ittiin deeman ykn deemuuf jedhan ittiin haadha

isaaniitti ibsuufi qabata kanaan namoonni biroonillee akka beekan taasisuuf jedhameeti. Akka fakkeenyaatti sirba Eebbisaa Addunyaa fudhannee yommuu ilaallu yaada kana nidhugoomsa.

Ayyookoo boontuu koo

Naaf daakii galaakoo

Jiraannaan nan nyaadhee

Duunaan sadaqaakoo..sirba Eebbisaa Addunyaa(1988) keessaa kutamee kan fudhatame. Yaadni isaa kun kan ibsu haadhakoo ani cunqursaa jibbee deemeera waanta'eef jabaadhuutii akkuma dura najiraachisaa turtetti nayaadadhu yoon jiraadheef galeen siharkaa nyaadhaa yoon du'e ammoo naaf boossee dhiiftaa jechuun gama siyaasaan walqabsiisee haadha isaaf dhaamsa barbaade yeroo dabarsuuf nihubatama. Kanumaan kan walqabatu bifa sirba ammayyaatti jijjiiruun kanneen faaruu kanaan haadha isaanii yaadani arguun rakkoo itti ta'es kan akka weellisaa Abbitew Kebede yeroo ittiin ergaa barbaadan dabarafatan nimul'ata. Haaluma kanaan namoonni yeroo adda addaatti fedha isaaniinis ta'ee dirqamaan gara dirree waraanaa deemuun waanuma baramaadha. Yeroo kanas haadhaafi firoottan isaanii dhiisuun dirqama isaan irraa eegamu bahuuf iddoo sanatti rakkolee adda addaa isaan mudatu mara dandamatani keessa darbuuf nidirqamu. Kana keessattis maatiifi haadha isaanii yaaduu irraan kan ka'e waankeessa jiraniifi ergaa dabarfachuu barbaadan ogafaan adda addaan baasanii ibsachuu danda'u. Keessattuu gama faaruu haadhaan yaada isaanii baasanii akka ibsatan namoonni yaadni irraa fatame ibsanii jiru. Kanas bifa yaada nama sanaa guutummaatti ibsuu danda'uun qindaa'ee kan dhiyaatu akka ta'e obbo Shifarraa Olaanaa, marii garee Hagayya 8/2012 keessatti kennaniin hubatameera.

4.3.4. Yammuu Haadha duute yaadatan

Afwalaloon faaruu haadhaa dabalataan namni tokko yoo haati isaa irraa duute gocha isheen dur godhaafii turte yaadate booda erga haadhi isaa irraa duute akka durii sanatti jiraachuu waandadhabeef waa'ee haadha isaa kana yaadatee yeroo itti faaruun ibsatu jiraachuu mala. Kanamalees namni haadha qabu tokko yeroo haadha isaan boonu ykn waa'ee haadhasaa yeroo kaasu kan hinqabne ammoo miira gaddaa keessa galuun haadhasaaf seenaa dhaama. Seenaa kana yeroo dhaamus faaruwwan dhimma haadhaan walqabatani yaada isaa kana ibsuufii danda'anitti dhimma bahuun ergaa isaa dabarfata. Yaada kanaan walqabsiisuun

akka namoonni odeeffannoo kennan jedhanitti gama afwalaloo faaruu kanaan namni haadha hinqabne tokko yeroo waa'ee haadha isaa duutee yaadatu faaruu kanaan ergaa barbaade dabarfachuu akka danda'u fakkeenyaan deeggaruun ibsanii jiru.Kanneen isaan kaasan keessaa akka fakkeenyaatti kan fudhatamee ergaan isaa xiinxalame jiru yeroo ilaallu yaada olitti kaafame kan cimsuudha.

1)Yaa harmee harma dachaa

Situ dayee nabadachaa

Utuun akkana se'ee

Taa'ee xaafii siinqonnee

Gogeessa galeen ciisee

Akka kootaa karkarroo

Mar'umaan mareen ciisee

Akka moofaa qalqalloo

2).Ammeekoon jedha garuu

Eessakoon dhaqa garuu

Duuteetu badde malee

Ammatuu yoona geessee

Masaanee kiyyoo keessee

Yoona maaf hingahinii

Rakkoo mucaakee hinarginii

Manakee duubaa cabee

Maaf kaatee hinarginii

Mucaakee hiyyumni qabee

Maaf kaatee hinarginii.Abarraa Ayyaana, marii garee Waxabajji 8/2012

Akkuma olitti ibsame ergaan afwalaloo faaruu haadha armaan olii kun kan agarsiisu kan lakkoofsa/buufata lammaffaa irratti argamu namni kun dura yeroo haati isaa jirtu akka fedhetti nyaatee dhugee jireenya gaarii jiraachaa turuu isaa kan ibsuufi amma garuu haati isaa kun irraa duutee yeroo itti hagabuu isaa bulee oolee garaa isaa maree jiraachaa kan jiru akka ta'e namatti kan agarsiisuudha.Keessumattuu bo'oon walaloo "mar'umaan mareen ciisee akka moofaa qalqalloo"jedhu yaada armaan olii kana sirriitti kan ibsuudha.Afwalaloo faaruu bifa kanaan dhiyaate kanarraa dura namni kun waan haati isaa duutu itti hinfakkaatu

ture.Garuu boodarra erga haati isaa duute dura waangaarii siifgochuun dhiise jedhee yeroo inni gaabbu namatti agarsiisa.

Dalataanis afwalaloon lakkoofsa 2ffaa irratti argamu kan agarsiisu namni kun haatikoo osoo yoona lubbuun jiraattee rakkoon kun na hinqaqqabu ture.Rakkina kana keessaa nabaasuu dandeessi jedhee yeroo itti waa'ee haadhasaa kana yaadatu kan agarsiisudha. Du'uun kee waanbaay'ee natti hir'isee jira.Utuu naduraa du'uu baattee rakkinakoo hedduun sitti himadhan ture.Garuu rakkina keessatti nagattee deemte akkasumas najalaa callifte waanan godhu hinqabu yaa haadhakoo jedheen seenaakee kaasa jedhee haala qindaa'aa kanaan ergaa isaa haalaan yeroo ibsatu kan mul'isu.

Itti dabaluuinis faaruleen waa'ee dhimma haadhaan walqabataniid dhimma itti bahaman kunneen yoomessa keessatti dhimmarra oolan kana irratti hundaa'uun yeroo durii haalaan kan faayidaarra oolaa turanidha.Haata'u malee yeroo ammaa kana garuu iddoo muraasa keessatti qofa kan mul'atuufi gara hafuutti dhufuun ummanni Oromoo naannichaa akka hirraanfatu ta'aa dhufee jira.Kanas akka namoonni odeeffannoon irraa fudhatame ibsanitti ogafaan Oromoon qabu hedduun isaa yeroo ammaa gara hafuutti akka dhufaniifi sababoota akka isaa hafa dhufan taasisan duukaa kaasuun fakkeenyaan deeggaranii dubbataniiru.

Kunis akka isaan kaasanitti kun kan ta'eef haalota dhimma aadaan walqabataniid jiraniifi aadaaf duudhaan Oromoo akka baduuf sababa ta'an tokko tokko irraa ka'uun akka ta'e ragaan isaan irraa argame ni ibsa.Kunis keessattuu akka isaan kaasanitti sababni inni duraa dhufaati amantiiwwan adda addaa naannoo kanatti babal'atee jiruun kan waqabate yommuu ta'u keessattuu erga amantiin ortodoksii naannichatti lafa qabatee kaaseefi amantiiwwan biroon naannicha keessa lafa qabataniid kaasee ogafaaniifi aadaawwan Oromoo akka badaa dhufan akka taasisee bal'inaan ibsanii jiru.

Dabalees,gara aadaa ormaan dhaalamuutti ykn jijjiiramuutti akka dhufe himama.Kunis namni tokko aadaa ykn ogafaan isaa tokko tokkotti yoo dhimma bahe amantii isaa salphise jechuun akka namoonni dhimma itti hinbaaneef dhiibbaa adda addaa waanirraan geessisaniif sodaa kana irraa ka'uun hawaasni naannichaa akka dagataa deemuuf dhiibbaa kan taasise amantii jiran akka ta'e addeessanii jiru.Itti dabaluuinis siyaasni yeroo ammaas hanga tokko gamaisaandhiibbaa uumee akka jiru dabalataan bira gahameera.Kunis hawaasni yoo faaruu

aadaa isaan miira isaa ibsate qaamoleen siyaasaa gara dhimma biraatti waanharkisuu danda'anif jedhamee waansodaatamuuf dhimma itti bahuu dhiisaa akka dhufe kaasani jiru.

Kanumaan walqabsiisuun faaruu haadhaas ta'ee ogafaan biroon mana barnootaa keessatti akka hinbarsiifamneef wanti dhiibbaa uume bal'inaan yoo hinjiraanne akkuma olitti ibsamee jiru dhimmoonni kanneen akka amantii naannoo kana keessatti heddumminaan waanbabal'atee jiruuf dhimmoonni aadaa hawaasaan walqabatani duraan turan amma hafaa dhufanii jiru. Kana irraa kan ka'es dhaloonni ammaa ilaalchaafi xiyyeeffannoo barbaachisu itti kennuu dhiisuun irra caalaatti akka dagatamu taasise jiru. Barsiisonnis haala kana keessa ta'uun yeroo ammaa kana akka mana barnootaa naannoo sanaatti aadaan Oromoo kun akka babal'atuuf jajjabeessuuf haayaalan malee haala barbaachisuun galma gahuufii hindadeenye. Kunis haala raawwii ogafaan sanaan kan walqabatu keessattuu sochii qaamaan walqabachuun kanneen adeemsifaman kan jiran yommuu ta'an kunis miiraan akka raawwatan yommuu taasifaman dhiibbaa amantaa ofii irratti geggeessuu danda'a jedhamee kan yaadamu waanta'eefi. Kanaaf jecha kanneen qabiyyee barsiifamu waliin kaa'amee jiru illee haala barbaadameen hojiirra oolchuun iddoo tokko tokkotti yeroon itti rakkisaa ta'u akka jiru namoonni odeeffannoon irraa fudhatame ibsanii jiru.

Dhumarrattis, afwalaloon faaruu haadhaa kun tasuma lafarraa akka hinbadneef wanti godhamuu qabu hawaasni xiyyeeffannoo barbaachisu gochuu akka qabu odeeffannoo kinnitoonni kunneen tuqaniiru. Kana malees qaamolee adda addaa akka ilaallatu odeeffannoo argame irraa hubatameera. Keessattuu akka obbo Daggafaa qasoo(10/03/2013) fi obbo shifarraa Olaanaa(8/10/2012) marii garee keessatti kaasanitti qaamoleen kunneen kanneen akka barsiisota Afaan Oromoofi ogbarruu Oromoo barsiisanii, kanneen barnoota sirna Gadaa barsiisan, kanneen aadaa barsiisaniifi hojjettoonni waajjira aadaaf tuurizimii keessa hojjetan adda durummaan akka isaan ilaallatu yaada kenname irraa adda baafamee jira. Kunis barsiisonni yeroo mana barnootaatti barattoota barsiisan xiyyeeffannoo keessa galchuun akka isaan hubannoo horatan gochuun akka irraa eegamu kaasani jiru. Itti dabaluu is hojjettoonni waajjira aadaaf tuurizimii keessaa hojjetanis gaheen hojii isaanii inni guddaan aadaa irratti xiyyeeffatanii hojjechuu waanta'eef qabeenya Oromoo kana badii irraa baraaruutu irraa egama. Gabaabumatti namoonni martuu kan barates kan hin baratinis

ogafaan jiran kamiyyuu haala isaaf danda'ameen dhaloota isatti aanuuf dabarsuuf tattaaffii isarraa eegamu bahuu akka qabu ibsameera.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,GUDUUNFAAFI YABOO

Boqonnaan kun mata dureewwan xixiqqoo kanneen akka cuunfaa, argannoofi yaboo qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Godina wallaggaa lixaa hammatee jira. Kunis kanneen boqonnaa afur keessatti xiinxalamantu haala gaggabaabaan kaa'amanii argamu.

5.1. Cuunfaa(Summary)

Ogafaan kan dubbii afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbu ta'ee kan uummatni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa, seenaa isaa akkasumas, eenyummaa isaa kan ittiin ibsataa tureefi ammas ittiin ibsataa jiru. Dabalees gara fuulduraattis kan ittiin ibsatu hambaa seenaati. Kanamalees ogafaan seenaa darbe kan ittiin yaadatan, beekumsa kan ittiin waliif dabarsaniifi jireenya dhugaa hawaasa keessa jiru kan ittiin calaqqisiisaniidha.

Kanumaan walqabsiisuun qorannoo kana keessatti kan irratti xiyeeffatamee adeemsifame qaaccessa ergaa faaruu haadhaa Godina Wallagga Lixaa irratti. Kunis tajaajila inni gama jaalala, gara laafina, jabina, jajjabeessuu irratti qabuun xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha. Yeroo xiinxalamus karaa yaadxina tajaajilaafi yaadxina ijaarsaan irratti hundaa'uun ergaan isaanii xiinxalamee jira. Akka qorannoo kanaattis faaruleen dhimma haadhaan walqabsiisee uummatni Oromoo dhimma itti bahu kun jaalala yookaan mararsiifannaa haadhaaf qaban gammachuu, gadda, yaaddoo, cunqursaafi haala jiru mara bifa faaruutiin ittiin ibsachuuf gahee olaanaa qaba. Dabalees, faaruu haadhaa kanas sababoota adda addaa irraa kan ka'e yeroo ammaa kana lafarraa badaa deemu taasisan kan akka amantii, siyaasaafi ammayummaan akka ta'e odeeff kennitoota irraa ragaa argameen ifa bahee jira.

Itti dabalees, yoomessa isaan keessatti hojii irra oolanis namni tokkoo yammuu dirree waraanaa deemu haadha ofii ittiin yaadachuuf faaruu kanatti dhimma bahaa akka turame yaada qorannicha keessatti ka'e irraa afatti baafamee jira. Kunis yeroo duriitti namni tokko dirqamsiifamee dirree waraanaatti yammuu ergamaa ture seenaan hawaasa keessa jiru dhugaa baha. Yeroo kanas namni sun yeroo haadhasaa yaadee arguu dhabu haala keessa jiruufi kallatti yaada isaa, bifa faaruun dhaamsa isheef dabarsuu danda'a. Kunis miira keessa isaatti dhagahame baasee ibsachuuf isa gargaara. Kunis kan agarsiisu karaa mudannoofi muuxannoo ofii baasanii hawaasaafi qaama ergaa sana ittiin ibsuufii barbaadaniif yeroo adda addaatti ittiin ibsatan akka ta'e hubatameera.

Akka qorannoon kun mul'isutti, hawaasni Oromoo haalota waa'ee haadhaan walqabatanii miira ishee sammuu namaatti dhagahame faaruu kanaan ibsataa akka tureefi ammallee ibsachaa jiraachuu namoonni odeeffannoon irraa fudhatame ibsaniiru. Bu'uuruma kanaan jaarsolii, beerraniifi barsiisotni yaadni irraa fudhatame faayidaa faaruu kanaa fakkeenya adda addaa kennuun ibsanii jiru. Akkaataa qorannichaatti sababoota afwalaloon kun akka hafa dhufu taasisan fakkeenyaan deeggaruun kaasanii jiru.

Gama biraan yoo haati namarraa duute seenaa ishee ittiin yaadachuuf illee kan gargaaru akka ta'e yaada qorannicha keessatti ibsame irraa kan hubatameedha. Gama kanaan kan ifoome seenaan haadha ofii jiraattus duutus yeroo kamuu hirraanfatumuu akka hinqabne kallattii agarsiisuun kan itti dhimma bahamu akka ta'etu hubatame. Kunis haati duutus oolmaan ishee hamma lubbuu kennuutti waan ta'eef tasu kan hinirraanfamne akka ta'e odeeffannoon qaamolee yaada kennan irraa fudhatamee qorannoo kana keessa kaa'ame ifa baasee jira. Kanaafuu seenaan kan haadha jirtuu qofatu kaafama akka hintaaneeffii kan ishee lubbuun hinjirree illee gama afwalaloo kanaan kaafamuun akka danda'amu namatti kan agarsiisuudha.

Itti dabalees faayidaan faaruu kanaa inni biraan durbi heerumaaf kaate haadha isheef nagaa ittiin dhaamuufii akka dandeessu yaadni xiinxala qorannicha keessatti kaa'ame kan namatti agarsiisuudha. Kana jechuunis bifa inni akka ogafaan kanneen biraatti ergaa walkeessoo dabarsuu danda'utti haala qabiyyee ergaa isaatiin qindeessanii ittiin ergaa barbaadame sana kan dabarfataniiidha. Kunis gama tokkoon kan bashannansiisu fakkaatee keessoon mararsiifannaa/jaalala haadhaaf qaban sana gonfachiisuun karaa durbi heerumuuf jettu sun ittiin nagaa dhaammattee haadha isheerraa addaan baatuudha. Kanaafuu tajaajilli faaruun dhimma haadhaan jiru kun ergaa mataasaa qabatee yoomessa kana keessattis akka dhimma irra oolu namatti agarsiisa.

Gama biraan ammoo akkaataa qorannoo kana keessatti ifa bahetti faaruun kun kan namni kamiyyuu yeroo kamittiyyuu jaalala haadha isaaf qabu ittiin ibsachuu danda'u akka ta'e odeeffannoo gama adda addaan argame irraa kan hubatamee jirudha. Kana jechuunis dhiira dhalaa guddaaf xiqqaa jechuun kan adda qoodamee hinjirreeffii iddoo akkasii qofatti tajaajila jedhanii utuu addaan hinqoodin kan dhimma barbaadameef oolu akka ta'e hubatama.

Yaada knatti dabaluuunis akka ragaan jaarsolii irraa argame ibsutti faaruu haadhaa namni kamiyyuu dhimma itti bahuu akka danda'uufi yoomessa garagaraa keessatti faarfatumuu akka danda'u ibsa.Kunis yeroo hiyyummaaf biyyaa deeman,cunqursaa baqaaf biyyaarraa fagaatan,yeroo dirree waraanaa deeman,yerroo seenaa haadha duutee yaadatan itti dhimma bahama.Haata'u malee yeroo ammaa kana hambaa seenaa uummata oaromoo kan ta'e faaruun haadhaa kun ergaa ittiin dabarfachuuf haala duriin walbira qabamee yeroo ilaalamu hedduu kan hiimul'annedha.Sababni faaruleen dhimma haadhaan walqabsiifamanii jiran kun haalaan mul'achaa akka hinjirre taasisan keessaa adda durummaan eeraman amantiifi siyaasadha.Kanaaf qorataan kunis faaruun haadhaa kun akka lafarraa hinbadneef faaruwwan waa'ee haadhaan walqabatanii jiran hawaasa keessaa walitti qabuun ergaan isaa hawaasa keessatti maalakka fakkaatu xiinxaluun gadi fageenyaan hawaasa hubachiisuun dhaloota dhufuuf akka darbu taasisuuf yaalee jira.

Faaruuun haadhaa bakkeewwan garagaraafi yeroo adda addaatti faarfatumuu danda'a.Kunis bakka dabootti,bakka cidhaatti,bakka tikaatti,bakka biyyarraa fagaatanii jiranitti,yeroo haati namarraa duutuufi durbi yeroo heerumaaf kaatu faarfachuu dandeessi.Faaruu haadhaa kana immoo namni kamiyyuu kan waa'een haadha isaa itti dhagahame hunduu faarfachuu danda'a.Kanaaf hawaasni Oromoo hundi faaruu haadhaa kana kunuunsuun dhaloota boodaaf dabarsuu qaba.

Walumaa galatti afwalaloon faaruu haadhaa kun gama garagaraan haala jireenya hawaasa Oromoo kallattii sirriin akka ibsaa ture odeeffannoo argameen hubatameera.Ergaa inni dabarsuufi yoomessa inni keessatti dhimma itti bahamu maal akka ta'es beekameera.

5.2.Guduunfaa

Qorannoo kana galmaan gahuuf tattaaffii taasifameen bu'aan qorannichaa argamee jira.Kana irraa ka'uun gaaffileen ka'umsaa qorannoo kana keessatti ka'an deebii argatanii jiru.

- ❖ Faaruuleen dhimma haadhaan walqabatanii jiran gama geerarsafi mararootiin kan mul'achuu danda'aniidha.
- ❖ Uummanni Oromoo akka aadaa Oromootti kabajni inni haadhaaf qabu olaanaadha.Akka ragaan afgaaffii deebii jaarsolii irraa argame ibsutti akka aadaa oromootti haati hojii humna isheetiin walgitu yookaan walmadaalu hojjechiisa.

Kana malees haati daa'ima deessee guddisuun itti fufiinsa ilmaan namaaf gahee duraa waanqabduuf kabaja olaanaa qabdi.Kabajaan ishee kunis seenaa isheen qabduun walqabsiifamuun bifa adda addaan yeroo adda addaatti faarfamti.

- ❖ Faaruun haadhaa kunis kaayyoo garagaraaf faarfatamuu danda'a.Innis yommuu biyyarraa fagaatan dirree waraanaa yeroo deeman haadha ofii ittiin yaadachuuf,haadha jajjabeessuuf,jaalala haadhaaf qaban ittiin ibsuuf,durbi heerumaaf kaate haadha isheef nagaa ittiin dhaamuufi yaaddoo ittiin ibsachuuf faarfatamuu nidanda'a.
- ❖ Faaruun haadhaa kun yoomessa isaan yammuu ilaalamu ammoo bakka adda addaatti hojiirra kan ooludha.Kunis bakka dabootti,bakka cidhaatti,bakka tikaatti, daandii irra yeroo kophaa deeman illee faarfatamuu danda'a.Jechuunis iddoo kamittuu miira gama kanaan jiru ibsachuun kan danda'amuudha.
- ❖ Faarsaan haadhaa nama akkasiitiin faarfatama jedhamee umriin,Sadarkaa barnootaan, saalaafi kkfn wanti adda qoodamee jiru hinjiru.Sababni isaas namni kamiyyuu kan waa'een haadhasaa itti dhagahame kamiyyuu dhimma itti bahuu danda'a.
- ❖ Gabaabumatti faaruun haadhaa kun akka inni badaa adeemu kan taasise sababni guddaan babal'ina amantii, ammayyummaafi siyaasaan kan walqabate akka ta'e argannoo qorannoo kanaan bira gahameera.

5.3. Yaboo

- Faaruu haadhaa namoonni adda addaa dhimma itti bahaa turaniiru.Haata'u malee akka akka faarulee kanneen biroo qorannoon gama adda addaan irratti adeemsifame hinjiru.Waankana ta'eef faaruu haadhaa kanarratti qorannoo adeemsisuun ergaa inni dabarsu xiinxaluun dhaloota dhufuuf olkaa'uu bu'a qabeessadha.
- Kana malees duudhaa hawaasa tokko keessatti baramaafi beekamu addunyaaf kan ibsu waan ta'eef.Ogafaan kana ammoo itti fayyadamaa jiraachuun hawaasichaa yoo beekames hawaasa biraatti haalli itti fayyadama isaa qoratamee dhalootaaf barreeffamaan taa'uu qaba.
- Qorannoon kun kan geggeeffame afwalaloo faaruu haadhaa godina wallagga lixaa irratti waan ta'eef namoonni biroon qorannoo walfakkaatu afwalaloo faaruwwan biroo kanneen qorannoon irratti hinadeemsifamin irratti adeemsifamuu qaba.

- Afwalaloon faaruu haadhaa qorannoon irratti adeemsifame kan jaalala ibsu,gara laafina ibsu,jabina haadhaa kan ibsu,haadha jajjabeessuuf kan oolan ergaan isaanii xiinxalamee kaa'amee waan jiruuf hubannoo horachiisuuf dhaloota boodaa ittiin barsiisuun barbaachisaadha.
- Haaluma kanaan faaruun haadhaa qabiyyeewwan adda addaatiin farfaman gama barreeffamaatti jijjiiruun qaamoonni adda addaa barnoota hammayyaa keessa galchuun dhaloonni ammaa akka hubatuufi itti tajaajilamu gochuun barbaachisaadha. Kanumaan walqabatee yaanni furmaata qorannoo kanaa waajjiri Aadaafi Turiizimii godina wallagga lixaa faaruu haadhaa kallattii sirriin suursagaleen, sagaleenfi bifa barreeffamaatti jijjiiruun dokumenti godhee osoo olkaa'ee dhaloonni boodaan dhufu hubannoo akka gabbifatuuf gumaacha gochuu danda'a.
- Faaruun karaa ittiin miira ofii keessatti waan dhagahame kan akka gadda, gammachuu,yaaddoo,jaalala,jibba,fa'a ittiin baasanii ibsaatan waanta'eef uummanni Oromoo faaruu kanatti dhimma bahee haala isaa mara ibsataa asgaheera.Waan kana ta'eef faaruleen qorannoo kana keessatti ergaan isaanii xiinxalame irraa akka hubatametti afwalaloo kanaan haalli jiruuf jireenya hawaasaa ittiin ifa bahaa tureera.
- Itti dabalees faaruun haadhaa yeroo durii haala gaarii ta'een uummatni oromoo itti fayyadamaafi jaalala haadha isaaf qabu kallattii garagaraan kanneen akka geerarsaafi mararootiin ibsachaa tureera.Haata'u malee yeroo ammaa kana akka ragaan adda addaa ibsutti aadaan hawaasichaa kun haalaan calaqqisaa hinjiru.Kanaafuu hawaasni oromoo kamiyyuu qaamni barates ta'ee kan hinbaratin faaruun haadhaa kun akka lafarraa hinbadneef kunuunsuu qaba.
- Gama biraan faaruun haadhaa yeroo durii dubbii afaaniitiin dhalootaaf daddarbaa tureera.Haata'u malee yeroo har'aa kana haalaan mul'achaa waan hinjirreef yeroo muraasa booda tasumayyuulafarraa baduun guutummaatti irraanfatamuu danda'a.Kanaafuu namoonni Afaan Oromoo irratti muuxannoofi beekumsa qaban faaruu haadhaa hawaasa gidduu jiru kana funaanuun galmeessanii bifa barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuu qabu.
- Itti fufuunis faaruun haadhaa kun akka hinirraanfatamneef barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan mana barnootaa fidanii faaruun haadhaa kun ergaa inni dabarsuu danda'u barattoonni hubatanii akka dhimma itti bahuu danda'an gochuudha.Haaluma

kanaan Biiron Barnoota Oromiyaa faaruu haadhaa godinaalee adda addaa irraa funaanuun qabiyyee barnootaa keessa galchamee osoo barattoonni baratani hubannoo dabataa akka irraa argatan taasifamee gaariiddha. Sababani isaas itti fufiinsa ogafaan kanaa gumaacha gama kanaan jiru waan buusuuf.

- Gama biraan namoonni mata duree kanarrattiqorannoo gaggeessan waraabbii suursagaleenis ta'ee waraabbii sagaleen fayyadamuun barreeffamatti jijjiiruun kaa'uu qabu. Kunis dhalataa boodaan dhufuuf bu'aa buusani darbuufi faaruu kana akka hindagatamneef karaa saaqa.

WABIILEE

- Alamaayyoo Haayilee.(1998).*Sirna Gadaa:Siyaasa Oromoo Tuulaama*.Jildii 1.Finfinnee:
Mana Maxxansa BiraaninnaaSalaam.
- Addunyaa Kabaa.(2003).*Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadhaa Godina Qellem Wallaggaa
Aanaa Daalle Sadii*:Waraqaa qorannoo eebbaa:Yuunivarsiitii Amboo.
- Aregayi Waktolafi Dirres Tsagaye.(2004).*Research Methods:Atext Book Concepts
Principles And Processes*.Ethiopia:Addis Ababa.
- Asafaa Tafarraa.(2009).*Eelaa:Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee.Oromiaa:Far-East Trading
Press.
- Beekan Gulummaa.(2015).*Dindimoo*:Finfinnee:Subi Printing Press.
- Bukeenya.A.(1994).*Understanding Oral literature*:Nairobi:Nairobi City University press.
- Cloude Sumner.(1997).*Oromo Wisdom LiteratureVolunteers.Vol.II* :Addis Ababa Gudina
Tumsa Foundation.
- Creswell.J.W.(2002).*Research Design:Qualitative and Mixed Method Approaches*.(2nded).
Thousand Oaks, CA: Sage Publishers.
- Dastaa Dassaalany. (2013).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee:Dhaabbata maxxansaa Far East.
- Dirribii Damusee.(2002).*Ilaalcha Oromoo*:Finfinnee:D.G.Printing and Publiching
Enterprise.
- Dorsan.M.(1972).*Folklore And Folklife.An introduction*:Chicago:Chicago University Press.
- Dundes.A.(1965).*The Study Of Folklore*:Upper Saddle River.NJ.Prentice Hall.
- Eshete Gemedi.(2007).*African Society And Egaliterian Values Oromo FolkloreLiterature
And Cultural Studies Contemporary Context*: PHD Thesis.
- Fedhasaa Taaddasaa.(2013).*Subii:Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee:Subi Printing.
- Filee Jaalataa.(2019).*Malleen Qorannoo*:Oromiyaa.Finfinnee:ADP Printing Press.
- Finnegan.R.(1970).*Oral Literature in Africa*:Oxford:At The Glarendum Press.
- _____ (1976).*Oral Litirature in Africa*:Oxford.Oxford University press.
- _____ (1977).*Oral poetry:Composition performance and context*.Cambridge:Cambridge
University Press.
- _____ (1992).*Oral Litirature in Africa*:Oxford.Oxford University press.
- Getaachoo Rabbirraa.(2009).*Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee:Kuraz International

Publisher Interprise.

Haayiluu Bantii.(1997).*Coraa Aadaa Jimmaa*:Oromiyaa:Mana Maxxansa Daldalaa.Boolee. P.E.

Hinseene Mokuriyaa.(2010).*Gaachana Kormaa*:Addis Ababaa:printed by for Eest plc.

Idore Okpewhu.(1992).*Oral Literature In Africa*:Bloomington and Indiana Polis:Indiana University Press.

Jiksaa Kabbadaa.(2009).Xiinxala Af-walaloo Haadhaafi Abbaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Qarsaa Maalimmaa:Waraqaa qorannoo eebbaa:Yuunivarsiitii Mattuu.

Kottak,C.P.(2004).*Educational Anthropology, 10th Ed*:New York:Me Graw.Hill.s

Maammoo Gadaa.(2002). *Duudhaa*: Finfinnee

Mengesha Rikitu.(1992).*Oromo Oral Treasure For Anew Generation*.London

Melakneh Mengistu.(2006).*Fundamental of literature*:AddisAbabaa.Addis Ababaa Univrsity Press.

Misgaanuu Gulummaa.(2011).*Dilbii:Bu'uura Afoola,Ogafaanifi Afwalaloo Oromoo*.Finfine: Oromia.

Muhaammed Rashaad.(1986).*Gada Islaamaa*:International Universityof Africa Publication And Research Depertment.Khartoum:Islamic African Center Printing Press.

Sims and Stephen.(2005).*Living Folklore:Anintroduction to study of people on their Traditions* Longanutah University Press.

Trochim,W.M.K.(2015).*Research Methods:Knowledge Base*.Waterman.(1949). "The Journal of African Folklore":Vol.62

Wubaayyoo Olaanii.(2011).*Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadha Deessuu:Aanaa Ada'aa Bargaa*:Waraqaa qorannoo eebbaa: Yuunivarsiitii Addis Ababa.

Zarihun Doda.(2005).*Introduction To Socio-Cultural Antropology*:Ethiopia:Dehub University.

በዲሱ ዋክጂራ::(1996)::በስነ ጽሁፍ ቋንቋን ማስተማር::አዲስ አበባ:ንግድ ማተሚያ ድርጅት::

ዘርሁን አስፋው::(1992)::የስነ ጽሁፍ የመሰረታዊውያ::አዲስ አበባ::በአዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት::

ፍቃደአዘዘ::(1991)::የሥነ ቃል መምሪያ::አዲስ አበባ:በአዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ የመጽሐፍት ማዕከል::

DABALEEWWAN
DABALEE A AFGAAFFII JAARSOLIIFI BEERRANII
YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMANIITIITTI
MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

Afgaaffii Jaarsoliifi Beerraniif Dhuunfaan Dhiyaate

Maqaa _____ Umrii ___ Ganda _____ Sad/barnoota ___ Hojii _____

Hunda dura gaaffiin isin gaafachuuf qopheeffadhe kanaaf deebii naafkennuuf waamichakoo kabajjanii iddoon isin barbaadetti naaf argamuu keessaniif guddiseen isin galateeffadha. Itti aansuun gaaffileenkoo kun itti guutinsa digirii 2ffaa kootiif waan natajaajiluuf ragaan isin naaf kennitan dhugaa irratti kan hundaa'e akka ta'uuf kabajaan isin gaafadha.

Gaaffilee Waa'ee Faaruu haadhaa ilaallatan

1. Naannoo isin jiraattan faaruun waa'ee haadhaan walqabatee dhimma itti bahamu jiraa?
2. Faaruun haadhaa kun haala kamiin tursiifamee dhaloota boodaaf akka darbu gochuun danda'ama?
3. Faaruu haadhaa kana namoota akkamiitu dhimma itti bahuu danda'a? Saala, umrii, Sadarkaa barnootaan wanti daangeffame jiraa?
4. Faaruun haadhaa kun yoomessa akkamii keessatti weeddifamaa?
5. Faaruun haadhaa yeroo ammaa kana maaliif bal'inaan calaqqisaa hinjiru? Rakkoo kanaaf sababa kan ta'e maali? Akkamittiinis aadaa oromoo kana akka duraanii sanatti dhaloota boodaatiif dabarsuu dandeenya jettu?
6. Faaruun haadhaa kun haalli raawwii isaa akkamiin adeemsifama? Gareemoo dhuunfaan dhimma itti bahama?
7. Namoonni haadhasaaniif ergaa akkamii dabarsuuf faarsu?
8. Faaruu haadhaa kana dhalootaaf dabarsuun eenyuun ilaallata jettanii yaaddu?

**DABALEE B QABXIILEE MARIJ GAREE JAARSOLII
YUUNIVARSIITII JIMMAA**

KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASA AFI HUMANIITIITTI

MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMO OFI OGBARRUU

Qabxiilee Marij gareen Jaarsoliif Dhiyaate

Maqaa _____ Umrii ___saala Sad/bar. _____ Hojii _____

- 1, Ergaan gama faaruu haadhaan darbu bu'aa akkamii qaba?
2. Faaruun haadhaa ergaa akkamii qabatee dhiyaachuu danda'a?
3. Ergaan faaruu haadhaa kanneen adda durummaan eeraman isaan kami?
4. Faaruwwan haadha jabina ishee ittiin ibsan, jajjabeessan, nagaa ittiin itti dhaammatan, mararsiifatan, kabaja ishii ittiin mul'isan kamfaa beektu?
5. Faaruun haadhaa kun yeroo akkamii keessatti itti dhimma bahama?
6. Sababni faaruun haadhaa dagatamaa dhufeef maali jettanii yaaddu?
7. Faaruu haadhaa kana akka lafarraa hinbadneef hawaasa irraa maaltu eegama?
- 8, Faaruu haadhaa kana dhalootaaf akkamitti dabarsuun danda'ama?

**DABALEE C AFGAAFFII BARSIIISOTAAF DHIYAATE
YUUNIVARSIITII JIMMAA**

**KOOLLEJJII SAAAYINSII HAWAASAAFI HUMANIITIITTI MUUMMEE
BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

Afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaate

Maqaa----- Umrii----- Saala----- Sad/barnootaa-----

Duraann dursee afgaaffiin isiniif qopheesse kun qorannoo waraqaa eebbaa itti guutinsa digirii 2ffaa kootiif qofa kan tajaajilu ta'uu isaa ibsaa gaaffiin kunis dhimma faaruu haadhaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee deebii naaf kennuuf yeroo boqonnaa keessanii aarsaa gootanii fedhiin agarsiisu keessaniif baay'een isin galateeffadha.

Gaaffilee waa'ee faaruu haadhaa ilaallatan

- 1, Faaruwwan Oromoo keessaa faaruu haadhaa kana haala kamiin ibsitu?
- 2, Barnoota Afaan Oromoo keessa qabiyyeen waa'ee faaruu haadhaa ilaallatu jira?
- 3, Faaruun haadhaa uummata oromootiin faarfamu kun waa'ee dhimma haadhaa qofa ibsamoo ergaa kan biraa gama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaan ofkeessaa qabaa?
- 4, Faaruu haadhaa dhalootaaf dabarsuun yeroo ammaa kana irra caalaatti eenyuun ilaallata?
- 5, Aadaa Oromoo keessaa faaruu haadhaa sirna barnootaa keessa galchani barsiisuun faayidaa maalii qaba jettanii yaaddu?
- 6, Gosoota afwalaloo oromoo keessaa faaruu haadhaas ta'ee kanneen biroo mana barnootaatti akka hinbarsiifneef wanti dhiibbaa uume jiraa?
- 7, Aadaa oromoo kana babal'isuuf mana barnootaa isin barsiiftan keessatti gumiiwwan ijaaramanii jiran jiru?
- 8, Ogafaan Oromoo hawaasa keessa jiru haala kamiin guurree sirna barnootaa keessa galchinee barsiifna?
- 9, Faaruun haadhaa kun akka lafarraa hinbadneef dirqamni isinirra jiru maali? Namoota Afaan Oromoo barsiisan kan biroo dhaamsa akkamii qabduuf?

Dabalee D.Guca Odeefkennitootaa

T/L	Maqaa Guutuu	Saala	Umrii	Sad/bar.	Hojii	Teessoo		Guyyaa ragaan Fudhatame
						Aanaa	Ganda	
1	Shifarraa Olaanaa	Dhi	92	4	Q/bulaa	Haaruu	02	8/10/2012
2	Abarraa Ayyaanaa	Dhi	68	8	Daldalaa	Hoomaa	02	8/10/2012
3	Dhibbisaa Tuuchoo	Dhi	75	6	Q/bulaa	Haaruu	qakkii	8/10/2012
4	Taarikuu Oljirraa	Dhi	52	6	Daldalaa	Hoomaa	Agaloo	8/10/2012
5	Boggaalee Leencaa	Dhi	45	MA	Barsiisaa	Hoomaa	01	10/12/2012
6	Burraaqaa Dhaasaa	Dhi	120	8	Q/bulaa	Ayira	S/raajoo	16/11/2012
7	Moyisaa Tayeeraa	Dhi	85	6	Q/bulaa	Ganjii	Yabboo	10/12/2012
8	Yasuuf Muusaa	Dhi	50	MA	Barsiisaa	Hoomaa	04	5/12/2012
9	Habtee Waaqwayyaa	Dhi	40	MA	Barsiisaa	Hoomaa	02	7/12/2012
10	Aynataa Balaayinaa	Dha	67	3	Q/bulaa	L/Assaabii	Wanjoo	12/11/2012
11	Daggafaa Qasoo	Dhi	81	4	Q/bulaa	S/Noolee	Haroo	10/13/2012
12	Ayyalaa Waratii	Dhi	72	0	Q/bulaa	Haaruu	01	22/11/2012
13	Naadoo Abbosee	Dhi	59	2	Daldalaa	Ayira	Hareeree	10/9/2012
14	Diimee Siyyum	Dhi	69	6	Q/bulaa	Ganjii	B/dambi	20/12/2012
15	Maammoo Giddii	Dhi	62	0	Q/bulaa	L/Assaabi	Wanjoo	12/11/2012
16	Guddataa Fufaa	Dhi	80	4	Q/bulaa	L/Assaabii	Kellayi	03/11/2012
17	Dureessaa Bulii	Dhi	75	6	Daldalaa	Ayiraa	Bondawoo	06/01/2013
18	Bultum Dhibbarraa	Dhi	63	0	Q/bulaa	Ayiraa	Hareeree	06/01/2013
19	Baftaayee Bulchaa	Dha	71	7	Q/bulaa	S/Noolee	02	11/12/2012

20	NaadooTusaa	Dhi	59	5	Daldalaa	S/Noolee	Collee	10/3/2012
21	RaagaaCaalii	Dhi	62	0	Q/bulaa	Haaruu	Cuutaa	10/03/2013
22	DhugaasaaLamuu	Dhi	73	0	Q/bulaa	S/Noolee	Baabboo	10/03/2013
23	GuutaaJalduu	Dhi	68	6	Q/bulaa	Ganjii	Dibbee	21/12/2012
24	AbboseeMolee	Dhi	71	4	Q/bulaa	Ganjii	01	21/12/2012
25	SiyyumQana'aa	Dhi	83	4	Q/bulaa	Hoomaa	Caaroo	04/01/2013

Dabalee E.Suuraa odeefkennitootaa



Suuraa 1.Jaarsolii marii garee keessatti gaafa 08/11/2012 odeeffannoon irraa



fudhatame



Suuraa2.Maanguddoota faaruu haadhaa irratti gaafa 12/11/2012 fi 16/11/2012 afgaaffiin odeeffannoon irraa fudhatame.



Suuraa2.Maanguddoo faaruu haadhaa irratti gaafa 16/11/2012 afgaaffiin odeeffannoon irraa fudhatame.



Suuraa 3.suura barsiisota Afaan Oromoo gaafa 7 / 1 2 / 2 0 1 2, 07/12/2012 fi 10/12/2012 afaaffiin odeeffannoon irraa fudhatame.

Dabalee F Afwalaloowwan faaruu haadhaa qaacefaman

A,Faaruu haadhaa jaalala haadhaaf qaban ibsan

1).Anaa nyaatu yaa dayii

Yaa dayii diinqa irreessaa

Yaa harmee mucaa gameessaa

Na ulfooftee ruuroftee

Na deessee maxxarrooftee

Maafan dhiisa waammiikee

Adeemmii tabbaatillee

Kajeellii gandaattillee

2).Yaa harmee luuccaa daggalaa

Akka muujjaa balbalaa

Wayyaakee kuula maruu

Natu kuula marsiisa

Maqaakee duulli habaruu

Natu duula barsiisa

Lafa miillikoo gahee

Maqaa keetu duukaa gahe...Abarraa Ayyaanaa,marii garee Gaafa 08/10/2012

3,Guyyee gaafa nadeessee

Kaarroo walbira guuttee

Bookatu itillee guuttee

Na ulfooftee ruuroftee

Nadeessee maxxarrooftee

Ajooftee naguddiftee

Maqaa keellee mul'iftee

Nan qotaa nan aramaa

Qottuullee nan mararaa

Nan tsaafaa nan nabbabaa

Dabtaraan nan mararaa

Jedheen kaasa maqaakee ... Shifarraa Olaanaa ,marii gareen.gaafa 08/10/2012

B,Gara laafina haadhaa kanneen ibsan

4.Abbayyaa guutee danfee

Garaan daaktuu hinamanuu

Huuqqataa daga darbee

Garaan haadhaa hinamanu

Yammuu bukoonkee danfee

Natu beela'ee tolchii

Yammuu garaankee nahee

Natu maqaa sidhahee obsi....Abarraa Ayyaanaa,marii garee 8/10/2012

5) Utuu immaammaa kootiitii

Xaafii adii naaf mooqxee

Nyaadhu mucaakoo jettee

Fudhu fudhuu maraattii

Utuu lammii kootiitii

Jedhi hiriyyee jettee

Sadi sadii naa cooqxee

Jedhi jedhii maraattii....Guddataa Fufaa, afgaaffiin gaafa 03/12/2012

C,Jabina haadhaa kanneen ibsan

6).Yaa harmeekoo deesseekoo

Yaa deessuu diinqa ateetee

Jaartii miila gogorrii

Haadha Ijoollee korommii

Harmeen anjedhu kunii

Gabaabduu gocoo tokko

Yaadni ishee guuboo tokko....Dhibbisaa Tuuchoo,marii gareengaafa

08/10/2012

7)Qorannaan qeensa toltee
Qorraan akaakuu toltee
Dhuftee abbaa kootii toltee
Dabartee naafuu toltee
Yaa obboleettii eessumaa
Giiftii gaafa keessummaa
Yaa dura deemtuu jaarii
Yaa ulfaattuu akka taabotaa
Kan kee nicaala keessumaa.....Moyisaa Ta'eeraa,afgaaffii gaafa 10/12/2012

8) Kiiloleen halkan wayyaa
Kiraarri Guyyaa wayyaa
Kiraan harkatti wayyaa
Harmee mucaa kiilolee
Fuullee kanteessu wayyaa(2)
Allaattii baalleen kuulaa
Kuula baalleen sararaa
Utuun kana sararuu injiraan nasararee
Injiraan bonni hinfixuu yoo dhadhaan malee
Gadadoo boonni hinfixuu
Dhibee rakkoon hinfixuu yoo qaniin fixe malee
Kaarroo hincaaltii haatikoo(2)
Yaa mirga teessuu daadhii
Yaa dura deemtuu jaarii
Kaarroo hincaaltii haatikoo
Habuubbiin ilka qabaa
Xuwween saaphana qabaa..Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffii guyyaa 16/12/2012

D,Faaruu haadha jajjabeessuuf oolan

9) Qumxaa naannessan hidhaa
Hindhuraa hin yaadda'inii
Tulluu naanna'een gala
Hindu'aa hin yaadda'ini.

Harmeekoo yaa harmushee

Jaartii garaa qamadii

An siingalaa gammadii

Jaartii diinqa dildilaa

Yaa harmee mucaa mirmiraa...Abarraa Ayyaana,marii garee gaafa

08/10/2012

10) Goddoon godeettii hinqabduu hundumatu aarfata

Haati ofii yartuu hinqabduu hundumatu faarfataa..Abarraa Ayyaanaa,marii

garee gaafa 08/10/2012

E,Faaruu haadhaa yaaddoo qaban ittiin ibsan

11).Kuloo kuloo iyya indaaqqoo

Yaa ummusheekoo

Kankoo citeera garaanoo

Sinbirroo yaa barii shaashaa

Obboleettankoo ammusheekoo

Lafti har'aa maaf bariikaataa

Bariinaan waldhabnaa laata? Ayinataa Balaayinaa,Afgaaffiin gaafa

12/11/2012

12) Kaleessa guyyaa baanee

Haadhakoo dharraa hinbaane

Jaartii Ijoollee korommii

Yaa ishee akka dhiira bultuu

Yaa ishee dhiiraaf foon murtuu

Haadhakoo dharraa hinbaane...Abarraa Ayyaana,marii garee gaafa

08/10/2012

F,Nagaa dhaammachuuf kan oolan

13)Hennaan haama yaa mukkee

Hinraftaa hin ijjerrattuu

Seenaan dhaama yaa ammushee

Hinraftaa hindhaggeeffattuu

Hennaa busaasee laganaa
Seenaa mucaa keetu ammanaa
Hinrafin dhaameetan galaa
Hennaan haama yaa haroo
Hennaa ishee mataa dhanquu
Seenaan dhaama yaa haadhakoo
Seenaa ishee imimmaan duwwaa
Hinrafin dhaggeeffadhuu
Rafnaan hindhaggeeffattuu.. Baftaayee Bulchaa, Aftgaaffii gaafa 11/12/2012

14) Yaa leensituu birraa
Margoo labbeessa'ee
Yaa guddiftuu Ijoollee
Shittoon fixeensa'ee
Sittoon hinqilleensa'ee
Qamadiidhaa mannaa
Garbuu jiidhaa wayyaa
Kan qolasheetti haftu
Nu durbeedhaa mannaa
Yartuu dhiira wayyaa
Kan haadha isheetti haftu..Naadoo Tusaa,marii garee Sadaasa 10/2013

15)Birriidhaa jettee Birriituu gattee
Birriinoo dhagaadhaa shaggarii bituu
Ana birriituu eessumaa fiduu.... Burraaqaa Dhaasaa, aftgaaffiingaafa
16/11/2012

16)Dayeekoo yaa tolchituu qarree waanaammaltuu jennaan
Karra dhaaltaa naawwaaltaa dhaqi iddookee jettee
Abbaakoo waanaammaltuu jennaan
Karra dhaaltaa na awwaaltaa dhaqi iddookee jedhee
Fidi irbaata koo ijibbaata koo
Fidi daadhiikoo kanaan daariikoo

Ormaaf daadhiidhaa

Anaaf daariidha.... Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffii gaafa 16/12/2012

G,Haadha duute kanneen ittiin yaadatan

17) Buttoo naafidaa

Awwaan diigaa

Kaabiin tamsaasaa

Harmeen barbaadaa

Guddisaasee cabdee

Uwwisaasee dhabdee

Yaa hilleettii dhaddee

Yaa afaa boollarraa

Yaa hiyyeeyyii hinbannee

Warri haadha hiqabnee

Kanafaa boonyakaa.....Burraaqaa Dhaasaa,afgaaffiin gaafa
16/11/2012

H,Faaruu haadhaa yeroo hiyyummaaf biyyaa deeman

18) Utuman galaa qabuu nuugii naaf galaasanii

Utuman maqaa qabu kuulii naaf moggaasanii

Kuulii jennaan owraadhee

Fuudhi jennaanan baadhee

Waan sareen nyaattu nyaadhee

Waanharreen baattu baadhee

Amman dhufaa bartokkoo

Yoo waaqniif lafti jedhee

Yoo deemnaan milkiin tolee

Yoo ciifnaan abjuun tolee....Dhugaasaa Lamuu,marii garee gaafa Sadaasa
10/2013

19) Yaa immaammushee

Allaattiittan dhaammadha

Allaatiitu waangadhee

Raqa bira hindabarree
Qilleensattin dhaammadhaa
Qilleensatu waangadhee
Muka bira hindabarree
Harmee galaa qamadii
Amman galaa gammadii.....Abarraa Ayyaanaa, Marii garee gaafa
08/10/2012

I, Faaruu haadhaa dhiibbaaf yeroo biyyaa deeman

20) Dhaamodhee haguuggannaan
Ni boona naan jedhanii
Didhaadhaaf manaa baanaan
Ni joore naan jedhanii
Da'iikoo yaa soorettii
Hinhafu akkan joorettii
Nan gala akkan boonetti....Moyisaa Tayeeraa, Afgaaffii gaafa 10/12/2012

21) Asabiin bu'een oolee

Biyya ashaboof soogidda
Kakakii du'een oolee
Baga oolte boo'ichaa
Sabbata dheeraa fo'ii
Yoon du'eef ittiin boossaa
Yoon galeef ittiin boontaa....Raagaa Caalii, marii gareen Sadaasa 10/2013

J, Faaruu haadhaa yeroo dirree waraanaa

22) Ayyookoo deesseekoo

Naaf daakii galaakoo
Jiraannaan nan nyaadhee
Duunaan sadaqaakoo.....sirba weellisaa Eebbisaa Addunyaa (1998) keessaa
kutamee fudhatame.

K, Faaruu haadha duute ittiin yaadatan

23) Yaa harmee harma dacha

Situ dayee nabadachaa
Utuun akkana se'ee
Taa'ee xaafii siinqonnee
Gogeessa galeen ciisee
Akka kootaa karkarroo
Mar'umaan mareen ciisee
Akka moofaa qalqalloo.Abarraa Ayyaanaa, marii garee gaafa 8/11/2012
24).Ammeekoon jedha garuu
Eessakoon dhaqa garuu
Duutee badde malee
Ammatuu yoona geessee
Masaanee kiyyoo keessee
Yoona maaf hingahinii
Rakkoo mucaakee hinarginii
Manakee duubaan cabee
Maaf kaatee hinarginii
Mucaakee hiyyummi qabee
Maaf kaatee hinarginii.... Abarraa Ayyaanaa, marii garee 8/11/2012